
# Eennutu Dogongore?

wal-marii Muslimootaa fii Kiristaanota
Jiddutti gaggeeffame






## Kutaa 1ffaa



Qopheessaan:-Arab Muhammad Gindhir

# Eennutu Dogongore ?

**Walmarii muslimootaa fii kiristaanota jiddutti gaggeeffame.**

## Kutaa 1ffaa

**Maxxansa 5ffaa**

**5th Edition Germany**

**akkasuma568@gmail.com**

**qopheessaan Arab Muhammad Gindhir**

**Baafata Kitaabaa**

**Mata duree** **Fuula**

**Dura Dursoo**..........................................................................................1

**Gooftaa kan jedhaman hedduudha**...........................................................5

**Dhuguma Yesuus Jaartii Qaba?**..............................................................9

**Dhuguma Yesuus dilii(cubbuu) hin dalaginii?**...................................................14

**Dhuguma Yesus Ilma Waaqaatii?**.........................................................19

**Dhuguma Yesus du'aa Heyyama isaatiin kaasee?**...............................................27

**Dhuguma Jannataa fi Jahannam hin jirree?**.......................................................33

*Guyyoota 40 fi halkan 40 soomu Hoo?*..................................................*36*

**Kunniin Amaloota Waaqatii**?..................................................................*39*

**Yesus Nabiyyii Waaqaati**.........................................................................*50*

**Yesus Muslima**.........................................................................................53

1. **Zakaa Baasuu**.........................................................................................54

2. **Soomana**...................................................................................................55

3. **Ud Hiyyaa(waareega) Rabbiif Qaluu**.................................................56

4. **Yesus Sagadaa(Salaataa) ture**.................................................................59

5. **Mukraabni kitaaba Qulqulluu bara 1949**
   **Amaariffaan hiikkame keessatti Masgida**..................................................64

6. **Mukraabni Mihraaba**...............................................................................68

7. **Areeda guddisuu(dheeressuu)**.................................................................72

8. **Jaartii Takkaa ol Fuudhuu**......................................................................73

9. **Firaan Wal Fuudhuu!**.................................................................................79

10. **Niitii Obboleessa keetii, Erga Inni Fuudhee du'e, isii Fuudhuu (dhaaluu)**…81

**Waaqa Sobaan(kijibaan) Gabbaruu**.........................................................85

**Nabi Muhammad(a.s.w) Qur'aanafi kitaaba Qulqulluu kiristaanaatiin**............87

## ***DURA DURSOO***

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

Jalqabni dubbii maqaa Rabbii Rahgmata qabuuti.
kitaaba kiyya dubbisuun dura,kitaabni kiyya kun wal marii kiristaanota waliin Afaan Amaariffatiin goone, gara Oromiffaa hiike ykn kitaaba kiyya kan Amaariffaan qophaa'e kan Lakkofsa 1 gara Afaan Oromotti hiike kitaaba kiyya dubbisuun dura, kitaabota nuti irratti wal mari'anne kan amantaa kiristaanaa bara isaan itti maxxanfaman waliin beekuun barbaachisaa dha

1.tasfiirri Qur'anaa kan anin kitaaba kiyya keessatti fayyadame,Tafsiira kabajamaa Abbaa keenya sheikh doctor Muhammad Rashad Kabir Abdullee ti.

2.kitaaba qulqulluu kiristaanaa kan bara 1949 hiikkame tahee lakkofsi isa keessatti fayyadamanii barreessan lakkofsa Gi'izii kan (፩,፪,፫,፬,፭...)barreeffamni isa keessatti fayyadamanii barreessanis barreeffama koomputaraan barreeffame osoo hin tahin barreeffama harkaa fakkaata, kitaabota biroo irraa isa **1949 hiikkame** kan isa adda godhu kana

3. kitaaba Qulqulluu kiristaana kan bara 1954 hiikkame lakkoofsi isa keessattis fayyadamanii barressan lakkofsuma Gi'izii kan (፩,፪,፫,፬,፭...)tahee inni garuu barreeffama koomputaraa qulqulluu dha.

4. kitaaba qulqulluu kiristaanaa kan bara 1980 hiikka Amaariffa salphaa kan jedhamu, keessatti fayyadamanii kan barreessan lakkofsa Addunyan itti fayyadamtu kan nutis mana barumsatti barannu kan **1,2,3,4,5...** jedhu dha

5.**"za Davinci code" kitaaba Dan Brown** Qopheesse ka Amaariffaan hiikame

6. **New King James Version**

7. ummanni kiristaanaa **protestaantii** obboleeyyan keenya kan Muslimaa, kitaabota fi kaassettota gara garaa kan hiikkaa Ayatoota

Qur’anaa Mummuruudhan sobuudhaaf ykn dogongorsiisuuf baasaniin namoota Islaamummaa irraa beekkumsa xiqqashoo qaban, bobbaaf gala dhoorgaa turan, haalli kun ammas akkuma itti fufeen jira. Kana jechuun kiyya Islaamni Deebisaa isaaniif hin kennine jechuu osoo hin tahin, sochii isaan Islaama irratti godhaniin waliin wal madaaluu hin dandeenye.

**Heera Mootummaa biyya keenyaa keessatti Mirga Amantaa ilaalchisee** keeyyanni 27 lakkofsa 1-5, keyyata 90 kan lakkofsa 2 irra jiru akkuma jirutti tahee, namni kamiyyuu Amantaa fedhe hordofuu,barachuufi Barsiisuu mirga qaba waan jedhuuf dhoorgamuu hin danda’u.

Yeroo ammaa ummanni Amantaa kiristaanaa Ortodoksii keessattuu hoggantoonni **Mahbara Quddusan** jedhaman wanti isaan barreessanii fi yaa’ii isaanii keessattis barsiisan Ayaatoota Qur’aanaa dabsuu dhaan barsiisuu tahee jira.

Fakkenya kaasudhaaf

Suuraa ma’idaa Boqonna 5 lakkofsa 116 ***<<waan guyyaa qiyaamaa Rabbiin nabi Iisaan jedhu dubbadhu, wanni Rabbiin guyyaa qiyaamaa nabi Iisaan jedhu, Si siitu ummata keetiin Rabbii guddaa dhiisaadhaa anaafii haadha tiyya Rabbii lama godhadhaa jedhee? Tanaaf, jecha na dhiisanii siifii haadha tee(Maryam)Rabbi godhatanii gabbaranii? Je’een,……>>***

Kan jedhu qabatanii “nutin **Maariyaamii fi Yesus** hin gabbarru Qur’aanni keessan jecha Rabbii erga tahe maalif akkana jedha? Maariyam shafi’aa(jaarsummaa) nuuf taati malee hin gabbarru” jedhan Dura dursoo wanti nutin isaan gaafannu, Dameen ykn qoqqodaminsi amantaa kiristaanaa meeqatu jira?

**Insaaykilooppidiyaa Britanika maxxansa bara 2006**\ ultimate reference suite DVD / electronics version) irratti

Dameen Amantaa kiristaanaa **kuma soddomii sadi (33,000**) akka gahe muldhisa.

Ortodoksiin Dameewwan kana keessaa isa tokko, kanaafuu Ortodoksiin Dameewwan kana hunda bakka bu'ee dubbachuudhaaf, Adeemsa isaan Hundaatuu beekutu irra jira ture.
Ortodoksiin jechuu baatanis, Dameen biroo tan Maariyamii fi Iyyasuus Jara lameenuu akka Rabbitti fudhatanii gabbaran ni jiru, Qur'aanni Rabbii hin dogongorre! kun hubannaa dhabuu isaanii muldhisa.
**Insaayikilooppidiyaa Britanikaa kan bara 1988 mujallada (saamsa) 16 fuula 326 fi 327** akkana jedha…
<< *Haadha waaqaatiif kabaja gabbaramuu dhuunfachiisuun yeroon haalaan itti babaldhate ,waqeffattoonni Amaramayotaa hordofaa kan turan, yeroo isaan gara mana Amantaa Kiristaanaa itti dhangala'aa turannitti, Aramaayonni gara Amantaa kiristaanaa jijjiiraman hinaaffaa waaqeffannaatiif Mankaraaristumma Akkanaa kan dhunfatan (baratan) waggoota kumaatamaaf* ***Haadha gudditti fi dubartii kan jedhamtu waaqa jedhanii yeroo gabbaraa turanitti ture***, >> jedha.
Kanaafuu "**Maariyamiin warroota waaqa**" jedhanii gabbarantu jira malee Qur'aani Rabbii hin dogongorre.
"Qur'aanni Dogongore" jechuun isaanii, beekumaa ilmi namaa akka Amataa Islaamaa jibbu godhuudha.
Shafa'aa (jaarsummaa) isaaniif taati kan jedhu hoo eessa jira?
8. Ahzaab maalif Alaan ala? CD jedhu kan Barihun wandosan Qopheessetu jira. CD san irratti Ahzaab jedhee kan inni yaamaa ture ummata Muslimaati. Garuu nutin Muslimoonni Ahzaabii miti!
<<Suuraa Ahzaab boqonna 33 lakkofsa 20-22 irratti, ***Ahzaabonni Mushrikootafi Diina(nyaapha)*** Nabi Muhammad(a.s)warra turan.>>
Kitaabuma Isaanii keessattis "seera Keessa deebii boqonna 6 lakkofsa 13-15 irratti Ahzaab jechuun ***warroota Xaa'ota (xaaghuta) gabbaran*** *ykn* ***Mushriktoota*** jechuudha."
Nuhiin Ahzaab nuun jechuun isaa nu arrabsuu isaati, osoo kitaabuma Amantaa isaatuu beekee,silaa nun Arrabsu ture.
CD san irratti "Itoophiyaan Oddoole(biyya) kiristaanaati, Masjidoonni maalif Ijaaraman, meetu Baay'inni, Masjidoonni ijaaramanis Qullaa

hafanii, Muslimtoonni Keessummootaa,bakka irra dhufanitti deebi'uu qabani, nutin Kiristaanonni waan Qur'aan fi kitaaba Qulqulluu keenya irraa eegalle ittuma fufna Jechuudhaan dhaadata."
Nutin Muslimoonni dalagaa isin hanga ardhaa dalagdaniifuu deebii gahaa tahe isiniif qaban jennaan.
(Mahbara quddusaan) irraa warroonni barumsa arganne(fudhanne) jedhan na waliin marii godhaa turan, Isaan garuu barattoota, Barsiistonni isaanis yoo wanni isaan barsiisaa jiran sun haqa jedhanii itti amanan, ifaan ifatti nuun haa mari'atanii!
Yoo "hin tahu (hin feenu) jedhan" ammoo barumsi isaan barsiisan sun sirrii miti.
9. Muslimtoota kafarsiisuuf keeyyattoota ykn Aayatoota Qur'aanaa mummuruudhaan hiikkaa isaa dabsanii itti fayyadamaa jiran.

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

# Gooftaa kan jedhaman hedduudha

Wal marii Muslimoota fi kiristaanootaa guyyaan gaye, ganama keessa sa'a 3:00 yeroo gahu baay'inni namoota walitti qabamanii haalaan nama gammachiisa!

**Arab:** بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

Jalqabni dubbi maqaa Rabbii Rahgmata qabuuti.
*Qur'aan suuraa Aali'Imran boq. 3 lakk.85*

وَمَن يَبْتَغِ غَيْرَ الْإِسْلَامِ دِينًا فَلَن يُقْبَلَ مِنْهُ وَهُوَ فِي الْآخِرَةِ مِنَ الْخَاسِرِينَ

***<<Namni Diinaa Islaamaa dhiisee diinaa biraa barbaadu, namni erga Nabi Muhammad (a.s.w) ergame diinaa Islaamaa dhiisee diinaa bira qabatu, irraa hin qeebalamu,Rabbiin irraa hin jaalatu, Namni diinaa Islaamaa dhiisee diinaa biraa kiristaanaa tayuu,kan Yihuuda'aa tayuu,…qabate, inni guyyaa boruu(qiyaamaa) warra khasaaraa Zalaalami'ii khasaaramerrayi, waan ibiddi zalaalamii isa eggatuuf.>>***

*Qur'an suuraa al Kgankabuut boq.29 lakk 41*

مَثَلُ ٱلَّذِينَ ٱتَّخَذُواْ مِن دُونِ ٱللَّهِ أَوۡلِيَآءَ كَمَثَلِ ٱلۡعَنكَبُوتِ ٱتَّخَذَتۡ بَيۡتٗاۖ

وَإِنَّ أَوۡهَنَ ٱلۡبُيُوتِ لَبَيۡتُ ٱلۡعَنكَبُوتِۖ لَوۡ كَانُواْ يَعۡلَمُونَ ٤١

***<<Warri Rabbiin ala (asnaama) Rabbi godhatee Raabbii tokkichaa achitti gabbaru, kan asnaamni nu fayyaddii yaadu, wanni isaan fakkaatan,saaphaphuu yookiin shorariitii mana ijaarattee, manni isii ka Rooba, Adu'uufi qabbanaa, ow'aafii waan isii miidhu irraa hin dhoowwineeti. Irra laafaan maan mana saphuphaati, Osoo beekanii***

***silaa waan san hin gabbaran(ibaadan)>>***

**Ummata keessa**; tokko harka baasee, anin kiristaana,waaqa itti amane itti hin qaanfadhu, Akka waaqa tahes shakkii hin qabu. Kiristaana keessaas protestaantii hordofa, Iyyasuus Gooftaa dha! Siin waliin wal mari'atuuf qophaa'ee dhufe.

**Arab**:- qophooftee dhufuun kee haalaan na gammachiisa, gara wal tajjii Dhihaadhu.

**Masfin**:- anin maqaan koo Masfin jedhama, warroota wangeela waaqa Yesus ummataaf geessu keessaa tokko, haleluyaa!

**Arab**;- mata dureen wal marii keenyaa kanuma atin eegalte kanarratti haa tahuu?

**Masfin**;- eeyyee! Mata duree kanaan ala hin hayyamu "wangeela yohaannis boq.13 lakk.13 Isin ***Barsiisaafi Gooftaa*** naan jettani ee akkasuma ***Barsiisaafi gooftaadha***". Akkasumas kitaaba qulqulluu keenya keessatti bakka heddutti **Iyyasuus Gooftaa jedhame,** isin ummanni Muslimaa gooftummaa isaa maalif diddan?

**Arab**;- Gooftaa jedhamee yaammamuun isaa qofti ***Waaqa*** isa hin gootuu, sabaabaanis, ***Gooftaa kan jedhaman Hedduudha!***

**Masfin**;-kitaaba qulqulluu keenya keessatti Yesus malee gooftaa kan jedhame tokkolleen hin jiru.

**Arab**;- hin jiruu mitii hin agarre jedhi! Kitaabuma qulqulluu keessan kan Atin harkatti qabattee dhufteen kana, Hiikka Amaariffa salphaa kan bara 1980 hiikkame jedhamuun beekkamaa. "seera lakkofsaa boqonnaa.11 lakkofsa. 28

**Masfin**;-"kan irratti Iyyaasuun ilmi Nun inni ijoollummaa isaa irraa eegalee gargaatuu Musee ture, ***Yaa Musee Gooftaa ko!*** Jara tana dhoowwi jedheen."

**Arab**;- pheexroos 1ffaa boqonna 3 lakk.6 dubbisi

**Masfin**;- "Saaraan akkas Abrahaamiif abboomamaa (ajajamaa) ***Gooftaa koo jettees*** isa waamaa turte"

**Arab**;- "Kitaaba seera mootota 1ffaa boqonna 18 lakkofsa 7-8" dubbisi

**Masfin**;-"Obaadiyaan otuu adeemaa jiruu, Eliyaasii wajjiin walitti dhufan, Obaadiyaan namichi isatti dhufe Eliyaas ta'uu isaa hubatee,lafa ga'ee qoomma'eefi (sujuudeefi) ***Ati dhuguma gooftaa koo*** Eliyaasii?' jedhe is gaafate". Eliyaas immoo "Eyyee ana, dhaqiitii Eliyaas as jira jedhiiti ***Gooftaa keetitti*** himi jedheen"

**Arab**;- obboleeyyan kiyya isin hunduu qalbiin na dhagayaa(xiinxalaa) "***Eliyaas Gooftaa***" Jedhaniin.
Akka Masfin jedhe yoo taate, Eliyaasis Waaqa tahuu isaatii mitii? Eliyaasis eeyyee anaa as jiraachuu kiyya deemii gooftaa keetitti himi jedheen, kanaafuu Oobadiyaan gooftaa 2ffaa qaba jechuudha **Gooftaa** jechuun guutumaan guututti hiikkaa **Waaqa** jedhu hin Kennu, gooftaa jechuun hogganaa(dura Bu'aa) jechuudha.
Ammas kitaaba seera mootota 2ffa boqonna 6;15 dubbisi

**Masfin**;- …wayyoo kaa ***yaa Gooftaa koo!*** maal goonu?" jedhee? gaafate….

**Arab;-** boqonnuma kana lakkofsa 21 dubbisi

**Masfin**;-"Mootiin Isra'el yommuu isaan arge,***Yaa Gooftaa koo!*** Isaan fixuu? jedhee isaan gaafate."

**Arab**;-kanaafuu Jarri tunis waaqa jechuu keeti kaa? Yesusiin waaqa godhuuf, Gooftaa jedhamee waammamuun isaa, waaqa isa godha yoo kan jettu taate, haalaan nama gaddisiisa.

**Ummata keessaa**:- Takbiir!

**Muslimoonni:-** hundinuu Allahu Akbar!

**Mafin;-** hafuurri qulqulluun siin wajji akka hin mormine na dhoorge. Ana na gahee, haganarra siin mormuun cubbuu(dilii) dha.

**Arab**;-waltajjiin kun kan wal mariiti malee, kan Mormiitii miti, hafuurri qulqulluun siin wajjiin wal mormuu na dhoorge kan jetteef ammoo, hafuurri qulqulluun kee osoo kan dhugaa tahee gara wal tajjii dhufuu keetiin dura silaa sidhoorga ture, kun haqa diduudhaaf falaasafa dadhabaa isin ooftan. Kana Muslimni sirraa fudhatu hin jiruu, ummatuma prootestaantiitiin,sobi.

**Masfin;-** mata duree wal marii haa jijjiirruu!

**Arab;-**Ajaa'iba qabda! Yeroo wal marii eegallu, mata duree biraatiif akka hin heyyamne Duubbattee turte, amma ofumaaf keetii "mata duree jijjiiri jettaa?"wal tajjii kana dhiiftee deemta malee, mata duree eegalle kana osoo hin xumurre, mata duree haaraya hin jalqabu. Kitaaba seera mootota 2ffaa boqonna 2 lakkofsa 25 dubbisi

**Masfin**;-anin hin dubbisu!

**Arab**;- yoo Atin dubbisuu baatte anatu dubbisa. *"(Gehazin) gara manaa deebi'ee seene, Eliyaas hanga ammaa eessa turte?" jedhee gaaffate, Gehazinis, lakki anin garuyyuu hin dhaqne(deemne) jedhee deebiseef.*" Ammas dabalata kitaaba "Saamu'eel isa duraa boqonna 25 lakkofsa 26 ***Gooftaa koo*** diinonni si Miidhuu hedan hundinuu, akka nabaal haa ta'an "harka fuudhaan ani garbitti kee si ***gooftaa*** koo….

1.Abraham gooftaa jedhame.
2.Muuseen gooftaa jedhame.
3.Elsa'a Gooftaa jedhame.
4.Eli gooftaa jedhame.
5.Daawit Gooftaa jedhame.

Keeyyattoota hamma ammaa dubbisne keessatti, hundinuu waaqa(Rabbi) jechuu keeti kaa?

**Masfin;-** wal tajji gadi dhiisee deeme!

**Arab**;- <<*suuraa Al ahqaaf boqonna 46 lakkofsa 32*

وَمَن لَّا يُجِبۡ دَاعِيَ ٱللَّهِ فَلَيۡسَ بِمُعۡجِزٖ فِي ٱلۡأَرۡضِ وَلَيۡسَ لَهُۥ مِن دُونِهِۦٓ أَوۡلِيَآءُۚ

أُوْلَٰٓئِكَ فِي ضَلَٰلٖ مُّبِينٍ

***<< Namni nama haqatti nama yaamu jalaa hin owwaanne, kan isa Dhagayee hin amanne dheefaan(baqatee) Rabbiin hin dadhaabsiisu, dachii tanarraa bakka azaaba Rabbii jalaa itti bayu hin qabu, Nama yaaminsa haqaa hin dhageenye saniif, namni Rabbii achitti dirmatee, Azaaba Rabbii irraa dhoowwu hin jiru, nama isaa tumsu kan isaa***

***tolu hin qabu>>***

Akka warroonni seenaa himanitti kitaaba “**Za Davichi kood”** kan **Dan Brown** qopheesse keessatti Yesuusiin “***Gooftaa”*** jettee Kan yaamaa turte, haadha isaa osoo hin tahin, Jaartii isaa akka turte nutti himu.

**Alamaayyahu**;-ummata keessaa harka baasee, hanga reefuu si hordofaa turree, Amma garuu waan hin taane fidde! Hiriyoota isaa lama wajjiin gara wal tajji bahe, Yesuus jaartii hin qabu!

# Dhuguma Yesuus Jaartii Qaba?

**Arab**;- Iissaan (a.s) Fuudhus fuudhuu baatus nuti Muslimoota nun dinqisiisu Sabaabanis

<<Suuraa Al Rakgdii boqonna 13 lakkofs 38

وَلَقَدْ أَرْسَلْنَا رُسُلًا مِّن قَبْلِكَ وَجَعَلْنَا لَهُمْ أَزْوَاجًا وَذُرِّيَّةً ۚ وَمَا كَانَ لِرَسُولٍ أَن يَأْتِيَ

بِآيَةٍ إِلَّا بِإِذْنِ اللَّهِ ۗ لِكُلِّ أَجَلٍ كِتَابٌ ﴿٣٨﴾

***<<Yaa ergamaa kiyya Muhammad! dhugumaan si dura ergamoota, akka keetii erginee jirra.Beerafii Ijoollee isaanii goonee, duuba maalif Beera ati fuuteen si hamatan?, Ergamaan tokkolleen iznii Rabbiitiin malee Mukgjizaa fiduu hin dandayu, maalif Mukgjizaa nutin siif kenninee dhiisanii Mukghizaa biraa fiduu barbaadan?, hukmiin yookaan Murtiin marri waytii qabdi.>>***

Fuudhuufi ilmas argachuun, sunnaa(karaa) Anbiyoota Rabbiiti, san jechuun kiyya ammoo Iissan (a.s) fuudhe jechuu kiyyaa miti,Garuu fuudhus nun dinqisiisu jechaan jira.

**Alamayyahu**;-Iyyasuus dilii(cubbuu) irraa qulqulluudha, akkamitti jaartii

fuudha? Wanni inni dhufeef kara waaqaa nu barsiisuuf malee dilii(cubbuu) dalguuf hin dhufne. Kitaaba qulqulluu keenya keessattis bakka takkattillee Yesuus dilii dalage kan jedhu hin jiru wanti Arab dubbachaa jiru kun dogongora sirrii miti.

**Arab**;- Dilii(cubbuu) hin dalagne kan jedhu hoo ni jiraa?

**Alamaayyahu**;- hin dalagne siin jedhee hin dalagne, waan nyaatee dhugeef tasa kana akka dilitti yoo laalte hin beeku.

**Arab**;-atin Jaartii fuudhuus akka dilii(cubbu)tti laalaa jirta. Akka Amantaa kiristaanaatti "Yesuus nama tahee nama barsiisuuf gara addunyaa dhufe" barumsi jedhu Dameelee amantaa kiristaanaa hunda irraa kennama.

Kanaafuu ilmi nama ni nyaata, ni dhuga, ni rafa ni dhalata, akkasumas Jaartii fuudha. Yesuus erga nama tahee amala ilma namaa hunda qabaate, fuudhuun isaa maal si dinqisiisa?

**Alamayyahu**;- cal!

**Arab**;- za Davinchi kood Dan Brown qopheesse kan afaan Amaariffaatti hiikkame. Fuula 170 sarara 1ffaa "haala adda taheen isiin **Yesuus kiristoositti heerumuu…**"

Fuula 173 sara 2ffa "kanarratti dabalata. Akka kitaaba qulqulluu keessaatti dhihaatetti, **Yesuus hin fuune jechuu irra, fuudhe jechuu irra qiyaasa.**

Sarara 7ffaa "Hawaasni yeroo san baratame **Jaartii fuudhuu dhabuu irraa isa dhoorga.**

Sarara 10ffaa "yesuus osoo Jaarsii fuudhuu baatee, warroota wangeelota kitaaba qulqulluu keessaa tokko silaa hin fuune jedhee akka inni jartii hin fuudhin ibsa xiqqasho kenna ture"

**Alamayyahu**;- haga kitaaba seenatirraa dubbistu kitaaba qulqulluu keenna keessa raguma tokkollee taatu maalif hin finne?

**Arab**;- kitaaba qulqulluu keessan keessattis, haadha Yesuus Maariyaam jalaa tan yeroo hunda hin hafne takkatu ture, maqaan isiis **maariyaam** jedhama. Takka haadha isaa yoo taate ta lammaffaa ta haadha isaa jalaa hin hafne tun maal isaa turte? Wangeela Maatewoos

boqonna 28 lakkofsa 1 irraa kaasii atummaan dubbisi

**Alamayyahu**;-<<Sanbanni erga darbe, jalqaba torbaaniitti barii (gaafa sanbata gudda) Maariyaam isheen Magdalaa fi **Maariyaam Isheen kaan** Awwalicha laaluu dhaqan…>> asirratti jaartii isaati kan jedhu meetu ree?

**Arab**;- takka haadha isaa yoo taate, ta lammaffaa maal isaati siin jedhe Malee, jaartii isaati siin hin jenne.

**Alamaayyahu**;- maal isaa akka taate hin beeku, namni fedhe jaarti isaati jedhullee, anin Jaarti isaati hin jedhu.

**Arab;-** wangeela Yohaannis boqonnaa 20 lakkofsa 15 eegalii dubbisi

**Alamaayyahu**;- "kana jettee yeroo ofirra gara galtu Yesuus isaa dhaabbatu garte, Yesuus tahuu garuu hin beekne, yesuusis **si Intalaa Dubaree** maalif bootta? eennu barbaadda jedheen"

**Arab**;-1.dhugumaan Iyyasuus asitti, "**si Intalaa *dubaree*"** Jedhee Haadha isaa yaamee?

2.Maryaamiin inni asitti **Intalaa *dubaree*** jedhee yaame tun, maal isaati?

3.Yesuus wanni inni dhufeef kabajaas dabalatee waan gaari barsiisu dhufe jettan, Yoo inni haadha isa dhalte **si Intalaa *dubaree*** jedhee yaame, barumsummaan isaatu barumsa akkam? Moo intalti sun haadha isaatii miti? Haadha isaa yoo hin tahin hoo maal isaati ree?

**Alamaayyahu**;- dhalaa biraa taati malee, haadha isa dhalte intalaa jedhee hiyyaamu.

**Arab**;-duuba ummata hagas gayu keessaa ta Awwaala(qabrii) isaa laalu dhaqxu, maal isaati?

**Alamaayyahu**;- si.si.sin dhagayu (sirraa hin fudhadhu)!

**Muslimoonni**;- Allahu Akbar!

**Hiriyoota Alamaayyahu**;- keessaa tokko anin maqaan koo Buruuk Jedhama, ijoolle Adamaati, Yesuus bakka tanatti "**Si Intalaa *dubaree*"** jedhe, kan yaamaa ture, haadha isaatiini, sabaabaniis Yahuudonni Haadha isaanii **Intalaa *dubaree*** jedhanii Yaaman!

**Arab**;- ragaan kee maali? Yesuus haadha isa dhalte **Intalaa *dubaree*** jedhee yoo ka yaamu taatee,kun kabajaa haadhaa buusuu(xiqqeysuu)

hin tahuu?
**Hundu;-** cal!
**Ummata**;- keessaa tokko harka baasee, anin maqaa koo himuu hin Barbaadu, garuu kiristaana, ajajoota kurnan Amantaa keenyaa keessaa isiin lammaffaa ***Haadhafi Abbaa kee kabaji*** kan jettu dha. Yesuus dhiisii anuu haadha tiyya ta na dhalteen **si intalaa(dubaree)** Hin jedhu,Amantaan keenya kabaja haadhafii Abbaas barsiisa,kanaafuu wanni Buruuk Jedhe dongora guddaa akka tahe natti muldhata, yoo danda'an Raga fidachuu, saniin ala akka isaan Amantaa kiristaanaa irratti Qaawa (dogongora) fidan hin hayyamu!
**Arab**;-hayye bareeda! Mariidhaaf ragaa gahaa qabna jedhanii gara wal tajjii kan dhihaatan fedhii isaaniitiin, erga fedhiin isaanii baratuu tahee ammoo, anin fedhii isaanii isaan dhorguu hin danda'u. kaayon Muslimtoota haqa ummataaf ibsuu waan taheef atis amataan Islaamaa sirrii miti yoo kan jettu taate gara waltajjii dhihaadhu.
**Ummata**;- keessaa kan harka baase, lakki anin moromuu hin fedhu.
**Arab;-** namni tokko mana affeerraa(cidha) irra kan naannawu maal isaa wajjiini?
**Ibrahim;-**namni tokko yeroo hunda dhiiraan waliin mana affeerraa cidhaa Irra yoo Kan naannawu ta'e,dhiirri inni waliin naannawu sun hiriyaa isaa ta'a,yoo ammoo dhalaa waliin yeroo hunda mana cidhaa irra kan naannawu yoo ta'e dhalaan inni waliin mana cidhaatirra naannawu tun Qaadhimaa(jaartii) isaa taati! Kunin yaada(qiyaasa) kiyya
**Arab;-** Qiyaasni kiyyas kanuma
**Alamaayyahu faan**;- nutin kana sirraa hin fudhannu!
**Ummanni**;- Afaan tokkoon(wal bira) nutin ni fudhanna!
**Arab**;- ammas Yesuus wangeela Yohaannis boqonna 2 lakkofsa 4 irratti haadhaan **Intalaa(dubatee)** jedhee yaamee ture! Bakka cidhaatitti ummata hagas gayu keessatti Intalaa jedhee haadha isaa yaamuun haadha isa dhalte arrabsuu malee kunin kabajaa miti, gara kitaaba Dan Brown yoo deebine fuula 173 sarara 26ffaa niitiin Yesuus Maariyaamii Ishee Magdalaati. Yesuus isii tana hordoftoota(Hawaariyoota) isaatirra

jaalata, ***yeroo tokko tokko afaan keessas dhungata***, hawaariyoonni isaatis gocha inni godhu kana hinaafaas(ceemphaas) turan. Filima Holly Wood keessatti dalgame kan **Za Davinchi Kood** jedhamu tokkotu jira, Filimni sun akka Iyyasuus Qaadhimaa ykn Jaartii fuudhe agarsiisa.
Filima san seenaa dhugaa irratti irkatanii baasan, osoo seenaan sun soba tahee, silaa Ummanni christaanaa iyyanni filima san addunyaa irraa balleessan ture, Filimni sun akka Iyyasuus  Jaartii qabu agarsiisa.
Dubartiin wahiitis achirratti jaartii ykn Qaadhima Yesuus taatee dalgadi, yeroo sanitti umriin isii ijoollee dardada ture. Osoo warronni filima san baasan muslimtoota tahanii,silaa Muslimootatu nu arrabse jettanii Iyyitan, Filimas ummatuma keessan kan kiristaanatu dalage. Wama beektantu jiraaf malee, silaa hin calliftan ture, fuula 176 sarara 10 kana hunda irra kan sodaatan Maariyaamiin  Magdalaa isa Yesuus kan dhiiga sanyii Nugusoota kan qabutti heerumuudha. Sarara 29 Yesuus Kiristoos Jaartii Fuudhuu birallee dabree Ilmas dhalee ture"  jedha.  Nuti Iissaan(a.s) jaartiis fuudhee Ilmas yoo dhale nun dinqisiisu, sabaabanis jaartii Fuudhuufi Ilamaanis horuun sunnaa (karaa) Anbiyoota Rabbii waan taheef Qur'an suuraa Ra'ad boqonna13 lakkofs 38 Rabbiin nutti himee jira.
Obboleeyyan kiyya kan Muslimaa! Isin hunduu na caqasaa, anin Iissan Jaartii fuudhe jechaa hin jiru, yoo fuudhees  nun dinqisiisu jechaan jira. Akka Qur'aanni jedhutti Qur'aan Boqonna 19 lakkofsa 32 .

وَبَرًّا بِوَالِدَتِي وَلَمْ يَجْعَلْنِي جَبَّارًا شَقِيًّا

***<<(Iisaan) Nama haadha tiyyaa toluu (kabaju) na godhee jira,Nama Uftuulu yookaa uf guddisu nan goone,  Nama badaa Roorrisaa nan goone>>***

Duuba gara filannoo keetii haadeebi'uutii,dogongorri Muslimtootaa maali?

**Hundinuu**;- cal!

# <u>Dhuguma Yesuus dilii(cubbuu) hin dalaginii?</u>

**Alamaayyahu**;-kitaaba Qulqullus tahee Qur'an keessattis bakki takka ta Yesuus dilii(cubbuu) dalage jettu hin jirtu!

**Arab**;- MashaaAllah! Qur'aanas Qaraatee (dubbistee) jirtaa?

**Alamaayyahu**;-hin Qaraane (hin dubbisne) yeroo **"Mahbara Quddusaanonni"** barsiisan suuraa(boqonnaa) tokko tokko jalaa Qabadhe (barreeffadhe).

**Arab;**-Buruk isin hoo?

**Buruk faan**;- eeyyee nutis akkamu isaati!

**Arab**;- wangeela Luqaas boqonna 19;lakkofsa27 dubbisi

**Alamaayyahu**;- "(Yesuus) diinota kiyya warroota akka anin isaan irratti Moo'u hin barbaanne, fidaa **<u>ija koo duratti isaan Gorra'aa</u>** jedhe!". Kun kitaabni keennaa miti!

**Buruk**;- lakki kitaabni keennumaa! Garuu hiikkaa qaba!

**Arab**;- akka ummanni kun guutuun dhagayutti sagalee olkaasaa nuu hiikaa kaa! Afaan Oromoo kun garuu Afaan qajeelaa nama hundaaf galu natti fakkaata." ***<u>ija koo duratti isaan Gorra'aa"</u>*** jedhee ajajuun isaa dilii (cubbuu) dhaa mitii?

**Buruuk faan**;- Hiikuu sodaatan!

**Arab**;-abboo hiikkaan isaa hiikkaa ifa jiruu, obboleeyyan keenya ofin sobina!

**Kasaahun**;-anin Hiriyaa Alamaayyooti Afaan Oromoo kun Oromiffa ifaa qajeelaa. Yoo akkas hin tahin, ummanni kun hundu ragaa haa tahuu! Anin gama kiyyaan Aayata(keeyyata) akkana jedhu kitaaba keenya kana keessatti ardhuma arge.Namni akka kiyyaa kan hin argini hedduudha jedhee qiyaasa. Kan biraas yoo jiraate nuu dabali hiikkaa gallee abbotii keenya gaafannaa.

**Arab;-**haasoyni kee haalaan nama gammachiisa nama jechuun akkana. Alamaayyahu ammas wangeela Maatewos boqonna 10;34 dubbisi

**Alamaayyahu**;-anin hin dubbisu!

**Kaasahun;-** anatu dubbisa Yesus ammoo."Biyya lafaa irratti ***<u>naga</u>***

***Fiduudhaaf waanan dhufe isinitti hin fakkaatin,anin Billaa fiduu*** dhufe malee ***nagaya fiduudhaaf hin dhufne***.

**Arab;-**nama tokko isaa haasoyni akkanaa afaani bahu warroonni Poolisaa yoo dhagayan maal isa godhan, kan jedhuuf deebiin ifa jira! Kitaaba fakkenya boqonna 23 lakkofsa 31 "dhugaatii nama macheessu dhuguu dhiisiitii,ijaanuu laaluun dhoorgaa dha. Garuu Yesus dhugaa ture, wangeela maatewoos boqonnaa 11 lakkofsa 18-19 dubbisi.

**Kaasaahun**;-"Yohaanni yommuu dhufe,nyaata hin nyaatu, dhugaatis hin dhugu ture isaan ammoo inni Seexaana qaba jedhan" Ilmi namaa(Yesus) yommuu dhufe, in ***nyaata, (daadhii waynis)*** in dhugas, isaan…."

**Alamaayyahu**;-bakka kanatti dhugaatii daadhii kan jedhame kan nama macheessuu miti!

**Arab**;-kitaabni Qulqulluun dhugaati daadhii guutumatti dhoorge, kan nama macheessuu miti kan jedhu meetu? Erga kitaabni Qulqulluun dhoorge Yesus mataan isaatuu maalif dhuga? Dilii(cubbuu) mitii?

**Hundu**;-cal!

**Arab**;- Alamaayyahu! mee wangeela Maatewoos boqonna 26 lakkofsa 29 Dubbisi

**Alamaayyahu**;-"Ammarraa jalqabee(eegalee) hamma guyyaa gaafa ani Mootummaa abbaa koo keessatti deebi'ee ***daadhii way*ni** kana akka hin dhugne isinitti hima.

**Arab**;-kitaaba wahii kan waldaan keessan "**Mahabar Quddusaan**" maxxanse kan "Hamara tawaahadoo bara 2000 maxxansa addaa" jedhu irratti, "Qur'aanni akkamitti boru jannata keessatti dhugaatin ni jirti jedha" jedhanii waa heddu barressani turan. Garuu Yesus mataan isaa dhugaatiin Haaroyni akka abbaa ykn Rabbii isaa bira jirtu ifa godhee ture. Kanaafuu kan dachii tana irratti dhoorgame dhugaatii nama macheessuu dha. Osoo kitaabuma keessanuu haalaan beekanii kun isaanirratti gaaffii tahee islaamumma irraa waa hin himan ture. Akkas jedhanii barreessuun isaan kitaabuma isaanii irraayyuu hubannoo akka hin qabne Muslimootatti himaa jiran. Kitaaba san keessatti wantoonni

isaan islaamaan jedhan waa hedduudha, inshaAllah waan isaan Islaama irratti barreessaniif deebiin kaluu kana wal jala gadidhiifama.

**Alamaayyahu**;- nuti haganarra siin wajjiin mari'atuu hin barbaannu Amantii teenya hin arrabsin, jedhee waltajjii gadi lakkise

**Arab**;-arrabni atin haasoftu ka maali? Namni waan arrabaa dubbate tokkolleen hin jiru!

**Ibraahim;-** kitaaba kessan kan dubbisa jirtan isinuma malee nu hii miti, yoo kitaabni keessan isin arrabse malee nuti isin hin arrabsine. Yeroo dhibii isin kitaaba fi Kaassettotaan akkasumas Ayyata Qur'aana ciccirtanii wal tajjii  keessan irratti, islaama irraa waahimtan. Kiristaanoni tokko tokko Islaamatu nu arrabse jedhee "**mana mariitirra**" akka olii gadi deeman ni beekna,Ummanni keessan kan ortodoksii kitaabota isaan Muslimtoota kafarsiisuuf  baasaan mee akka fakkeenyatti haa laalluu

1. **ኢስልምናና አፍሪካ** (**በ**1941)Islaamumaafi Afrika kan bara 1941 maxxanfame.
2. **ለምን አልሰለምሁም**? Maalif hin Islaamin?
3. **በኢትዮጵያ የሃይማኖት መቻቻል ኣለን**? Itoophiyatti Amantiin wal dandayuun ni jira?
4. **ክስቶስና ቁረኣን ምን ኣገናኘዉ**? Iissaaf Qur'aana maaltu walitti fide? kan jedhu.
5. **እንድረስላቸዉ።** haa dhaqqabnuuni
6. **የ እግዚኣብሄርን ክብር ለሙስሊሞች ማካፈል።** jaalala waaqaa Islaamaaf Qooduu

7.**ኤልሽዳይ**…………. Elshaday kan jedhu fi kan kana fakkaatan Heddudha

8.jaalatamaan obboleessi kenya Ustaaz **Muhammad Kadir** VCD isaa kan

**አስመሳዮችን ማጋለጫ kan fakkeessitoota saaxilaa**! jedhu irratti Kitaabota ummanii ortodoksii waagga 40 fi 60 dura islaama kafarsiisuuf barreessan heddu garsiise, VCD isaas bakka kaassettonni Islaamaa itti gurguramanii ni argattu, bitattanii laaluu ni dandessu Namni wahis kan

Mihrataab Jedhamu Dr\ Zakirii deebii kenne jedhee dubbii Dr\Zakir mummuree deebii jedhee VCD wahii gadi dhiisee, namni yoo deebii namaa kenne kaasseta guutuudhaaf deebii kenna malee dubbii namaa cicciruun deebii miti. Deebii kenne jedhee VCD gadi dhiisuun isaa kun, ummata isaa keessatti maqaa barbaadu malee haqa barbaadu miti VCD Dr/ Zakir warroota Amaariffaan hiikantu dogoggore malee Dr\Zakir hin dogongorre. Kanas akka beektan barbaada, **ለታላቁ ፍጥጫ ድንቅ መልስ** ija jabbeenya isaaniitif deebii Aja'iba VCD jedhu qopheessan obboleessa Kenya da'ii jaalatama **Saadiq Muhammad** waan isaan Islaamummaa irratti gadi dhiisaniif deebii Quubsaa tahe itti kennee jiraa laaluu ni dandeettu. Achirratti akka obboleessi keenna Sadiq Muhammad jedhutti namicha Dr\zakirii deebii kenne jedhe san, "koottu wal mari'aannaa" jedheeni, Namichi kiristaanaa dhufuu dide. Osoo wanni inni gadi dhiisee dhugaa taatee silaa sodaatee hin diduu. Sodaatee diduun isaatuu, akka wanni inni Islamumma irratti gadi dhisee sirri hin tahin agarsiisa. Warroonni akkasii kan islamummaa irratti kitaaba barressan yoo dhugaa jedhani amanan ifaan ifatti nuun haa mari'atanii, yoo sanii miti jedhan wanni isaan barreessaan hundi kijiba akka taatee kun mamii(shakkii) hin qabu. Isinis warroonni kiristaanaa warroota waa beekan jettanii takkaa kitaabota isaan barressan dubbistani waan isaan isalamummaa irratti gadi dhiisan dhugaa jettanii amantan fidaa ifaan ifatti nuun haa mari'adha. Daa'iwwan keenyaa beekkamoon kan akka obbolessa keenya **Qamar Huseen, Sadiq Muhammad, Muhammad Kadir, obbolessa keenya Arab** … hunduu Nutis ummanni muslimtootaa biyya keenyaa haqni akka baatuuf qophoodha. Dubbii si saamuu kiyyaaf dhiifama.

**Arab**;-lakki homaa rakkoon qabu. Waan gaarii dubbbatte jazakaAllah. Namni "dhagaan Daabbo" jedhee barsiisu yoo jiraatee namni irraa fudhatus jiraate, mirga isaati, ummani Kiristaanaa karaa mara irra dhaabbatanii da'awaa isaanii oofaa jiran, heerri biyya kenyaas keeyyattota 27 fi 90 ka na lakkofsa 2 irra jiru akkuma jirutti tahee, hundaafuu mirga kennee jira, nus karaa irra dhaabbanne barsiisuu kan

nu dhoorku hin jiru.
Alamaayyahu fi Buruuk waltajji gadi dhiisani deeman. Jalqabas fedhii isaaniitiin gara waltajjii waan dhufanif namni tokkollen akka isaanitti hin duubbanne. Kaasahun na waliin marii ittuma fufe. Wangeela Yohaannis 2;3 dubbisi

**Kasahun**;-"daadhii waynii hin qabanii beektaa?jetteen….. hanga lakkofsa 12 ttu dubbise.

**Arab;**- Yesus dhugaatii Waynii qopheessaa ture, Yesus kan dhufeef nu barsiisuuf jettani, Akka amma laalletti dhugaatii dadhiis akkaataa itti qopheessanis barsiise jechuudha. Waaqa osoo tahee,waan badaa(hamtu) nama barsiisaa? Ofiifis dhugaatii daadhii dhugaa Rabbummaan (waaqummaan) isaa eessa jirti? Waaqni hoo dhugaatii daadhii dhugaa?

**Ummata**;- keessaa tokko harka baasee sagalee (qoonqa) ol kaasee wal-mormii Dr\Zakir fi William Kambel,wal mormanirratti Kiristaanonni dhugaatii nama ajjeesus yoo dhugan, akka isaan hin miine ibsan.

1.kitaaba fakkeenya boq.31 lakk.6 dhugaati daadhii nama hiyyeessa badinsatti dhihatee dhugaatii daadhii kennaafi hiyyumaa isaas haadagatuu jedhe yoo hayyame.

2. summillee dhugaa jedhee yoo hayyamame.

3. nu dhoysan malee gaanjaa(ashiishas) harkisaa kan jedhuus hin dhabamu. Waa'ee kiyyaa yoo beekuu barbaadde…….

**Arab;-** abboo hin jeeqinaa! wanni dhufneef haqa walirraa barachuuf malee kolfaaf ykn jeequuf hin dhufne.Namoonni mariif dhuftan yoo jiraattan gara wal tajjiin bahaa. Dubbii inni dubbates itti hin kolfinaa callisaa, Amantaa keessan keessatti Cuuphamuun maalif barbaachisa?

**Kaasahun**;- dilii(cubbuu) irraa qulqulla'uuf.

**Arab**;- wangeela Maatewoos boq.3 lakk. 15 dubbisi

**Kaasahun;-** "15.Yesus yommuu Yohaannis Cuuphaan akka isa cuuphuuf Galilaadhaa isa bira dhufe. ….16. ***Yesus cuuphame*** …" . asitti Yesus wanni inni cuuphameef nu barsiisuufi.

**Arab**;- Yesus dura cuuphuu kan eegalee namootas cuuphaa ture,Yohaannisi, Yesusinis kan Cuuphee Yohaanis, Waaqni kee namaan cuuphamaa?....

cuuphamee Rabbummaan(Waaqummaan) isaa hoo ta akkami Kiristaanonni tokko tokko Aayata Qur'ana boqonna 47 lakk.19 irra kan jirtu hiikkaa isaa dabsuudhaan nabi Muhummad(a.s) "dilii dalagee jira,Yesus hin dalagne jechuudhaan namoota Islaamummaa irraa beekkumsa xiqqashoo qaban dogongorsiisan. Akka Nabiin Keenya(a.s) nu barsiisetti ilmi namaa hundu badi ni dalaga. Irra caalaan warroota badii dalganii warrota gara Rabbii deebi'anii tawubatanii jedhan.Yesusis ilma namaati,osoo ilma namaa tahuu baatee, silaa ilma namaa irraa dhalatee foon namaa hin qabaatu ture, kanaafuu Yesusis dilii dalage jechuudha.

## Dhuguma Yesus Ilma Waaqaatii?

**Kaasahun**;-Yesus ilma waaqaati! Malee ilma namaatii miti, Wangeela Yohaannis boqonna 3 lakkofsa 16 "Waaqni biyya lafaa kana akkaan waan jaalateef Ilma isaa tokkicha kenne jedha" kanaafu Yesus Ilma waaqaa ti!

**Arab;-** Isin kiristaana duras ummanni biraa, kan waaqni ilma qaba jedhan ni jiru.

*Qur'an suuraa Tawubaa boqonna 9 lakk. 30*

وَقَالَتِ ٱلۡيَهُودُ عُزَيۡرٌ ٱبۡنُ ٱللَّهِ وَقَالَتِ ٱلنَّصَٰرَى ٱلۡمَسِيحُ ٱبۡنُ ٱللَّهِۖ ذَٰلِكَ قَوۡلُهُم

بِأَفۡوَٰهِهِمۡۖ يُضَٰهِـُٔونَ قَوۡلَ ٱلَّذِينَ كَفَرُواْ مِن قَبۡلُۚ قَٰتَلَهُمُ ٱللَّهُۖ أَنَّىٰ يُؤۡفَكُونَ

***<<.warri yahuuda'aa kan (uzeyri) gabricha Rabbitiin ilma Rabbii je'u sun karaa khabiirota isaanii qabatan, warri Nasaa'aaraatis kan Iisa'aan ilma Rabbiiti jedhu, karaa qeesota isaaniiti qabatan, Rabbii Gudda'aa achitti isaan Rabbi godhatanii waan khabiirroti'iifii,***

***qeesowwan isaan haraam godhaniifii,waan Rabbiin je'u didan, Iisaan Ilma Mariyamis Rabbi achitti Rabbi godhatanii,karaa Rabbirraa bayan,isaan akkatti Rabbi achitti waan biraa gabbaran sun, towraatifii, injiil keessatti, Rabbii tokkicha malee waa ibaadutti yookaa gabbarutti hin ajajamne, duuba kanumaan wajji <u>Yahuudaan uzeyrin ilma Rabbiiti</u> jette,nasaaraan yookaa ormi kiristaanaas <u>Iisaa'aan Rabbii yookaa Ilma" Rabbiiti</u> jedhanii Rabbitti waa qindeessan, Rabbi malee haqaan gabbaramaan hin jiru.Rabbiin waan kuffaarri yahuuda'aatifii kiristaanni itti qindeessurraa qulqullu'u,inni tokkichaa lama jechaan qabu.>>***

***<u>Ilma jechuun</u>*** akka kitaaba keessan keessatti ibsametti, ***<u>Gabricha</u>*** jechuu dha. Kun kan isin argitan Bible Ingliffaa kan **<u>New King James Version</u>** jedhamu. Acts 3;13 eegalee kan jiru dubbisi

**Kaasahun**;- "The God of Abraham, Isaac and Jacob, the God of our Fathers Glorified His ***<u>Servant Jesus</u>*** whom you delivered up and Denied in the presence of pilate when He was determined to let Him go".

**Arab**;- ammas Acts 4;26 dubbisi

**Kaasahun**;-"To you God having raised up his **<u>servant Jesus</u>** sent Him to bless you"

**Arab;-** keeyyatoota amma dubbiste kana keessatti Yesus ***<u>gabricha waaqaa jedhamee</u>*** jira. Kitaabni biyya keenya kan afaan Amaariffan bara 1954 fi kan bara 1980 Hiikkaman. Yablatena lij ykn Ilma (**Abaabilii)** jedhe barreesse kitaabni keessan erga Jecha waaqaati jettan keyyatootuma kanayyu jijjiiruun maalif barbaachise? Akkuma **<u>New King James Version</u>** kaayetti Qur'aanni suuraa Mariyam boqonna 19 lakk. 30

**قَالَ إِنِّي عَبْدُ اللَّهِ آتَانِيَ الْكِتَابَ وَجَعَلَنِي نَبِيًّا**

***<<(Iisaan) an <u>gabricha</u> Rabbiiti jedheen, Rabbiin kitaaba injiil jedhamu naa kenne, Ammaallee Nabiyyii Nagodhe,>>***

Qur’aanni Iissaan gabrichaa Waaqaa tahuu ragaa bahee, kitaabni keessanis erga ragaa bahe! Yesus gabricha waaqaa tahuu isaa amanuu maaltu isin dhoorge? subhaanaAllah! warroota waaqni Ilma qaba jettaniif,Rabbii kiyya
kabajaan isaa Qulqulloofte Qur’aana suuraa Albaqaraa boqonnaa 2 lakk.116

وَقَالُواْ ٱتَّخَذَ ٱللَّهُ وَلَدٗاۗ سُبۡحَٰنَهُۥۖ بَل لَّهُۥ مَا فِي ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلۡأَرۡضِۖ كُلّٞ لَّهُۥ قَٰنِتُونَ ١١٦

**<< Ormi kuffaaraa Rabbiin ilma qaba jedhan, Rabbiin ilma qabaatuu irraa qulqulluu, Rabbiin ilma hin qabu, Hundi isaaf (Rabbiif) gad jedhan, Rabbiin dachii fi samii, kan osoo wahirratti hin laallatin uume, dandeytiin isaa hangana hin jedhamtu, Rabbiin yoo argamsiisuu fedhe, waan saniin “tayi” , jedhaan wanni sun numa taati.>>**

Ammas suuraa Israa’a boqonnaa 17 lakk.111

وَقُلِ ٱلۡحَمۡدُ لِلَّهِ ٱلَّذِي لَمۡ يَتَّخِذۡ وَلَدٗا وَلَمۡ يَكُن لَّهُۥ شَرِيكٞ فِي ٱلۡمُلۡكِ وَلَمۡ يَكُن لَّهُۥ

وَلِيّٞ مِّنَ ٱلذُّلِّۖ وَكَبِّرۡهُ تَكۡبِيرَۢا

***<<wanni jettu Faaruun ta Rabbiiti, kan ilmoo hin qabne, kan jaartiis hin qabne, ….***
Suuraatul jinn boqonnaa 72 lakk.3

وَأَنَّهُۥ تَعَٰلَىٰ جَدُّ رَبِّنَا مَا ٱتَّخَذَ صَٰحِبَةٗ وَلَا وَلَدٗا ٣

**<<Guddinni Rabbii keenyaa ol taye, waan isaan hin malle hundarraa guddatee, Jaartii hin qabu, *__Ilmallee hin qabu__*.>>**

Ummanni Yahuudaa Ilmi waaqaa ***__Izra'a(uzeyri)__*** jedhani amanu. Isin warri Kiristaanaa ammoo **Izraa'a miti "Yesus"** jettanii amantan. Muslimoota gara amantaa keessanii yaamuun dura isin warri waaqni ilma qaba jettanii Amantan, dura ofumaa walii galaa.Yoo isinuu ilmi waaqaa kam akka tahee walii galuu dhabdan. Isin hundinuu akka kijiba Waaqarratti oofaa jiratan beeka.Kitaaba qulqulluu keessan seera Ba'uu boqonna 4 lakk. 22 dubbisi

**Kaasaahun**;- "atin dhiibbaa nurratti uumaa jirta,ofiif yeroo dubbattu sa'ati guddoo fayyadamta, nuuf ammoo, sa'aa muraasa qofa nuuf kennita, keeyyaticha hin dubbisu.

**Arab**;- hin sobin! hamma feete dubbachuu namni si dhoorge hin jiru, yoo atin dubbisuu baatte anatu dubbisa " Waaqayyo 'Isra'el(Yaaqoob) **__ilma kiyya kan hangafaati__** jedheen".Isinis akka kitaabni keessan jedhutti ilmaan (ijoollee) waaqaa keessaniiti.

**Kaasaahun**;- nutin Ilmummaa waaqaa kan arganne, Ilma isaa Yesusitti Amanudhaani, Yesus dhufuudhaan dura Ilma waaqaa kan jedhame tokkolleen hin jiru.

**Arab;-**keeyyanni anin amma siif dubbise kun Yesus dhalatuudhaan duratti yeroo **kitaaba kakuu moofaa keessatti.** Akkasumas Yesus dhufuudhaan duratti kitaaba seera keessa deebii boqonna. 14 lakk.1 Hoodhu dubbisi

**Kaasaahun;**- hin dubbisuu siin jedhe maalif na rakkifta?

**Arab**;- yeroo dhibii kan Muslimoota Amantaa Islaamaa irraa beekkumsa guddaa hin qabne bobbaaf gala dhoorguudhaan Dogongorsiiftan isini,amma ammoo kitaabuma keessan dubbisuu diddan, anin dubbisi kan siin jedhuuf akka atin dogongoraan dubbise naan hin jenneefi, erga atin dubbisuu didde ammas anumatu dubbisa. Rabbiin keenyas dubbisiisaa nuun jedhe malee, Dubbisaafi nuun hin jenne.seera keessa deebii boqonna. 14 lakk.1 "Isin ***__Ijoollee Waaqayyo__*** Gooftaa keessanii ti,

**Kaasaahun**;- Isin ummata Muslimaatiif waan isinii hin galintu jira. Waaqni

ilma argatee jechuun keenna, Haafuuraan malee, akka namaa jaartii fuudhee jaartiin qunnamtii saalaa qunnamee dhale jechuu keennaa miti.

**Ibraahim;-** kitaaba kee yeroo dubbisi siin jedhan, "hin dubbisuu jetta" mormiif ammoo ofumarraa kaaftee dubbatta. Nuti waan atin afaaniin haasoftu kanaa mitii ragaa feenaa . kitaaba keetiirraa ragaa nuuf kenni.

**Arab**;- jalqabummayyuu namaafi wanti lubbuu qabu hundi kan dhalu Fakkaataa isaati,Yesusifi Abbaan isaa wal fakkaatan jechuu keetii?

**Kaasaahun**;- lakki akkasii mitii, Waaqni Haafura, Yesuus garuu Foon Ilma namaa qaba.

**Arab**;- nu akka Rabbiin Qur'aanaan nu barsiisetti. Suuraa Mariyam boqonna 19 lakk. 19-37 (Iissaan Yesus) Ilma Rabbiin Abbaa malee Mariyamii kenne akka tahe nu barsiisa,Kana Muslimni shakkii qabu hin jiru. Isin waan yesus Abbaa malee dhalateef "Yesus Ilma Rabbiiti" jettan. Mee waan si gaaffadhu, Waaqa kan Saamii torbaniifi Dachii Torban, waan nabsee qabuu fi hin qabne, waan dachiifi samii jidduu jiru, akkasuma Abbaa keenya Adamiin dhoqqee irraa, dubartii cinaacha Dhiiraa kan Adam irraa umuun,kan isa hin dhibin,Yesusii tokkicha Abbaa malee dubartii irraa ummuun isa dhibaa?

**Kaasaahun**;- cal!

**Arab**;-obboleesso kitaabini keessan Yesus mallattoo(mughjizaan) dhaan dhalatuu isaatu mamii(shakkii) nama naqa.

**Kaasaahun**;-homaa mamii (shakkii) nama hin naqu, sabaabaanis. Wangeela luqaas boqonnaa 1 lakk.31 irraa eegalee" kunoo Ulfoofta ilma dhiraas ni deessa" jedha. kanaafu otuu namni tokkolleen harkaan ishee hin qabatin ulfoofte.Kanaafu mamii ykn shakkii nama hin naqu.

**Arab**;-keeyyata atin amma dubbiste kana anin arguu dhabeetii miti wangeela Maatewoos boqonna. 1 lakkofsa 18 Maariyaam erga Yoosefii ***kaadhimamte*** booda ulfoofte jedha.Otuu isaaf hin kaadhimamin duraa silaa ulfooftee, maallattoon(mughjizaan) dhalate fakkaata ture. Erga isaaf kaadhimamte silaafuu jaartii isaatii, kan ulfoofte Yoosef Irraa fakkaata.Ammas wangeela Luqaas boqonna 2 lakk.41-49 kan jiru irratti "Maariyaam yaa Ilma koo(Yesus) maalif akkana nu goote? ***Kunoo***

***abbaan kee (Yoosef) anis* baay'ee yaaddofne si barbaadaa turre "** jetteen**.**

Amma hoo Ilmi kan eennuu fakkaata?

**Ummanni;-** ilma Yoosef fakkaata!

**Arab;-** Alamaayyahun faan deebi'an, baay'inni ummataas haalaan dabalaa dhufe, kitaabni keessan isiniifuu hin galle,Otuu isinii galee jiraatee,silaa Muslimootaan wajjiin wal mari'atuu hin sodaattan ture.Qur'aana suuraa Yuunuus boqon 10 lakkofsa 66

أَلَآ إِنَّ لِلَّهِ مَن فِي ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَمَن فِي ٱلۡأَرۡضِۗ وَمَا يَتَّبِعُ ٱلَّذِينَ يَدۡعُونَ مِن

دُونِ ٱللَّهِ شُرَكَآءَۚ إِن يَتَّبِعُونَ إِلَّا ٱلظَّنَّ وَإِنۡ هُمۡ إِلَّا يَخۡرُصُونَ ٦٦

<<***… Isaan ni kijiban malee dhugaan dubbatan, waan dhuga'aa, kan Rabbiif hiriyaa godhu'utti isaan kaase, hin qaban,waan kijibaamalee…***>>

Ammas suuraa Mariyam boqonna 19 lakkofsa 88-93

وَقَالُواْ ٱتَّخَذَ ٱلرَّحۡمَٰنُ وَلَدٗا ٨٨ لَّقَدۡ جِئۡتُمۡ شَيۡـًٔا إِدّٗا ٨٩ تَكَادُ ٱلسَّمَٰوَٰتُ يَتَفَطَّرۡنَ

مِنۡهُ وَتَنشَقُّ ٱلۡأَرۡضُ وَتَخِرُّ ٱلۡجِبَالُ هَدًّا ٩٠ أَن دَعَوۡاْ لِلرَّحۡمَٰنِ وَلَدٗا ٩١ وَمَا يَنۢبَغِي

لِلرَّحۡمَٰنِ أَن يَتَّخِذَ وَلَدًا ٩٢ إِن كُلُّ مَن فِي ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلۡأَرۡضِ إِلَّآ ءَاتِي

ٱلرَّحۡمَٰنِ عَبۡدٗا ٩٣

<<***yahuudaafi nasaaraan, akkasuma Rabbiin ilma qaba jedhan,***

***dhugumaan jecha hamaa badaan dhuftan, takkaayuu jettan. Hameenya waan isaan jedhan irraa samiin dhooyu'uuf dhiyaatti, dachiinis dhooyuuf dhiyaatti,Gaarrinis jijjigee lafa dhayu'uuf dhiyaata, isaanirra kukkufuuf.Sababaa isaan Rabbiin ilmoo qaba jedhaniif, Rabbiin ilma qabaatuun waan isaan hin malle, wanni samiifi dachii keessa jiru hundi, kanneen Rabbiif gad jedhan, kan gabrummaan guyyaa qiyaamaa Rabbitti dhufan malee hin taane,>>***

**Alamaayyahu**;- akkuma dhufeen dubbii na saamee, Miykii(makarafoona) butee. Wangeela Yohaannis boqonnaa 8 lakkofsa 58-59 … "Kana Irratti Yihuudonni Atin waggaa shantamayyuu hin guunnee, akkamitti Abrahaamiin argite?" jedhaniin,Yesus immoo deebisee "Dhuguma Dhuguma isinitti himaa ***Abraham utuu hin dhalatin iyyuu ani jira ture***" isaaniin Jedhe.Yesus Ilma waaqaa osoo tahuu baatee Abraham dhalatuun dura silaa hin jiru Ture, Abrahaam dura jiraatuun isaatuu ilma waaqaa Isa gootii.

**Arab**;- akka kitaabni kee jedhu yoo taate, Abrahaam dhalatuun dura atis Ummamtee turte, atis Ilma waaqaati kaa? Kitaaba Lallabaa boqonna 3 lakkofsa 14-15 dubbisi

**Alamaayyahu**;- "Wanti Waaqayyo hojjetu hundinuu bara baraan akka jiraatu anni beeka, wanti isatti dabalamu yookiin isa irraa fuudhamu tokkolleen hin jiru, Waaqayyo namni akka isa sodaatuuf wanta akkasii kana godhe,

***Wanti amma jiru isuma dur tureedha, wanti asi'achi ta'us isumadur ta'ee ture*** dha, Waaqayyo Isuma darbe deddebisee hojjata.

**Arab**;- dhalatuu keenyaan duratti Waaqa biratti dur ummamne; kanaafuu Abrahaam dhalatuun dura, atis ni jirta turte jechuudhaa; ragaan Yesus Ilma Waaqa godhuuf atin fidatte kanuma qofaa?

**Alamaayyahu**;-wangeela Yohaannis boqonna 8 lakkofsa 12 "Yesus ammas namootatti dubbatee "***Ani ifaa biyya lafaa(addunyaa)"*** jedhe namni na duukaa deemu ifaa jireenya qaba malee dukkana keessa hin adeemu(deddebi'u)" jedhe." Qur'aana keessan keessattis Suuraa Nuur boqonna 24 lakkofsa 35 irratti waaqni Ifaadha waan jedhuuf, Yesus Ifaa

jedhamee yaammamuun Ilma Waaqaa isa gooti.

**Arab**;- lakki Ilma waaqaa isa hin gootu, sababaanis ifaa Addunyaa kan jedhaman heddutu jira. Kitaaba kee wangeela Maatewoos boqonna 5 lakkofsa 14 dubbisi

**Alamaayahu;**- “isin (Hawaariyoonni) Ifaa biyya lafaa(addunyaa) tanaati Gandi tulluu irratti ijaarame isin dhokachuu hin danda’u” jedheen.

**Arab**;- keeyyata amma dubbiste kana keessatti Yesus Hawaariyoota isaatiin **ifaa Biyya lafaati”** jedheen. Hawaariyoonni isaatis ilmaan Waaqaati jechuu keeti  kaa? Akkasumas Qur’an suuraa Ahgzaab boqonna 33 lakkofsa 46

وَدَاعِيًا إِلَى اللَّهِ بِإِذْنِهِ وَسِرَاجًا مُّنِيرًا

***<<(yaa Muhammad)kan karaa Rabbitti iznii Rabbiitiin Nama yaamtu, Ifaa qajeello’oo si goone, ati akka adu’uutti muldhatta, namni siin hin mormu ati ifa’aa, kan >>***

akka jettu kanaan Muhammadis(a.s.w) ilma Waaqaati jechuu keeti kaa?

Suuraa Anbiya’aa boqonna 21 lakkofsa *48*

وَلَقَدْ ءَاتَيْنَا مُوسَىٰ وَهَٰرُونَ ٱلْفُرْقَانَ وَضِيَآءً وَذِكْرًا لِّلْمُتَّقِينَ ﴿٤٨﴾

*<<kitaaba Towraat, kan haqaafi baaxila, haraamiifi halaal, adda baasu, **kan ifaa dukkana wallaalatiifi ifaa dukkana kufri’ii taye**, kan gorsa warra Rabbi  sodaatuu taye ....>>*

Qur’aana keessatti Rabbiin Anbiyoota(Nabiyoota) isaatiifi kitaabonni isaa biraa bu’an hundinuu ***Ifaa*** jedhamanii waammamanii, kanaafuu isaanis Ilmaanuma  Waaqaati jechuu keessani kaa?

Qur’aan suuraa An’am boqonna 6 lakkofsa 104

قَدْ جَآءَكُم بَصَآئِرُ مِن رَّبِّكُمْ ۖ فَمَنْ أَبْصَرَ فَلِنَفْسِهِۦ ۖ :

***<<yaa ergamaa kiyya Muhammad, ummata keetiin akka jettu, wanni***

***karaa haqaa isin agarsiisuf (ifaan)* Rabbii keessanirraa isinii dhufte, ….. >>**

Atin yesus ilma Waaqaa gochuuf ***Ifaa*** jedhamee waammamuun isaa ni gaha jettee jirtaa, isaawwan biroo kan ifaa jedhamanii waammaman hoo maal godhuu hedda?

## Dhuguma Yesus du'aa Heyyama isaatiin kaasee?

**Alamaayyahu;-** wangeela Yohaannis boqonnaa 11 lakkofsa 39 irratti Yesus Du'aa kaasee jira, isinis warri Muslimaa ni dhoksitan malee akka inni du'aa Heyyama isaatin kaasee Qur'aan keessan keessattis barreeffamee jira.

**Arab;-**Qur'aana miti kitaabuma keessan keessattuu Yesus du'aa heyyama isaatiin hin kaafne.Yoo heyyama mataa isaatiin kaase kan jettu taate kitaabni Qulqulluun amantaa keetiifi Qur'aannis kunoo, Wangeela Yohaannis boqonnaa 11 lakkofsa 39-41 dubbisi.

**Alamaayyahu**;- "Yommuu Yesus dhagicha fuudhaa jedheen, Maartaan obboleettiin namicha du'ee erga du'e guyyoota Afur gayee jiraa,yoona haafura godhate(ni ajaa'a) jetteen…. 41. Yesus garuu ***Ol ilaalee yaa Abbaa! anaaf dhaga'uu keetiif, si galatoonfadha jedheen*." 43. *Akka atin yeroo hunda na dhegeettu beekee*** *jira'' jedheen," garuu namoonni as dhaabbatan kun. **Akka ati ana ergite haa amananiifan kana jedhe" jedheen'***. Kana jedhee sagalee guddaadhaan "Alaazaar as ba'i!" jedhee waame, 44. Kanaaf namichi du'ee ture sun awwalicha keessaa gad bahee, miila isaa lamaanifi harka isaa lamaanitti wayaan hidhamee, fuula isaattis uffanni maramee ture, Yesus,irraa hiikaatii gadi dhiisaa haa deemu isaaniin jedhe".

**Arab**;-Yesus gara oli laaluun maalif barbaachise? Waaqa yoo tahe ufumaaf isaatii maalif hin kaasin? Kan kaase heyyama waaqaatiin akka tahe ifa. Kadhaan inni Waaqa kadhate, akka awwatamteef (dhagayamteef)

yommuu arge. ***yaa Abbaa! anaaf dhaga'uu keetiif, si galatoonfadha jedheen.*"** Waaqni utuu isaaf dhagayu baatee, Yesus maal ta'a ture?..***namoonni as dhaabbatan kun. Akka ati ana ergite haa amananiifan kana jedhe" jedheen*** Asitti ergamuu isaas ni agarsiisaa, ergamaa ta'uu isaas amani.Qur'aana suuraa al Imraan boqonna 3 lakkofsa 49

وَرَسُولاً إِلَىٰ بَنِيٓ إِسۡرَٰٓءِيلَ أَنِّي قَدۡ جِئۡتُكُم بِـَٔايَةٖ مِّن رَّبِّكُمۡ أَنِّيٓ أَخۡلُقُ لَكُم مِّنَ
ٱلطِّينِ كَهَيۡـَٔةِ ٱلطَّيۡرِ فَأَنفُخُ فِيهِ فَيَكُونُ طَيۡرَۢا بِإِذۡنِ ٱللَّهِۖ وَأُبۡرِئُ ٱلۡأَكۡمَهَ وَٱلۡأَبۡرَصَ
وَأُحۡيِ ٱلۡمَوۡتَىٰ بِإِذۡنِ ٱللَّهِۖ وَأُنَبِّئُكُم بِمَا تَأۡكُلُونَ وَمَا تَدَّخِرُونَ فِي بُيُوتِكُمۡۚ إِنَّ فِي ذَٰلِكَ
لَأٓيَةٗ لَّكُمۡ إِن كُنتُم مُّؤۡمِنِينَ ﴿٤٩﴾

***<Ammallee ilma sii kenne san(Iisaa) banii Isra'el yookaan yahuudatti isa erga, jallinarraa isaan deebisuuf jecha,duuba Rabbiin nabi iisaa yahuudatti erginaan wanni jedheen, Rabbitu isinitti na ergee, akka Rabbiin keessan na erge milikkataan isinitti dhufe, nadhugoomsa'aa natti amanaa, jedheen, milikkatan an ergamaa Rabbii tayurraa tokko, biyyeerraa waan akka shinbirroo bordoda(dhuqqee)rraa isinii tolche yookaan dhawee,duuba hoggaa anin hafuura itti afuufe, shinbirroo tayee barara, Qudraa Rabbiitiin akkasumatti(shinbirree) hafuura itti afuufee shimbirroo tayee barara,fedhii Rabbiitiin isaanii laalee argu, Akkasuma nama ija malee dhalaten fayyisa, nama dhukkuba qaama nama addeessu qabus nan fayyisa fedhii Rabbiitiin>***

atin "Qur'aana keessattis Yesus du'aa heyyama isaatin kaasee ni dhoksitan jettee" yesus heyyama mataa isaatiin du'aa kaase, kan jedhu keeyyata Qur'aana kana keessa mee bakka tam jira ree?

**Alamaayyahu**;-cal!
**Arab**;- mallattoon (mu'ujizaan) du'aa kaasuu dhaa,Yesus ykn Iissaa dhaan hin Jalqabamnee. Qur'aana suuraa Al Baqaraa boqonnaa 2 lakkofsa 260 ,

وَإِذْ قَالَ إِبْرَٰهِـۧمُ رَبِّ أَرِنِى كَيْفَ تُحْىِ ٱلْمَوْتَىٰ ۖ قَالَ أَوَلَمْ تُؤْمِن ۖ قَالَ بَلَىٰ وَلَـٰكِن
لِّيَطْمَئِنَّ قَلْبِى ۖ قَالَ فَخُذْ أَرْبَعَةً مِّنَ ٱلطَّيْرِ فَصُرْهُنَّ إِلَيْكَ ثُمَّ ٱجْعَلْ عَلَىٰ كُلِّ جَبَلٍ مِّنْهُنَّ
جُزْءًا ثُمَّ ٱدْعُهُنَّ يَأْتِينَكَ سَعْيًا ۚ وَٱعْلَمْ أَنَّ ٱللَّهَ عَزِيزٌ حَكِيمٌ ﴿٢٦٠﴾

***<<Yaa ergamaa kiyya Muhammad, waan nabi Ibraahim jedhe dubbadhu, wanni nabi Ibraahim jedhe, Yaa Rabbi akka atin waan du'e itti jiraachiftu,ijaan na agarsiisi jedheen, Rabbiin akki jedheen, akka anin waan du'e jiraachisu hin dhugoomsituu jedheen, jennaan Nabi Ibraahim, Yaa Rabbi nan dhugoomsaa, gaaruu wannin si gaafadheef akka argaan qalbiin tiyyaa guutamtuu'ufi, akka argaa qalbii tiyya gammadduufi jennaan. Rabbiin akka jedheen, gosa simbirroo afur fuudhi, duuba simbirroo afran san ofitti as fuudhii,qalii mummurii foonifii, baallii isi'ii walitti makii akka addaan hin beekamne godhi, Duuba fooniifii baallii isii walitti laaqamerra gara biyya teetii hundarra qoodii kaayi, ergasii foonifii baalli shimbirrootaa saniin koottaa jedhiini, ifitti yaami, hundi isaanii jiraattee oriitee sitti dhuftii…..>>***

Suuraa Al ra'ad boqonna 13 lakkofsa 38

وَلَقَدْ أَرْسَلْنَا رُسُلًا مِّن قَبْلِكَ وَجَعَلْنَا لَهُمْ أَزْوَٰجًا وَذُرِّيَّةً ۚ وَمَا كَانَ لِرَسُولٍ
أَن يَأْتِىَ بِـَٔايَةٍ إِلَّا بِإِذْنِ ٱللَّهِ ۗ لِكُلِّ أَجَلٍ كِتَابٌ ﴿٣٨﴾

***<< …Ergamaan tokkolleen (<u>heyyama) iznii Rabbiitiin malee Mukgjizaa</u> <u>fiduu hin dandayu</u>, maalif Mukgjizaa nutin siif kenninee Dhiisanii Mukghizaa biraa fiduu barbaadan?, hukmiin yookaan Murtiin marri waytii qabdi.>>***

Mee amma gara kitaaba keessanii haa deebinuuti. kitaaba seera Mootata 2ffaa boqonna 4 lakkofsa 32 dubbisi

**Alamaayyahu**;- baallama wahii waan qabuuf deemuu kiyya!

**Ibraahim**;- kun haqa baqatuuf waan isin gootan, Silaa osoo dhugaan beellama qabaattee, marii kana eegaluun dura silaa dubbatta ture. Ykn reefu yogguu demtan hin deebitu turte. Beellamni kana caalu hin jiruu, marii gaggeessi.

**Namni tokko**;- harka baasee, ana maqaan koo Antanah naan jedhan, wanti atin hanga ammaa dubbatte hundinuu dhugaa tahuu isii guutumaan guututti nan amanaa, yaadannoos qabadhee jiraa, yoo Isaan sodaatanii ka deeman taatellee, atin barumsa itti nuu fufi, kaayyoon kiyya guddaan haqa qabadhee du'uu dha!

**Buruk**;- lakki hin sodaannee! osoo sodaa qabaannee silaa reefuu yogguu demne san hin deebinu ture.

**Arab**;- isin deemtanis, anin barumsa kiyya itti fufa, Ummata keessaa nama tokko kan as bahee kitaabota naaf dubbisu barbaada, Jalqaba garuu carraan kiristaanotaaf kenna.

**Antanah**;-Anatu siif dubbisa! kitaaba seera Mootata 2ffaa boqonna 4 lakk. 32 "yeroo Elsa'in dhufee mana seenu Mucichi, du'ee Reeffi isaa siree irra jira. Elsaan akkuma olseeneen balbala gama lachuunuu cufatee Waaqayyoon kadhate. Kana booda siree irratti bahee. Afaan isaa Afaan Mucichaa irra,harka isaa harka Mucichaa irra, kaaye Isarra ciise, akkuma inni mucicha irra ciiseen qaamni mucichaa hoo'uu eegale. Elsaan irraa ol ka'ee kutaa manichaa keessa asiifi achi deddeemee, booddee siree irratti deebi'ee mucaa irra diriirfatee ciise. Mucichis si'a torba haxxifatee. Ija banate. Elsaan shuunee Gehaazii waamee "shuuneemitti(ta ilmi irraa du'e) kana waami" jedheen, isiin dhufnaan,<u>**(Ilma kee ka du'e) siif kaasee fudhadhu jedheen.**</u>

**Arab**;-ammas kitaabuma seera mootota lammaffaa boqonnaa 8 lakkofsa 5 dubbisi.

**Antanah**;-Gehaaziin immoo deebise, Elsaa'in warra **du'anitti lubbuu deebisee akka jiraachisaa ture,** himaa utuu jiruu, dubartiin Elsaa'in ilma isititti lubbuu deebise dhufte….Ilmi ishee kan anin **lubbuu itti deebise** kana jedheen.

**Arab**;- Takbiir!

**Muslimoonni**;- Allahu akbar!

**Arab**;- obboleeyyan keenya kan kiristaanaa. Yoo dhugaan haqa kan barbaaddan taate hin deeminaa! Ammas kitaaba seera mootota 1ffaa boqonna 17 lakkofsa 20 dubbisi.

**Antanah**;- "Achumaanis sagalee isaa ol fuudhee "Yaa waqayyo gooftaa koo! haadha Hiyyeessaa ishee anin bira taa'u kana ilmi ishee akka du'u gochuu keetiin wanta hamaa akkasii isittis fiddee?" jedhee Waaqayyotti booye.

21. yommuu inni si'a sadii mucicha irratti diriiree "Yaa Waaqayyo gooftaa koo! hadaraa Lubbuun Mucaa kana akka…

22.***kadhaa Eliyaas Waaqayyo dhagayeefi Mucichatti lubbuu deebise***

**Arab;** ammas Hojii ergamtootaa boqonna 9 lakkofsa 40 dubbisi

**Antanah**;-"Pheexroos garuu hunduma isaanii ala baasee, ofii isaatii Jilbiinfatee, kadhate, ergasii gara ***Reeffichaa garagalee, "Xaabitaa, ka'i jedheen, Isheenis ija ishee banaattee, Pheexroosiin yommu argite ol kaasee teesse.***

**Arab;-** ammas 'hojii ergamtootaa boqonna 20 lakkofsa 9-11 dubbisi.

**Antanah**;-"darageessi Oyxikees jedhamu tokko hulaa irra taa'aa ture, Phawuloos ittuma fufee dargaggeesicha hirribni fudhatee sokke. Inni hirriiba keessa utuu jiruu, hulaa mana gubba isa sadaffa irraa **lafa dha'ee du'ee**, namoonni du'aa isaa lafaa kaasan….Phaawuloos isaa Du'e kaase.

**Arab**;- tunniin, **Elsa'a**, ***Eliyaasii***, **Yesus**, **phawulosii**, **phexrosi**,… du'aa Kaasanii, hundi isaanituu waaqota jechuu keetii kaa?

**Antanah**;- tunniin hundi akkamitti waaqota tahuu dandeetti?

**Arab**;- Qur'aana suuraa Al imraan boqonnaa 3 lakkofsa 73

وَلَا تُؤۡمِنُوٓاْ إِلَّا لِمَن تَبِعَ دِينَكُمۡ قُلۡ إِنَّ ٱلۡهُدَىٰ هُدَى ٱللَّهِ أَن يُؤۡتَىٰٓ أَحَدٞ مِّثۡلَ مَآ أُوتِيتُمۡ أَوۡ يُحَآجُّوكُمۡ عِندَ رَبِّكُمۡۗ قُلۡ إِنَّ ٱلۡفَضۡلَ بِيَدِ ٱللَّهِ يُؤۡتِيهِ مَن يَشَآءُۗ وَٱللَّهُ وَٰسِعٌ عَلِيمٞ ﴿٧٣﴾

*<<...Rabbiin abbaa fedheef,* ***gabroota isaatirraa waan fedhe kennaaf****>>*

Barumsa warroota nuun deemuu malee, kan kitaaba qulqullutifii kan Qur'aanas hin fudhannu yoo kan jettan taate. Suuraa Al Ahzaab boqonna 33 laakkofsa 66-68

يَوْمَ تُقَلَّبُ وُجُوهُهُمْ فِي النَّارِ يَقُولُونَ يَا لَيْتَنَا أَطَعْنَا اللَّهَ وَأَطَعْنَا الرَّسُولَا
وَقَالُوا رَبَّنَا إِنَّا أَطَعْنَا سَادَتَنَا وَكُبَرَاءَنَا فَأَضَلُّونَا السَّبِيلَا
رَبَّنَا آتِهِمْ ضِعْفَيْنِ مِنَ الْعَذَابِ وَالْعَنْهُمْ لَعْنًا كَبِيرًا

***<<guyyaa fuulli isaanii ibidda keessa gara gaggalfamu, yaa sheenaa teenya, jedhan, Odoo Rabbiin dhageenye, Rasuula isaatis dhageenyee, amannee, azaaba kana jalaa baana jedhanii sheenayan, Mootota keenya gooftota keenya dhageenyeeti, karaa haqaa irraa nu jallisanii, Yaa Rabbi Kenya, azaaba dachaa godhii kenniif,(azzabi) kan azaaba keenyatti harka lama deebi'u, waan jallatanii nus jallisaniif, Azaaba guddaa, yookaan hedduu isaan azaabi isaan qixaaxi, rahmatarra isaan fageessi>>****jedhu.*

Guyyaan sun dhufuun duratti, ardhuma haqatti amanaa, waan haqaa jala deemaa. Kitaaba Isaayaas Raajicha boqonnaa 3 lakkofsa 12 dubbisi

**masfin;-**gara wal tajjii deebi'ee, anatu dubbisa

**Arab;-** hayye dubbisi

**Masfin;-**"yaa ummata kiyya, warri isin gaggeessan **karaa irraa isin kaachisaniiru, daandii qajeelaa irraas isin gorsaniiru**

**Arab;-**keeyyatuma kana kitaabni qulqulluun keessan ka bara **1980** hiikkame.

**Yaa ummata kiyya warri isiniin deeman isin dogongorsiisaniiru**

**<u>karaa isin irra deemtanis jallisaniiru</u>**" jedha.Karaan hin jallatin islaamummaadha. Islaamummaa nuun waajji qabadhaa Jennee isin yaamna.

# <u>Dhuguma Jannataa fi Jahannam hin jirree?</u>

**Garramawu**;-harka baasee, ani maqaan koo Gaarramawu jedhama. Duraan kiristaana ture, amma garuu **<u>Oshoon</u>** hordofa, anin jannataafi Jahannamis hin jiran jedhee amana. Maalif hin jirre yoo kan jettu taate, Yesus kiristoos wangeela Yohaannis boqonnaa 11 lakkofsa 25 namni Waaqatti amanee, yoo du'es, yeroo du'ee sanirraa eegalee Jannata seenaa (jiruu abad) taate jiraata jedha, Wangeela Yohaannis boqonna Yesus Alaazaarin erga inni du'e kaasee jira, Alaazaar guyyoota afuriif Qabrii keessa ture, guyyaa afran kana waan keessa ture Jannata Ykn Jahannam seene jedhe wanni inni ummatatti hime hin jirtu, Alaazaar nama waaqatti akkaan amane ture.Osoo jahannamii fi Jannatni jiraatanii silaa isaa du'a argetu ummatatti hima ture.Akkanaan ifaajjan malee, jannataafi jahaannamis hin jiran!

**Arab**;- gaaffiin kee guddaan kanumaa?

**Garramawu**;-eeyyee! kanaa ol maal barbaadda?

**Arab**;- jalqaba waanti anin sigaafadhu, Alaazaarii yeroo inni du'ee guyya Afur booda ka'u, nafseen(lubbuun) tee guyyaa afran kana keessa, eessa turte jedhee eennutu gaaffate? Osoo gaaffatamee inni afaan isaatiin jannannis jahannamis hin seennee kanaafu(jannannis jahannamis) hin jiran jedhee silaa ni shakkita(mamii) godhatta ture, garuu hin gaaffatamne, gaaffatamee yoo kan jettu taate, Ragaa fidi?

**Garramawu**;- kitaaba guutuu dubbisee, gaaffatame kan jedhu hin jiru.

**Arab**;-1.erga inni hin gaaffatamne jette, Jahannamii fi Jannanis Hin jiran jechuu hin dandeessu.

2. Yesus Heeyyama Waaqaatiin du'aa kaasuu ni amantaa miti?

**Garramawu**;- eeyye nan amana!

**Arab;-**Yesus heeyyama waaqaatiin du'aa kaasuu yeroo amantu, Waaqnis jiraatuu Isaas amana jirtaas beeki. Waaqni jiraachuu erga amante Jannataafi Jahannamis Rabbiin biratti waan xixiqqoo isiitii,Waaqni ni uuma.

**Ibraahim**;- Takbir!

**Muslimoonni**; Allahu Akbar!

**Arab;-** anin namoota amantaa hin qabne hedduu waliin yeroo baay'ee nan mari'adha, hedduun isaanii erga duune booda hin kaafamnu, jechuudhaan,Jannataafi Jahannamis hin jiran jedhanii naan mormu, namni jannataa fi jahannamis hin jiran jedhee amanu, nama du'aan booda hin ka'u jedhee amanu qofa, namni erga du'e booddee hin ka'u yoo kan jedhutaate,Jalqaba eessaa dhufte, Eennutu si uume, akkamitti si uume,…?

gaaffilee jedhan yoo isa gaafanne, deebiin inni kennu Rabbitu na uume kan jedhu taha, duuba Rabbii dhabamarraa isa argamsiise, guyyaa qiyaama'aa lafee foon uffisee kaasuun maal isa dhibdi?

Qur'aan suura al Mariyam boqonna 19 lakkofsa 66-67

وَيَقُولُ الْإِنسَانُ أَإِذَا مَا مِتُّ لَسَوْفَ أُخْرَجُ حَيًّا

أَوَلَا يَذْكُرُ الْإِنسَانُ أَنَّا خَلَقْنَاهُ مِن قَبْلُ وَلَمْ يَكُ شَيْئًا

فَوَرَبِّكَ لَنَحْشُرَنَّهُمْ وَالشَّيَاطِينَ ثُمَّ لَنُحْضِرَنَّهُمْ حَوْلَ جَهَنَّمَ جِثِيًّا

**<<namni eega du'anii kaafamanii gaafatamuu eehatamuu didu ni jedha, si yoonan du'e, jiraadheetan qabri'i kaafamu'uu isaa hin kaafamu hin jiraadhu jechu'uu, duuba Rabbiin taa'aa? Akkana jechuun isaa isarratti deebisee akka jedhe, si namni akkas jedhu sun hin yaadatuu?Akka nuti isaa wahi hin jedhamne,isaa hin jirre isa uumnee, jiraatee wahi jedhamee, yaadatee, isuma duraan na uumetu ammas lammata na deebisa jedhee hin beekuu? Jalqaba isa deebisuu isaatiif ragaan godhatuu? Rabbii keetiin sii kakadhe, warra qabri'ii kaafamuu dhugo'oomsuu didu san qabri'ii kaafneeti walitti qabna, sheyxaana isaaniitiin wajji, shanshalataan**

**hiinee, Eegasii moggaa jahannamitti walitti isaan qabna.>>**

Duuba Rabbii dhabamaa irraa nu argamsiise(nuhii hin turin nu uume) lafee teenna kaasuun maal isa dhibdi?

Suuraa al-Ibraahim boqonna 14 lakkofsa 20

وَمَا ذَٰلِكَ عَلَى ٱللَّهِ بِعَزِيزٍ ﴿٢٠﴾

**<sun waan Rabbi dhibuu miti>>** Duuba Rabbiin maaltu isa dhiba?

**Muslimoonni;-** Rabbiin wanni takkalleen isa hin dhibdu!

**Arab;-**suuratu-Luqmaan boqonnaa 31 lakkofsa 28

مَّا خَلْقُكُمْ وَلَا بَعْثُكُمْ إِلَّا كَنَفْسٍ وَٰحِدَةٍ ۗ إِنَّ ٱللَّهَ سَمِيعٌۢ بَصِيرٌ ﴿٢٨﴾

**<<Uumaa keessaniifi eega duutan, qabrii isin kaasuun akkuma lubbuu takkittii uumu'uuti, takkaa kaasu'uuti Waa takka isatti hin jabaattu, maalif, Rabbiin hoggaa waadalaguu fedhe,waan saaniin *(tayi)* jedha, yoo dhabamsiisuu barbaades waan saniin *(tayi)* jedha, Rabbiin ka waan dhagayamu hunda dhagayu>>.**

Jannataafi Jahannam jiraachuu isaanii wanni amanuu diddeef, du'aa ka'uu kakee waan hin amaniniifi,kaayyoofi adeemsi **Raajnish(Osho)** kanuma ture. Amma hoo maal jetta?

**Garramawu**;-hanga ammaa maalif nutti calliftan? Gaaffii waggaa 8 guutuu Deebii itti dhabe ardha naaf deebiteee, ragaafi Loojikni keessanis akkaan amansiisaadhaa, yeroo naaf keennaatii yoo Rabbiin jedhe Nan Amana, (Islaama).

**Ibrahim**;- Allahu Akbar! Ragaan keenna amansiisaa tahuun, sababaan isaa Haada Rabbii kan hin cinne waan qabanneef, Qur'aana suuraa Al imraan boqonnaa 3 lakk. 19 Amantiin Rabbi(Waaqni) beekus Islamummaa qofa.

**Arab;**-haqa barbaadaa namaati jechuun kan yeroo Gaaffii isaatif deebiin deebiteef duubatti irraa hin deebinee, Islaamummaa seenuuf Jechoota lama qofatu si barbaachisaa, Isaanis Allah malee gabbaramaan haqaa akka hin jirre ragaa bahuufi Nabi Muhammad(s.a.w.) ergamaa waaqaa tahuu isaani amanuu(ragaa) bahuu qofa.

**Garramawu**;- maarree kana lamaan qofa taanaan Haqaan gabbaramaan Allah malee akka hin jirre ragaa bahaa Nabi Muhammad(s.a.w.) ergamaa waaqaa tahuu isaanis nan amanaa Osoo isaan nabiyyii haqaa tahuu baatanii, silaa Qur'aanni kijiba taha ture.

Anin Qur'aanas waa xiqqasho dubbisee turee, hamma dubbise keessatti waan soba tahe takkallee hin arginee. Akka ummanni kiristaanaa karaa hunda irra dhaabbatee waa'ee amanta isaanii barsiisanitti isin Muslimoonnis akka barsiiftan isiniin jedha.

**Arab;**- haqa yeroo Argan irratti rarra'uudhaa. Gara Amantaa Islaamaa baga nagayaan dhufte. Masfin atin hoo?

**Masfin**;-Garramoyyuu dogongorsiifsee. Isin Muslimtoonni jalliftoota, haqa irraa nama jalliftan.

**Arab;-** kaayyoon keessan Muslima dachirraa balleessudha malee haqa barbaaduu miti. Sabaabanis, Garramawu Islamummaa seenuun dura.Akka Osho hordufu Nutti hime ture. Yeroo sanitti Fuullii ke diriiraa ture. Inni Islaamummaa Seennaan akkanatti fuula guurtaa miti?

**Masfin;-**cal!

**Arab;-** waa'ee Islaamummaa warroonni isiniin deeman akka ilaalchaa gaarii Islaamummaf hin godhanne isin godhu ni beekna,rakkinni isaanii hoo maali?

## ***<u>Guyyoota 40 fi halkan 40 soomu Hoo?</u>***

**Alamaayyahu**;-wangeela Maatewoos boqonna 4 lakkofsa 4 Yesus guyyoota Afurtamaa fi Halkan Afurtama soomuun isaatu Waaqa isa gooti.

**Arab**;- kan kee kun aja'iba! yeroo takka gara wal tajjii dhufta, yeroo takka ni deemtaa. Ammas waan hafetu jiraa? Guyyoota Afuramafi Halka

Afurtama erga soome booda ni  beelayee mitii? Sila Rabbi(Waaqni) ni beelawaa?

**Alamaayyahu**;-cal!

**Arab**;- gaaffiin Muslimtoota soomuu isaa osoo hin tahi, beelawu isaati, Guyyoota Afurtamaa fi halkan Afurtama kan sooman heddutu jira.
Qur'aana suuraa A'araaf boqonnaa 7 lakkofsa 142

﴿١٤١﴾ وَوَٰعَدۡنَا مُوسَىٰ ثَلَٰثِينَ لَيۡلَةٗ وَأَتۡمَمۡنَٰهَا بِعَشۡرٖ فَتَمَّ مِيقَٰتُ

رَبِّهِۦٓ أَرۡبَعِينَ لَيۡلَةٗۚ ...

<<***Nabi Muusaa halkan soddoma beellama qabneefii, guyyaa soddoma inni   soome sanitti kudhan idaanee,<u>afurtama akka inni soomanu isa</u> <u>goone</u>…***>>

Akkasumas Qur'aana suuraa Albaqraa boqonnaa 2 lakkofsa 51 dubbisuu Dandeessan.
Kitaaba keessan seera mototа 1ffaa. Boqonna 19 lakkofsa 7 hoodhaa namni tokko dubbisaa.

**Buruk**;- "Ergamaan Waaqayyoo sun si'a lammaffaa deebi'ee gara isaa dhufee isa rurrukutee,"karaa fagoo waan deemtuuf ka'iitii nyaadhu" jedheen,
Eliyaas ka'ee nyaate, dhugee, humna nyaatichi **<u>kenneefiin guyyaa Afurtama fi halkan afurtama</u>** hamma siinaa tulluu Waaqayyootti deeme.

**Arab**;- nama nyaata guyyaa tokko nyaateen guyyaa Afurtamaafi halkan deeme moo ka bakka takka taa'eetu irra beelayee dadhaba? kana isinummaan murteessaa.

**Buruuk**;-Yesus nyaatee dhugee, kana mara godhuun isaa, numa barsiisuufi bar!

**Arab**;- Yesus hanga hin dhufiniin duratti namoonni nyaatuufi dhuguu hin beekan jechuu keetii? Waaqa keessan kan nyaatee dhugu, ka yoo hin

nyaatin beelawuu? Sila xiqqomallee hin saalfattanii, Waaqni isin itti nu yaamtan kanaa? Qur'aana suuraa Al anaam boqonnaa 6 lakkosa 14

قُلۡ أَغَيۡرَ ٱللَّهِ أَتَّخِذُ وَلِيّٗا فَاطِرِ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلۡأَرۡضِ وَهُوَ يُطۡعِمُ وَلَا يُطۡعَمُۗ قُلۡ إِنِّيٓ أُمِرۡتُ

أَنۡ أَكُونَ أَوَّلَ مَنۡ أَسۡلَمَۖ وَلَا تَكُونَنَّ مِنَ ٱلۡمُشۡرِكِينَ ١٤

***<<sila waan Rabbin tayin Rabbin godhadhee gabbaraa?,hin godhu hin gabbaru, Rabbiin kiyya kan samiif dachii uume, inni kan rizqii namaa hiru (kan namanyaachisu) kan rizqiin isaaf hin hiramne(kan hin nyaanne)…..>>***

Muslimni tokkolleen ka kana isinirraa fudhatuu hin jiru.
Waan yeroo taan Mahabarri keessan Qur'aana irraa isin barsiisuu amma ummata duratti maalif hin baafne? Maahbarri keessan ka isin yeroo mara waa'ee isaa nutti haasoftan, haga ummata keessan qofa mana Amantaa kiristaanaa keessatti wal tajjii jedhee barsiisu,yoo wanni isaan isin barsiisan dhugaa taatee, Muslimaafi kiristaana wal marii jedhee, Muslimaafi kiristaanallee yaamee ummata duraatti maalif hin barsiifne? ilaalcha gaarii akka isin Islaamaaf hin qabne isin barsiisuun biyya teenna Ethooppiyaa guutuu keessatti summii facaasuudhaa. San akkasitti beekaa.
Amma ammoo anin mata duree haaraya haa eegaluu ni eeyyamtanii?
**Buruk faan**;- Eeyyee!

# Kunniin Amaloota Waaqatii?

**Arab;-**Waaqni ni mugaa?
**Buruk**;- Waaqni himmugu Yesus wanni inni mugeef numa barsiisuuf malee Waaqni himmugu.
**Arab**;- Yesus dhufuudhaan dura namoonni Muguufi Rafuus hin beekanii?
**Muslimoonni**;- Allahu Akbar!
**Alamaayyahu**;- kitaaba Faarfannaa boqonaa 121 lakkofsa 3-4
"inni miilli kee akka sigigaatu hin godhu, inni si eegus hin Mugu Kunoo Inni (waaqni) Isra'el eegu himmugu, hin rafus.
**Arab**;-yesus wangeela Marqoos boqonna 3 lakkofsa 38 Rafee ture, sila Rabbiin keessan kan Hin rafu jedhame san moo,Yesusii rafaa ture kana? Kana duraa addaan baafadhaa.

Qur'aana suura Albaqarah boqonna 2 lakkofsa 255

ٱللَّهُ لَآ إِلَٰهَ إِلَّا هُوَ ٱلۡحَيُّ ٱلۡقَيُّومُۚ لَا تَأۡخُذُهُۥ سِنَةٞ وَلَا نَوۡمٞۚ لَّهُۥ مَا فِي ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَمَا
فِي ٱلۡأَرۡضِۗ مَن ذَا ٱلَّذِي يَشۡفَعُ عِندَهُۥٓ إِلَّا بِإِذۡنِهِۦۚ يَعۡلَمُ مَا بَيۡنَ أَيۡدِيهِمۡ وَمَا خَلۡفَهُمۡۖ
وَلَا يُحِيطُونَ بِشَيۡءٖ مِّنۡ عِلۡمِهِۦٓ إِلَّا بِمَا شَآءَۚ وَسِعَ كُرۡسِيُّهُ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلۡأَرۡضَۖ وَلَا
حِفۡظُهُمَا يَـُٔودُهُۥۚ وَهُوَ ٱلۡعَلِيُّ ٱلۡعَظِيمُ ٢٥٥

<<***Allah kan waaqni isa malee hin jirre, kan amrii waan uumameetiin akkaan dhaabbatu, kan mugaatiin xiqqomalle isa hinqabne, Ammas hirriibni Allaah(waaqa) hin qabu….***>>

Konkolaattota adda addaatifii dhaaba manaa irrattis, dubartiin waaqa ishee deesse jedhanii, kan barreessanii maxxansan, bakka heddutti arginaa, sila waaqni Haadha qabaa?
**Alamayyahu;-**dubartiin Waaqa ishee deesse kan jedhu, wangeela Luqaas

boqonnaa 1 lakkofsa 31-35 barreeffamee jira.

**Arab**;- mee keeyyaticha dubbisi.

**Alamaayyahu**;-“kunoo ni ulfoofta, ilmas ni deessa, maqaa isaa immoo Yesus jedhii moggaasi ….”

**Arab**;-Ilma deessa jedhe malee,Waaqa deessa kan jedhu, meetu kaa?

**Alamaayyahu**;- Haafuuraan malee siif hin galu.

**Arab**;-isiiniifuu hin galle, yoo isinii gale mee nuuf galchaa, Afaan oromoo kunis afaan namuufuu galu, seera Mootota 1ffaa boqonna 8 lakkofsa 27 “Waaqa samiinuu dandeessee hin baanne, gadaamessa dubartii kamitu dandayee baata? Kitaabni keessanuu akka samiinuu dandeessee hin baanne isinirratti ragaa bahaa jira.

**Alamaayyahu**;-callinsa yeroo muraasaatiin booda, Qur’aanni keessan akka jedhutti Suuraa Maa’idaa boqonnaa 5 lakkofsa 116 <<***. waan guyyaa qiyaamaa Rabbiin nabi Iisaan jedhu dubbadhu, wanni Rabbiin guyyaa qiyaamaa nabi Iisaan jedhu, Si siitu ummata keetiin Rabbii guddaa dhiisaadhaa anaafii haadha tiyya Rabbii lama godhadhaa jedhee? Tanaaf, jecha na dhiisanii siifii haadha tee(Maryam)Rabbi godhatanii gabbaranii? Jedheen,……>>***

Nutin Yesus malee Maariyaam waaqa godhannee hin gabbarru, Qur’aanni erga jecha rabbii tahe, maalif akkana jedha,Qur’aani hin dogongorree duuba?

**Arab**;-isin warroonni Ortodoksii maariyaamiifi Yesus walirratti waaqa godhattanii gabbaruu baattanis. Ummata biroo kan gabbarantu jira.

**<u>Insaayikilooppidiyaa Britanikaa kan bara 1988 mujallada (saamsa) 16 fuula 326 fi 327</u>** akkana jedha…

***<< Haadha waaqaatiif kabaja gabbaramuu dhuunfachiisuun yeroon haalaan itti babaldhate ,waqeffattoonni Amaramayota hordofaa kan turan yeroo isaan gara mana Amantaa Kiristaanaa itti dhangala’aa turannitti, Aramaayonni gara Amantaa kiristaanaa jijjiiraman hinaaffaa waaqeffannaatiif Mankaraaristumma Akkanaa kan dhunfatan(baratan) waggota kumaatamaaf Haadha gudditti fi dubartii kan jedhamtu waaqa jedhanii yeroo gabbaraa turanitti***

***ture,>>*** jedha.

Akkasumas Ortodoksoonni hedduun keeyyata, Isaayas Raajicha Boqonna 60 lakkofsa 14 "… warroonni situffatan Hundinuu Miila kee jalatti kufu (ni sagadu)" kan jedhu fudhatanii kun kan jedhameef Maariyaamiif jedhu" akka wangeela Maatewoos boqonna 4 lakkofsa 9 irratti barreeffametti, kan sagadamuuf Waaqaf qofa jedha. Isiifis haasagadamuu yoo kan jedhamu taate, Isiinis Waaqa jechuudha malee Qur'aanni Rabbii hin dogongorre, waldaan ummata keessani kan Ortodoksii, Qur'aanni dogongore jedhanii kitaabota heddu barreessanii jiru. Dura dursoo wanti nutin isaan gaafannu dameen Amataa kiristaana meeqatu jira?, Waldaan keessan damee ortodoksii malee kanneen biroo bakka bu'ee dubbachuu hin danda'u, Qur'aanni dongongore jedhanii kitaabota hin taane islaama irratti barreessu malee, namni nutti dhufee hiikkaa Aayata ykn keeyyaticha Qur'aanaa nu gaaffate hin jiru, akkanaan hiikkaa Aayyata Qur'aanaa jallisanii ilaalcha dogongoraa akka ummanni kiristaana godhatu ifaajaa jiru,

***Maariyaamii fi Yesusis*** **jarri lachuu gadamessa dubartiitti Ulfaawanii baadhatamanii, waaqa ta'uu inumaayyuu hin danda'an.**

**Alamaayyahu;-**nutin bar Maariyaamiin hin gabbarruu!

**Arab;-**anis kanuma sitti himaa jira. Yoo isin gabbaruu baattanis ummata biroo kan gaabbarantu jira. ***Insaayikilooppidiyaa*** anin amma isinitti hime kana dubbisaa.

**Alamaayyahu;-** Qur'aana suuraa Al Imraan boqonna 3 lakkofsa 42 Maariyaam filatamtee jirti, kanaafuu shafi'aa (jaarsummaa) nu fuuti, shafi'aa isin hin fuutu yoo kan jettu taate, maalif filatamte ree?

**Arab;-** shafi'aa isin fuuti kan jedhu meetu? <Suuruma kana boqonna 3 lakkofsa 33

۞ إِنَّ ٱللَّهَ ٱصۡطَفَىٰٓ ءَادَمَ وَنُوحٗا وَءَالَ إِبۡرَٰهِيمَ وَءَالَ عِمۡرَٰنَ عَلَى ٱلۡعَٰلَمِينَ ٣٣

***<<Rabbiin Aadam uumee filate, kan abbaa namaa isa godhe, Akkasuma ergamaa isaa kan (nuuhg) jedhamu filate, kan abbaa namaa kan lammeessaa isa godhe, akkasuma ergamaa isaa (Ibraahimiifii) aalii isaa (ishgaaqi fi Ismaa'il) filate, yookaa abbootii anbiyootaa isaan godhe kan akka nabi Muhammad, Akkasuma (aalii imraan)filate kan (Muusaa, Haaruuni fi Iisaa) isaanirraa godhe.>>***

akkasumas

<<suuraa xaahaa boqonna 20 lakkofsa 41

وَٱصۡطَنَعۡتُكَ لِنَفۡسِي ﴿٤١﴾

**<<(Rabbiin Muusaadhaan) *si Maraxadhe, yookaan si filadhe* akka ergamaa kiyya taate waan an siin jedhe, qofa dalagduuf duuba waan kana hundaa nan si qananiisa >>**

Akkasumas sahiha Bukhaarii Mujallada 4 boqonna 178 lakkofsa 290 "Nabiyyiin keenya (a.s.w) ***Mariyamiifi khadijaan (r.a) filatamanii*** jiru jedhan. Kanaafu isaan Hundinuu shafi'aa nama fuudhan jechuu keeti kaa?

Ammas Sahiha Bukhari Mujallada 4 boqonna 4 lakkofsa 642 ***<<Mariyam kan filatamteef Yeroo Isiititti ture, khadijjaanis(r.a) kan filatamte yeroo isiititti" jedhan>>*** Duuba isaan kun hundi hoo maalif filataman?

**Alamaayyahu**;- cal!

**Arab**;-ganaa heyyama Rabbiitiin Hundinuu gara Islamummaa dhangala'a' Namnota Torbatu dhufee wal bira shahaada qabate. Allahu Akbar!

**Muslimoonni**;- Allahu Akbar!

**Arab;-** wal mariin keenna ittuma fufe. Wangeela Luqaas boqonna 18 lakkofsa 18 dubbisi

**Alamaayyahu;-** "Gurguddoota yihuudotaa keessaa tokko, Yaa Barsiisaa "gaarii" jireenya bara baraatti galuudhaaf maal godhu? Jedhee gaafate,Yesus immoo deebiseefi, ***Maalif Gaarii*** naan jetta? ***Waaqayyo isa tokkicha malee Gaariin tokkolleen hin jiru.***

**Arab**;- Yesus erga Gaarii hin tahin,Rabbummaan isaa eessatti?
**Alamaayyuh**;- Yesus of gadi Qabuuf malee inni Gaarii dha.
**Arab**;- kan akkas jedhu meetu?, Yoo Waaqni of diqqeesse (gadi qabe) Eennutu of Guddisa (ol ufqaba) duuba? Kana mara kan gootaniif haqa diddaafii,hanguma feetan dhoksitanillee haqni numa baati!
**Alamaayyahu;-** cal!
**Arab;-** Wangeela Luqaas boqonna 2 lakkofsa 21 dubbisi
**Alamaayyahu**;- nan beeka!
**Arab**;- dubbisi siin jedhe malee akka atin beektu si hin gaafanne!
**Alamaayyahu**;-"guyyaan saddeettaffaan erga dabre ***Mucicha(Yesus) dhagna qabuun (kittaanuun) gaye,*** akkuma ergamaan waaqayyoo utuu isheen hin ulfaa'in dura, haadha isaatti himee turetti, maqaan isaa Yesus jedhame.
**Arab**;- ummata keenya Waaqni ni kittaannamaa?
**Ummanni**;- hunduu, Waaqni akkamitti kiittaannama?
**Arab**;- achi biraa warroonni jeeqaa jirtan sun callisaa, namni walmarii barbaadu yoo jiraate gara wal tajjii as haa bahuu. Gara keetii haa deebi'uu,Waaqni ni dadhabaa?
**Alamaayyahu**;-Isaayas Raajicha boqonna 40 lakkofsa 28 "Gooftaa bara baraan jiraatu,inni isuma guutuma biyya lafaa uume, ***hin Mudhuku, hin dadhabus.***
**Arab;-** wangeela yohaannis boqonna 4 lakkofsa 6 dubbisi
**Alamaayyahu;- "**Yesus karaa adeemaa oolee ***waan dadhabeef***, boolla bishaanii bira taa'ee***, yeroon isaa akka sa'aatii ja'a tahe!***
**Arab;-**duuba waaqni keessan kan ***hin dadhabu jedhame moo, yesusii dadhabe kana?*** Kanayyuu otuu addaan hin baafatin Muslimoota dogongorsiisuuf fiigichi isin gootan haalaan nama ajaa'ibsiisa.
**Buruk;-**Yesus wanni inni dadhabeef foon namaa waan uffateefi.
**Arab;-**namni tokko fakkenyaaf nyaata hin nyaatu jennee, wanni inni nyaata nyaateef, waan beelayeef yoo jenne, Kun dubbii akkam? Foon namaa waan uffateef otuu hin ta'in, ***Ilma namaa waan taheef dadhabe***.
**Ibrahim**;-Takbiir!

**Muslimoonni**;-Allaahu Akbar!

**Alamaayyahu**;-Yesus Rabbii qulqulluu fi nama Qulqulluu dha.

**Arab**;-sun barumsa Phawulosi, malee barumsa Anbiyootaa(nabiyyoota) ykn kan Yesusii miti.Barumsi Phaawulos barsiise, barumsa Nabiyootaatiifi barumsa kitaaba Qulqulluutiinis wal dida, san Mata duree Waaqa kijibaan Gabbaruu jedhurratti itti dhuftan, mee fakkeenyaaf haa jennuutii, wanni kuni wantoota kana hunda irra ***<u>adii</u>*** dha jennee, deebinee wannummaan kun wantoota kan hunda irra ***<u>gurraacha</u>*** yoo jenne kunin walindiduu?

Kunuu hangana takka yoo ka waldidu taate, harka dhibba 100% Waaqa, Haraka dhibba 100% ammoo nama yoo jenne, hagam takka waldida(wal dhaba)? Asiidii (Acid) fi Beeziin(Base) wantoota lama kan walii faallaati,yoo isaan lamaan kana walitti idaane, niwurtaal (Neutral) taha, kanaafuu 100 % asiidii + 100 % beezii jechuun, akka yesus namas Waaqaas miti akka jechuuti, Yesus namas Waaqas miti yoo kan jennu taate, Yesus maal tahuu isaati?

**Buruuk;-**cal!

**Alamayyahu**;-wangeela Yohaannis boqonna 1 lakkofsa 1 “sagalichi waan hundumaa dura ture, sagalichi Waaqayyo bira ture, sagalichi ofii isaa Waaqayyo ture.”

**Arab**;-keeyyanni kun siifuu hin galle, otuu siif galee jiraatee silaa hin dubbiftu ture.

1.sagalichi wa hunda dura ture yommuu jettu, waanuma hundayyuu ni dursa jechuu dha. Achumatti deebi’ee sagalichi Waaquma bira turee jedha,Waaqatu dursa moo sagilichatu dursa?

2.sagalichi waaqa bira ture Waaqa jettan, Waaqni sagalichi bira tures Waaqa Yoo jettan, Waaqnummaan keessanuu hagam(Meeqa)?

3.gara warra Qorontos boqonna 3 lakkofsa 23 “Isin kan Yesus kiristosi, ***<u>yesus immoo kan Waaqayyooti</u>*** jedha,” sagalichi wangeela Yohaanis boqonna 1 lakk, 1 irratti barbaadame, ***<u>Yesus</u>***. Yesus kan waaqaa erga tahe, sagaleen sunis kan Waaqaa jedhamuu qaba.

hiikkaa isaa balleessitaniirtu, ***<u>Jechis kan Waaqaa ture</u>*** jedhaa

dubbisaa. Jechi Waaqaa,Waaqa tahuu dhiisii, jechi keetu si tahuu hin danda'u.

**Hundinuu;-**cal!

**Arab**;- Qur'aaana Suuraa Al baqarah boqonna 2 lakkofsa 117

بَدِيعُ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلْأَرْضِ ۖ وَإِذَا قَضَىٰٓ أَمْرًا فَإِنَّمَا يَقُولُ لَهُۥ كُن فَيَكُونُ ﴿١١٧﴾

**<<Rabbiin dachiifi samii, kan wahirratti hin laallatin uume, dandeettiin isaa hangana hin jedhamtu, Rabbiin yoo waa argamsiisuu fedhe,waan saniin tayi, jedha wanni sun numa taati….>>**

Sagalichi isin waaqa jettan sun, jecha Waaqaa kan ***'tahi'*** jedhu. Waaqni jechoota heddu dubbatee jira, Hundinuu waaqa jechuudhaa?

**Alamaayyahu**;-waan nu sitti himnu kana waaqnummaan siif galchu malee siif hin galu.

**Arab**;- isiniifuu hin galle, osoo isiniif galee,kun nama amansiisuuf ragaa gahaadha jettanii, silaa hin dubbatan ture. Wangeela Yohaannis boqonnaa 1 lakkofsa 18 dubbisi.

**Alamaayyahu**;-"Yoomillee taanaan ***Waaqa kan arge tokkolleen hin jiru***".

**Arab;-**ammas wangeela Yohaannis boqonna 5 lakkofsa 37 irra kan jiru kana dubbisi.

**Alamayyahu;-**"inni ana erge abbaanis immoo ofii isaatii anaaf ragaa ba'eera, isaa dubbatu ***sagalee isaas takkaa hin dhageenye,bifa isaatis takkumaatuu hin argine.***"

**Arab;-** akkuma namuu beekutti, Yesus Muldhateera, dhalatee, beelayee, tumaame,itti tufamee,…faannifamee… jiraas jettaanii jirtu,kana hundaa kan kaaseef muldhatu isaa sitti himuufi, Waaqni erga hin muldhatu jedhame,Yesus, akkamitti Waaqa tahuu danda'a? Waaqni hin muldhanne. Allah Qofa, Qur'aana suuraa al Anaam boqonna 6 lakk.103

لَّا تُدۡرِكُهُ ٱلۡأَبۡصَٰرُ وَهُوَ يُدۡرِكُ ٱلۡأَبۡصَٰرَۖ وَهُوَ ٱللَّطِيفُ ٱلۡخَبِيرُ ١٠٣

**<<ijji Rabbi hin agartu dachii tanarratti, ammoo Rabbiin ija hunda ni arga….>>**

**Ummata;-**keessaa tokko harka baasee.kiristaanota Macaafa Qulqulluu hin beekne yaamtani haga dogongorsiiftan, waarroota kitaaba irraa beekkumsa qaban maalif hin yaamne?

**Arab;-** walgayii kana akka kiristaanonni hindinuu afferaman natti himanii, kiristaanonni dhufan garuu hanga atin argitu kana qofa, Walmaariin keenya InshaAllah boris ittuma fufaa, warroota kitaaba ni beekan jettanii beektan fiddanii dhufuu ni dandeessu, isiniin kun Amantii kam Hordoftan?

**Namichi;-** anin Protestaantiidha, Isin ummanni Muslimaa, Masiih Waaqa tahuu isaa Amanuu baattanis, akka inni dhufu ni amantaanii mii?

**Arab**;- Eyyee ni amanna, kan dhufan garuu masiihota Lamaa, Inni duraa kan Anin Rabbiiti nagabbaraa ofiin jedhu masiihi Kijibdicha (Masihu dajjaal), inni lammaffa ammoo, Masiih Ilma mariyam kan ergamaa Rabbiiti (a.s).

**Namichi;-** ka isin kijibdicha jettaniin sun, Masihu Dajjaal, Rabbummaa isaa Amanuu baattanis, **Waaqa keenya**, haleluyaa!

**Muslimoonni**;- akka jirani nikolfan!

**Arab**;- obboleeyyaanoo kiyya hin kolfinaa, namni waan isatti fakkatuu Dubbachuu mirga qaba, fahamsiisuun (isaaf galchuun) ammoo dirqama keenya. Dajjaal ykn masiihi kijibdicha ilaalchisee, Rifeensi Masiihu dajjaal kiciicca (jareera) (Ahmad odeesse) jira. Ammas hadisa biraa keessaatti, dhagayaa! Dajjaal ija takka hin qabu(ballaadha) Rabbiin keessan ammoo,Rabbii ija takka Ballaatii miti, ija lamaan jiddutti barreeffamni ك ف ر (kaafir) jedhu barreeffamee jira.Namni mu'uminaa hundinuu ni dubbisa.(Bukhari fi Muslim)

**Namichi**;- rifeensi isaa kiciiccaa tahuu isaa san sirraa hin fudhadhu, ijji takkittiin garuu osoo maskala irratti tuman badde?

**Arab**;- wanni akkas jedhu meetu? Asuma dhaabbattanii fakkeeffattuu(falaasaftuu)**? << Nabiiyyiin keenna (a.s) Anaafii Iissaa jidduu Nabiyyiin tokkolleen hin jiru, Iissaan(a.s) samii dhaa dhufa, yommuu argitan ni beeytan, gateettiin isaa bal'aa dha, bifti fuula isaa gara diimaafi adii irkata, utubaa halluu diimaa dibaman lama jiddutti bu'a, jiidhas qabaachuu baatu, rifeensi mataa isaanii waan dhangala'aan irraa cophu fakkaata," >>**

kanaafuu kan rifeensi isaa kiciiccaa sun masiihi Kijibdicha, kan isa ajjeesus,Nabiyyii Rabbii Nabi Iissaa(a.s) dha. Duuba "Masiihi dajjaal Waaqa keenya" jettee, **Waaqni keessan Nabiyyiin ajjeeffama?**

**Namichi**;-callinsinsa yeroo muraasaatiin booda, kan masiihi dajjaliin ajjeesu sun hoo erga isa ajjeese booda, maal ta'a?

**Arab**;- kan Masihu dajjaal ajjeesus akka Nabiyyiin keenya (a.s.w) nutti himanitti,innis ni du'a, Rabbinis Qur'aana keessatti suuraa Al imraan boqonna 3 lakkofsa 185

***<lubbuun hundinuu tan hammaatteefi tan toltelleen du'a dhandhamuuf jirti…>***

كُلُّ نَفْسٍ ذَآئِقَةُ ٱلْمَوْتِ ۗ وَإِنَّمَا تُوَفَّوْنَ أُجُورَكُمْ يَوْمَ ٱلْقِيَـٰمَةِ ۖ فَمَن زُحْزِحَ عَنِ ٱلنَّارِ

وَأُدْخِلَ ٱلْجَنَّةَ فَقَدْ فَازَ ۗ وَمَا ٱلْحَيَوٰةُ ٱلدُّنْيَآ إِلَّا مَتَـٰعُ ٱلْغُرُورِ ﴿١٨٥﴾

**Alamaayyahu**;-kunin waan haaraya! Yesusiin keenya booda yommuu dhufus hin du'u!

**Arab**;-yoo kan fudhattu taate siifan galcha, Yesus Gara samii dhaa kan deeme fooniin wajji ta'uu ni amantaa?

**Alamaayyahu**;- Eeyyee nan amana, Yesus gara samii dhaa kan deeme, foonumaa fi dhiiga wajjiini, kan dhufus foonumaa wajjiini.

**Arab;**-wanni atin jette sirriidha, akka gara Qorontos 1ffaa boqonnaa 15

Lakkofsa 50 irratti ibsametti, akka foonifi dhiigni gara Mootummaa Waaqaa ykn Jannata hin seenne barreeffame jira. Yesus wangeela Yohaannis boqonna 14 lakkofsa 23 irratti akka warroota Waaqatti amanan wajjiin gara Mootumma Waaqaa (Jannata)seenu barreeffamee jira, Yesus gara Mootummaa Waaqaa foonifii dhiigaan wajji seenu hin danda'u, fooniifi Ruuhiin isaa dirqama addaan bahuu qabdi, ***fooniifi Ruuhiin addaan bahuun maal jedhama***?

**Alamaayyahu**;- cal!

**Arab**;-yaa Ummata! Fooniifi Ruuhiin addaan bahuun maal jedhama?

**Ummanni**;- hundinuu, **fooniifi Ruhiin addaan bahuun Du'a** jedhama.

**Arab;-** Yesus booda yommuu dhufu ni du'a yoo jenne, dogongorri Muslimtootaa maali? Kana mara kan ifaajjaniif Yesus Waaqa godhiifi mii? Waaqni ufumaa Isaatii Waaqa malee, namni Waaqa isa gochuu hin dandaa'uu, yoo namni Waaqa ka isa godhu taate,Waaqnummaan sunuu **namtolchee ykn uumamaa jechuudha**.

Kitaaba Iyoob boqonnaa 15 lakkofsa 14 Buruk hoodhuu atin dubbisi.

**Buruuk**;-"namni kamiyyuu ***Qulqulluu tahuu*** danda'aaree?, yookiin nama ta'ee kan dhalate ***Qulqulluu ta'uu*** danda'aa ree?, fokkataa fi najisni Ilmi namaa, dilii akka bishaanitti kan dhuge maal qulqulluu ta'uu danda'a? kunoo qulqullonni isaatuu isa biratti hin amanamne, samiinuu isa biratti Qulqulluu miti.

**Alamaayyahu**;-kitaabni Qulqulluun keenya jecha jechaan hin hiikkamu!

**Arab**;-dameewwan kiristaanaa hundinuu akkas jechaa gara isaanitti tole hiikkataa Ruuhii namaatiin taphatu,(Protestaantiin,Ortodoksiin, Kaatolikiin.YAHWAN,.. ) hundinuu hiikkaa kiyyatu sirriidha jedhu, fakkeenyaaf anin osoo kiristaanummaa seenuu barbaadeyyuu, Hiikkaa eennu jala deema? Kun of sobuu keessani.

**Hundinu**;- cal!

**Arab**;- Kitaaba Iyoob boqonnaa 25 lakkofsa 4 dubbisi.

**Buruuk**;-"Namni Waaqayyo duratti akkamitti Qajeelaa ta'uu danda'a? Kan ***Dubartii irraa dhalate hoo akkamitti Qulqulluu ta'uu danda'a***?

**Arab**;-yeroo kumallee ol guddiftan, kan dubartii irraa dhalate tokkolleen Qulqullu ta'uu hin danda'u. ammas dabalata, kitaaba Lallabaa boqonnaa 7 lakkofsa 20 dubbisi.

**Masfin**;-namni Qulqulluu tokkollee yoo ka hin jirre taate, Wangeela Luqaas boqonnaa 23 lakkofsa 50 "Biyya Yihuudotaa Ganda Armaatiyaa keessatti***,namni gaariidhaa(Qulqulluu) fi qaajeelan*** tokko kan Yoosef jedhamutu ture." Kan jedhu Eessaa dhuferee?

**Arab**;- namni gaarii(Qulqulluu) fi qajeelaan tokkolleen dachiirra hin jiru kan jechaa tures, kitaabuma keessani, deebi'ee ni jira kan jedhus kitaabuma keessani, kitaabni keessan akka waldhabuu gartanii?

**Alamaayyahu**;- kitaabni keenya walin dhabu.

**Arab**;- maal ree akkas taanaan, jechoota kana lamaan wal fudhachiisi kaa?

**Alamaayyahu**;-cal!

**Ibraahim**;- Takbir!

**Muslimoonni**;-Allahu akbar!

**Arab**;-kitaaba Lallabaa boqonnaa 7 lakkofsa 20 dubbisi. Tokkoon keessan dubbisaa.

**Buruuk**;-"dachii tana irra namni Qajeelaaan wantaa gaarii hojjatu (qulqulluun) tokkolleen hin jiru."

**Arab**;- Qur'aana suura al hashri boqonna 59 lakkofsa 23

هُوَ ٱللَّهُ ٱلَّذِى لَآ إِلَٰهَ إِلَّا هُوَ ٱلْمَلِكُ ٱلْقُدُّوسُ ٱلسَّلَٰمُ ٱلْمُؤْمِنُ ٱلْمُهَيْمِنُ ٱلْعَزِيزُ
ٱلْجَبَّارُ ٱلْمُتَكَبِّرُ ۚ سُبْحَٰنَ ٱللَّهِ عَمَّا يُشْرِكُونَ ﴿٢٣﴾

***<<…waan kuffaarri shariika itti godheefi (waan isaan hin malle) hunda Irraa qulqulla'e….>>***

Kan gabbaramuu qabu Rabbii tokkicha Allahaa isa qofa haa gabbarruu.

# Yesus Nabiyyii Waaqaati

**Arab**;-Yesusiin isin Waaqa jettan, ergamaa Waaqaati, Qur'aanni akka akkas Taa'e yeroo heddu deddeebisee nutti hima,suuraatul Mariyam Boqonna 19 lakkofsa 30

قَالَ إِنِّي عَبْدُ اللَّهِ آتَانِيَ الْكِتَابَ وَجَعَلَنِي نَبِيًّا

**<<Iisan ana gabricha Rabbiiti jedheen, Rabbiin kitaaba injiil jedhamu naa kenne, *Ammallee nabiyyii na godhe*>>**

Suura Al Imraan boq. 3 lakk.49; suuraa AlBaqra boqonna 2 lakk.87 suuraa al imraan boqonna 3 lakk. 59 suuraa Al Nisaa' boqo. 4 lakk 156-159, 163, 171 : suuraa Al maa'idaa boqonna 5 lakk 17 , 46, 72, 75, 78, fi 110-118; suuraa Al mariyam 19 lakk.19-37 suuraa Al Mu'umin boqo. 23 lakk.50
suuraa Al zukhruf boqo. 43 lakk.57-64 , suuraa Al hadiid boqonna 57 lakk.27, suuraa Al saff boqo. 61 lakk.6 fi 14 …. Irratti Nabiyyii tahuun isaati fi ilma Rabbiin Mariyaamiif kenne, kan hikmaan dhalatee ta'uu muldhisa. Ummanni keessan kan kiristaanaa "Yesus hanga Qur'aanaan bahutti Rabbummaa isaa ifaa godhe jedhanii amanu." Keyyattoota Qur'aana kan anin hamma ammaa dubbise kanniin keessatti, Iissaan ykn Yesus(a.s) Ergamaa waaqaa ta'uu qofatu dubbatame. Akka inni Eragamaa waaqa tahe namni Muslimaa kan shakkii(mamii) qabu tokkolleen hin jiru. Warroonni yeroo taan "Muslimtoonni ni sobu,kunoo Qur'aanni Iissaan waaqa jedha jettanii Aayaatota Qur'aanaa hiikkaa isii jalliftanii nama barsiiftan amma fidaa kaa!"

**Alamaayyahu**;- mata dureen kun nurra haa jijjiramuu, fannifamuu irratti wal haa mari'annuu!

**Ibaraahim;-** Takbir!

**Muslimoonni;-** Allahu Akbar!

**Arab**;- akka reefutti waltajjii gadi lakkiftanii deemtan malee, mataduree kana hin jijjiiru.

**Buruuk**;-Yesus Nabiyyii dha kan jedhu, kitaaba keenya keessa eessa jira?

**Arab**;- wangeela yohaanis boqonna 4 lakkofsa 19 dubbisi.

**Buruuk**;-"kana Irratti Dubartittiin akka atin ***<u>Raajii(Nabiyyii) taate</u>*** si arga" jetteen…..

**Arab**;- Wangeela Yohaannis boqonnaa 17 lakkofsa 1 -3 dubbisi

**Buruk**;-"Dubbii kana erga dubbate booddee, Yesus gara Waaqaa(samii) ol Ilaalee "Yaa Abbaa" koo Yeroon geettee ilmi kee Ulfina (kabajaa) akka siif kennuuf, Ilma kee gara Ulfinatti ol fudhadhu, akkuma ati foon-qabeessa hunduma irratti aboo(Aangoo) isaaf kennitetti, inni immoo warra ati isaaf kennite hundumaaf jireenya bara baraa haa kennuuf, si **<u>Waaqayyo Isa tokkicha kataate</u>**, fi Yesus kiristoos ***<u>kan atin Ergite</u>*** beekuun isaanii jireenya bara baraati,

**Arab**;-1ffaa Waaqni dhugaa Abbaa yookaan Waaqa isaa malee akka yesuufi hafuurri qulqulluun waliin hin jirre ibsa.

2ffaa Yesus akka ergama tahe ibsamee jira.ammas wangeela yohaanis boqonna 5 lakkofsa 30 dubbisi.

**Buruk**;-"Yesus itti dabalee ***<u>"anin humna kootiin wama takkallee gochuu hin danda'u</u>***, akkuma abbaa koo irraa dhagayetti Murteessa, Murtiin anin murteessuus Qajeelaa dha,anin yaada koo duukaa bu'uu hin danda'u ***<u>Yaada Isa na Ergee</u>*** malee…..

**Arab**;-1.Yesus ka humna ufiitiin Wama takkallee gochuu hin dandeenye, akkamitti Waaqa ta'uu danda'a?

2. yaada koo duukaa bu'uu hin danda'u ***<u>Yaada Isa na Ergee</u>*** malee… ergamaa ta'uu isaa mamii(shakkii) hin qabu.

Kitaaba Qulqulluu amantaa keessanii keessatti, bakka heddutti ergamaa ta'uu isaa dubbatamee jira akkasumas,wangeela Yohaannis boqonnaa 6 lakkofsa 14, wangeela Maatewoos boqonnaa 21 lakk.10...

**Namichi;-** reefuu, ummata keessa dhaabatee,Yesus Waaqafi Nabiyyii dha.

**Arab;-** isin wal mariidhaaf yoo qophii qabaattan gara waltajjii maalif hin baane?, Yeroo taan ummata Muslimaa manarra deemtanii kan kafarsiiftan hoo amma gara waltajjii maalif hindhufne. Isin mataan keessan koottaa gara waltajji bahaa.

**Namichi;-** lakki anin hin barbaadu, haafuura Qulqullutu na dhoorge!

**Ibraahim;-**Reefus masfin Moo’atamuu isaa arginaan,haafura Qulqullutu na dhoorge jedhe, isin kan hardha gaaffii Muslimtootaa jalaa bahuu dadhabdan, gaaffii Waaqaa jalaa akkamitti bahuu heddan?
Suraatul Qasas boqonna 28 lakkofsa 56

إِنَّكَ لَا تَهْدِي مَنْ أَحْبَبْتَ وَلَٰكِنَّ ٱللَّهَ يَهْدِي مَن يَشَآءُ ۚ وَهُوَ أَعْلَمُ بِٱلْمُهْتَدِينَ ﴿٥٦﴾

<< **atin nama jaalatteef hin qajeelchitu, kan qajeeluma nama keessatti Uumee nama qajeelchu Rabbuma….**>>
kanaafu Arab homaa waatakkallee isinii gochuu hidanda’u.
obboleeyyan kiyya haqa diddanii Ufitti hin taphatinaa.

**Namni**;- tokko harka baasee, anin kiristaana akka Yesus nabiyyii tahe mamii(shakkii) hin qabu,

**Arab**;- kiristaan keessaa damee tami?

**Namichis**;- anin YHWA warra ragaa bahu.

**Arab**;- eeyyee isin Yesus nabiyyii ta’uu isaa ni amantu, InshaAllah Nabiyyummaa Muhammadis(a.s.w) ni fudhattan Jennee isinii hawwina. Isin ummanni kiristaanaa. Wa’ee Yesus irratti ofumaa keessaniifuu waan tokko irratti walii galuu hin dandeenne, “kuun Nabiyyi, kuun Waaqa, kuun Ilma waaqaati, kuun Nabiyyi fi Waaqa,…..” jettan, isin warroonni kiristaanaa, waan ofii keessaniifuu irratti walii gaaluu dadhabdan,maal irraa nutti himtan? Yesus maal akka ta’e, dura isin ofii keessanii walii galaa ergasii nutti himaa.

**Ibraahim**;-obboleessoo yoo wal marii feete maalif gara wal tajjii hin dhufne?

**Arab**;- dhiisii mirga isaatii, yoo barbaade dhufee haa mari’atuu , ykn dhaabbatee haa caqasuu. Yoo ajaa’ibuu baattan Yesusiin isin Waaqa keenya jettan, Muslima.

# Yesus Muslima

**Alamaayahu;-**amma keessa baatabii dabartan! Iissaan Qur'aanaa Muslima ta'ullee, keenya kan Kitaaba Qulqulluu dha Muslimaa miti!

**Arab**;- Muslima jechuu dura hiikkaa isaa beektaa?

**Alamaayyahu**;- hin beeku, Muslimaa jechuu hiikkaan isii Maali?

**Arab**;-Jechi Muslima jedhu Osoo Arabiffa ta'uu. ***Hiikkaan isaa Waaqaaf Akkaan bulaa, ykn akkaan ajajamaa of gadi Qabaa*** jechuudha. Suuraa Al baqaraa boqonnaa 2 lakkofsa 133 irratti ibsamee jira, Jechi Muslima jedhu Qur'aana keessattis yeroo heddu dubbatamee jira. Suuraa al imraan boqonnaa 3 lakkofsa 67, 84, 102 suuraa Al'anaam boqonnaa 6 lakkofsa 163 Suuraa Huud boqonna 11 lakkofsa 14 suuraa Nahl boqonna 16 lakkofsa 89 suuraa Anbiyaa'a boqonnaa 21 lakkofsa 108 suuraa Hajj boqonna 22 lakkofsa 78 suuraa Naml boqonna 27 lakkofsa 81 fi 91, suuraa Qasas boqonnaa 28 lakkofsa 52-53, suuraa Al Ahzaab boqonnaa 33 lakkoofsa 35 suuraa zumar 39 lakkofsa 11-12, suuraa Ahqaaf boqonna 46 lakkofsa 15 , suuraa al-Qalam boqonna 68 lakkofsa 35 suuraa al jinn boqonnaa 72 lakkofsa 14 irratti ibsamee jira. Yesusis Waaqaa isaatiif akkaan ajajamaa akka ture, kitaaba keessan keessatti , Gara Ibrootaa boqonna 5 lakkofsa 7 dubbisi

**Alamaayyahu**;-"Yesus biyya lafaa kana irra yemmuu jiraachaa turetti, Sagalee (qoonqa) Guddaadhaan, Imimmaaniin,waaqa du'arraa isa Oolchuu danda'uu dhiheesse (kadhate) sababbii inni ulfina waaqaatiif ***akkaan ajajamaa tureefi gad of Qabaa tureef***, kadhaan isaa dhaga'ameef.

**Arab;-**Akkaan ajajaamaa ykn Waaqaaf of Gadi qabaa jechuu hiikkaan isaa ***Muslima*** jechuudha. Yoo akkanatti isinii galuu baate, karaa biraatiin isin fahamsiisa(isiniif galcha)

# 1.Zakaa Baasuu

**Arab;-** Iissaan(a.s) akka Zakaa baasaa ture, namni Muslimaa tokkolleen kan mamii(shakkii) irraa qabu hin jiru. Sabaabanis Suuraa Al mariyam boqonna 19 lakkofsa 31

**وَجَعَلَنِي مُبَارَكًا أَيْنَ مَا كُنتُ وَأَوْصَانِي بِالصَّلَاةِ وَالزَّكَاةِ مَا دُمْتُ حَيًّا**

<<**….** ***Zakaata(zakaa) baasuttis*** *na ajajee jira* >>

Kitaaba keessan wangeela Maatewoos boqonnaa 23 lakkofsa 23 dubbisi,

**Alamaayyahu;-"**Barsiistota seera Faarisota waan ofin argine tana,Isiniif Wayyoo! Baala kefoo,Inchilaala, ***ija dimbilaalaas kudhan keessaa tokko waaqayyoof ni keennitu.*** Garuu seera Waaqayyoo keessaa isa caalaa kan barbaachisu kan akka murtii Qajeelaa, gara-laffinaa finaa amanummaa ni dhiiftu, ***kudhan keessaa tokko(Zakaa) baasuu*** utuu hin dhiisin, isa kanas immoo rawwachuun isiniif ta'a ture, Gaaggeesitoota Jaamota(Ballaa) Bookee ni calaltu, Gaala immoo ni liqimsitu"

**Arab;-** kitaabni keessan kan bara 1980 Hiikkaa Amaariffa salphaa wangeela Maatewoos boqonnaa 23 lakkofsa 23 sirritti ifa godhee jira. Kitaaba kakuu moofaa keessatti kitaaba seera Lewootaa boqonna 27 lakkofsa 28-30 irratti haalli Zakaan itti bahu ifa godhamee jira.
Qur'aana suuraa Al Baqaraa boqonnaa 2 lakkofsa 43,Haala wal fakkaataan suura AlBaqaraa boqonnaa 2 lakkk. 83 fi 110, suuraa Al maa'idaa boqonnaa 5 lakkofsa 12, suuraa Al A'raaf boqonna 7 lakkofsa 156 , suuraa Altawubaa boqonnaa 9 lakkofsa 11,60 fi 103 suuraa Al hajj boqonnaa 22 lakkofsa 78 suuraa Al mu'uminuun boqonna 23 lakkofsa 4, suuraa Al Nuur boqonna 24 lakkofsa 56, suuraa Al Ruum 30 lakkofsa 39 , suuraa Al muzammil boqonna 73 lakkofsa 20 suuraa Al bayyinah boqonna 98 lakkoofsa 5 nutin Muslimoonni ajajamnee, Ittis dalagaa jirra. isin ummanni kiristaanaa kitaabni keessan osoo ***zakaa baasaa*** jedhee isin ajajuu fudhachuu diddan, zakaas haalli kitaabni keessan itti isin ajaje kama

Qur'aanaatiin waliin wal fakkaataa dha.
**Alamaayyahu**;- cal!

## 2.Soomana

**Arab**;- yesus wangeela maatewoos 4 lakkofsa 4 irratti akka ***soomana soomaa ture***, kitaabni keessan ifa godhee jira.
Anbiyoonni(Naabiyyoonni) hundinuu Waaqatti kan amanan turan. suuraa Al Baqaraa boqonna 2 lakkofsa 285 , Nabiyoota Rabbii irratti addaan hin qoqqodamnu hundinuu keenya nutis kan isaaniiti.
Qur'aan suuraa Al Baqaraa boqonna 2 lakkofsa 183-185, 187, 196 suuraa Al Nisaa' boqonnaa 4 lakkofsa 92, suuraa Al maa'idaa boqonna 5 lakkofsa 89 suuraa Al Ahzaab Boqonna 33 lakkofsa 35 akka soomana soomnuuf Rabbin keenya nu ajajee jira, kan soomana soomnus Rabbii (waaqaaf) qofa.
**Alamaayyahu**;- waltajjii kan kee godhattee, nurratti dhiibbaa uumaa jirta, bakkiis naannoo Masgidaa waan taheef nutin waan feene dubbachuu hin dandeenyu.
**Arab**;-maaloo! maalif sobda? Waan barbaaddan dubbachaa jirtan, mataa Durees kan filataa turtan isinuma, Gaarramawu faanis kan Islaaman Fedhii isaaniitiini, namni isaan dirqee fudhachiise hin jiru, anin yoomuma dhiibbaa isinirratti uumee akkas naan jetta?
**Alamaayyahu;-** akkas jechuu kiyyaa miti, mata duree tokko ofumaa keetii fixxa, nutin maalif hin fixne. Yesus waan soomana soomeef Muslima Jettee turte, Nuti Ummanni Ortodoksiistis soomana ni soomna, nutis Muslima Jechuu keetii?
**Arab;-** Isin kan soomana soomtaniif Yesuusiif, malee Waaqaafi Miti, Kanaafu isin Muslimoota hin jedhamtan. Yesuusii Waaqaaf soomee, Muslimtoonnis Waaqaa soomanuu moo, Yesus Waaqa soomanee, isin Ammoo isaaf soomanutu irraa Amataan wal fakkaata?
**Alamaayyahu**;- cal!

**Arab;-** kan gabbaramuu qabu Rabbi(Waaqa) tokkicha qofa. Suuraa Al An'aam boqonna 6 lakkofsa 162

**قُلْ إِنَّ صَلَاتِي وَنُسُكِي وَمَحْيَايَ وَمَمَاتِي لِلَّهِ رَبِّ الْعَالَمِينَ**

**<<ammas akki jettu, salaata kiyyaafii, Ibaadaan tiyya, Ammallee Jiruun tiyya ta Rabbii waa hunda uumeeti>>**

kana kan godhan Muslimoota qofa. Yesuusiis akkasuma gochaa ture, kanaafuu Yesus Muslima.

## 3.Ud Hiyyaa(waareega) Rabbiif Qaluu.

**Arab;-**Nutin ummanni Muslimaa miskiina nyaachisuuf akka rabbiin nu ajajetti Ud hiyyaa qalla.
Qur'aan suuraa Al kawusar boqonna 108 lakkofsa 2

**فَصَلِّ لِرَبِّكَ وَانْحَرْ**

<< salaata, salaatii ***(udghiyaa) iida Arafaa'a qali***….>>

**Alamaayyahu;-**Nubiras kuni kitaaba seera kakuu Moofaa keessa ni jira ture, ummanni dilii(cubbuu) dalagan irraa fayyuuf, Re'ee fi Hoolaa qalaa turan.
Dameewwan kiristaanaa biroo kun ***diigameera'*** kan jedhanis ni jiru, garuu nutin Ummanni Ortodoksii hanga ammatti ni qalla.

**Wandwasan**;-kan hanga reefuu anin Protestaatii jechaa ture, ummata harka baasee, ani maqaan koo **Wandwasan** jedhama. Alamaayyahun faan, waan amma dubbatan san dogongoraniiru, wareega qaluun kakuu Moofaa waan ta'eef hafee jira. Gara Ibrootaa boqonna 7 lakkofsa 18 "karaa tokko seerri inni duraa sun ***dadhabbii isaatiif waan hin fayyadneef diigameera***". Kanaafuu wareega qaluun hafee jira.

**Alamaayyahu;-** diigameeraa?

**Wandwasan;-**eeyyee diigameera!

**Arab;-** Takbir!
**Muslimoonni;-** Allahu akbar!
**Alamaayyahu;-**"wangeela Maatewoos boqonna 5 lakkofsa 17 " Yesus "seeraa fi barsiisaa Raajotaa(anbiyoota) diiguudhaaf waanan dhufe hin se'inaa, ani isaan **<u>Raawwachuudhaaf dhufe malee diigudhaaf hin dhufne</u>**" kanaafuu wanni Wandwasan dubbate soba (kijiba).
**Wandwasan;-** anis kitaabuma Qulqulluu irraa siif dubiise, hin kijibne.
**Muslimoonni;-**Ajaa'iban!
**Arab;-** duuba ka eennuutu sirriidha?, moo kitaabni keessan waldhaba?
**Jarri lachuu;-** kitaabni keenya walindhabu, jedhan.
**Arab;-** kunin mata duree of danda'e waan ta'eef amma itti hin seenu, sila keessan lachuu sirriidha jechuudha?
**Alamaayyahu;-** keenya sirriidha kan isaanii sirrii miti, keessaa hirdhisaanii jiru.
**Wandwasan;-**Haleluya! Isin ummanni Ortodoksii dabalata kitaabota Qinnoonaa jettanii waan addunyaan hin beekne kitaabota "15" kitaaba Qulqulluu irratti dabaltanii, ummanni protestaantii dhaa sirriidhaa miti jettanii?
**Arab;-** Suuraa Yuunus boqonnaa 10 lakkofsa 66

أَلَآ إِنَّ لِلَّهِ مَن فِى ٱلسَّمَـٰوَٰتِ وَمَن فِى ٱلْأَرْضِ ۗ وَمَا يَتَّبِعُ ٱلَّذِينَ يَدْعُونَ

مِن دُونِ ٱللَّهِ شُرَكَآءَ ۚ إِن يَتَّبِعُونَ إِلَّا ٱلظَّنَّ وَإِنْ هُمْ إِلَّا يَخْرُصُونَ ﴿٦٦﴾

***<<Warri Rabbitti waa qindeessee, Rabbii achitti gabbaru, waan Rabbitti qindeessan san waan dhuga'aa kan qabatanii, Rabbitti waan San qindeessu'utti gayan hin qaban……>>***

Wanni isin dubbattan kun osoo dhugaa tahee silaa isinuma walii galchaa ture.
isinuu walii galuu hin dandeenyee maal Muslimoota amantaa keessanitti yaamtan? Kanaafuu waanuma isin harkaa qabdanitu haqaa

miti.

**Buruuk;-**Anin Islaamummaa seenuu barbaada. Namuuyyuu kan amanuuf mataa ofiitiif, akka ganama bakka tana dhuferraa mataan kiyya sirrii nan jiru, Allah malee haqaan gabbaramaan hin jiru, Nabi Muhammadis Ergamaa waaqaa ta'uu nan amana.

**Ibraahim;-** Rabbiin keenya kan barbaadu kan akkanaa kana. Allahu Akbar

**Muslimoonni;-**Allaahu Akbar!

**Arab;-**mashaAllah gara Islaamummaa baga nagayaan dhufte, ardha booda, Wal marii bakka namni hundinuu dhufee qooda irraa fudhatuu danda'u akka "Istaadiyoomii (dirree kubbaa) itti taphataniifii bakka ummanni guddaan itti walitti qabamuu danda'utti qopheessina, Muslimni hundinuu kana beekuu qaba. Nama hundayyuu da'awaan hin dhaqqabne malee, silaa hundinuu ni islaaman ture,Wandwasan wangeela Marqoos boqonna 1 lakkofsa 41 dubbisi

**Wandwasan;-**"kanaafuu Yesus garaa laafeefii hiixxatee fedhee jira Qulqulla'i jedheenii, achumaan namichi Barasa qabu sun fayye, qulqullaa'e, Yommuu san Yesus namicha of eeggannoo cimaa itti kenne, Beekkadhu waan tokkollee namatti hin himin, garuu dhaqii Luba of ilaalchisii, fayyuun kee hundumattuu haa mul'atuuf akka muuseen abboomettis(ajajetti) qulqullaa'uu keetiif kennaa kee dhiheessi" jedheenii isa gadi dhiise. As keessa Wareega qalaa kan jedhu meetu kaa?

**Arab;-** kitaabni bara 1980 hiikkame sirritti ifa godhee kaayee jira keyyatuma kana hoo kitaaba kanarraa dubbisi.

**Wandwasan;-…..** waan kana nama tokkottillee hin himin, garuu dhaqii Luba Of ilaalchisi,fayyuun kee hundumattuu haa mul'atuuf akka muuseen Abboomettis (ajajettis) qulqullaa'uu keetiif kennaa ***Wareega(ud hiyyaa) dhiheessi"(qali) jedheen.***

**Arab;-** ammas dabalata wangeela Maatewoos boqonna 8 lakkofsa 1-4 Wangeela Luqaas boqonna 5 lakkofsa 12-17 irrattis ajajamtaniirtu, amma hoo maal jetta?

**Wandwasan;-** Gooftota(dura bu'oota) amantaa keenyaa gaaffadhee deebii siif barbaada malee osoo du'ee hin islaamu.

**Arab**;- erga duute atinuu duutee maal waa Islaamta? namni amani siin jedhe tokkolleen hin jiru, warroota hanga Ammaatuu Islaaman Gaarramawu fi Buruukillee dabalatee,namni islaamaa Isaanin jedhe tokkolleen hin jiru. Wa'ee wareegaa gaafni isin wal hin Mormine gaafa Islaamummaa qabattan qofa.

**Wandwasan**;- Waaqni Haqa isiniif haa ibsu! jedhee waltajjii dhiisee deeme.

## 4.Yesus Sagadaa(Salaataa) ture.

**Arab**;-Suuraa Al Mariyam boqonna 19 lakkofsa 31

وَجَعَلَنِي مُبَارَكًا أَيْنَ مَا كُنتُ وَأَوْصَانِي بِالصَّلَاةِ وَالزَّكَاةِ مَا دُمْتُ حَيًّا

**<<…(Iisaan) Rabbiin kiyya *Salaatatti na ajaje*,…** >> Yesus salataa (sagadaa) ture.

**Alamaayyahu;-** Yesus ni sagadamaaf malee akkamitti sagada? Yesus ni sagada kan jedhu kitaaba keenya keessa bakka takkallee hin jiru, Yoo jiraates numa barsiisuuf.

**Antanah;-** eeyyee! Yesus ni sagada kan jedhu kitaaba keessa ni jira.

**Arab;-** wangeela Yohaannis boqonna 4 lakkofsa 20 dubbisi.

**Alamaayyahu;-** hin dubbisu!

**Arab;-** maalif hin dubbisne?

**Alamaayyahu;-** bas hin dubbisu siin jedhee, hin dubbisu.

**Antanah**;-anatu dubbisa "abbootiin keenya gara gaara kanaa sagadan,isin immoo garri sagadamuu qabu gara Yerusaalem Jettu" jetteen, Yesusis dubartii tana ***yeroo isiin gara gaara kanaa hin sagadnetu dhufa*,** isin kan hin beekneef sagaddu, ***nutin garuu kan beeknuuf saganna***…. Jedheen.

**Arab;-**keeyyata kana sirritti haa laalluu. Yesus kan beeknuuf sagadna jedhe.

1.Akka sagadaa ture agarsiisa.

2.Kan beeknuuf jechuun isaa akka waaqa qofaaf sagadamu agarsiisa. Wangeela Maatewoos boqonna 4 lakkofsa 10 irraattis ifa ta'ee kaayamee jira.

Duuba Yesus Waaqa isaatiif sagadee,isin hoo isaaf sagaduun kun maali?

**hundinuu;-**cal!

**Arab;-**dubartiin Yesusiin kallaattiin namni itti sagaduu qabu, Iyyarusalem jettanii jetteen.

1.asirratti salaanni yeroo sagadamus, akka kallattii qabu himaa jirti.

2.gara gaara kanaa ykn gara Yerusalem kan jiru maali?

**Antanah;-**Beta Maqdas!

**Arab;-** Allahu akbar! Wanni atin jette sirriidha. Nutin Duraan Ummanni Muslimaa kan sagadaa turre, gara Beta Maqada ture. Suuraa Al Baqaraa Boqonna 2 lakkofsa 144

قَدۡ نَرَىٰ تَقَلُّبَ وَجۡهِكَ فِي ٱلسَّمَآءِۖ فَلَنُوَلِّيَنَّكَ قِبۡلَةٗ تَرۡضَىٰهَاۚ فَوَلِّ وَجۡهَكَ شَطۡرَ ٱلۡمَسۡجِدِ ٱلۡحَرَامِۚ وَحَيۡثُ مَا كُنتُمۡ فَوَلُّواْ وُجُوهَكُمۡ شَطۡرَهُۥۗ وَإِنَّ ٱلَّذِينَ أُوتُواْ ٱلۡكِتَٰبَ لَيَعۡلَمُونَ أَنَّهُ ٱلۡحَقُّ مِن رَّبِّهِمۡۗ وَمَا ٱللَّهُ بِغَٰفِلٍ عَمَّا يَعۡمَلُونَ ١٤٤

***<<Yaa ergamaa kiyya Muhammad akka gara makkaa gara gali siin jedhuuf, Jibriil sitti erguu jaalattu, kan tanaa jecha gara samii ol eydu dhugumaan agarra, takkaayyuu akka ati gara qiblaa abbaa Anbiyootaa, nabi Ibraahiim, gara Ka'abaadhaa na deebisi jettee Rabbi kadhattee, gara sami'ii ol laaltu, ni garra, ni dhageenya, waan ati feetu siif godha jechuu, yaa ergamaa kiyya Muhammad gara qiblaa ati jaalattuutti si deebifna, Tanaaf jecha hoggaa salaattu fuula kee Gara Masjidalharaam gara galchi, masjidal haraamitti wanni fedhame, ka'abaadhaa, hiikkaan isaa k'aba'atti gara gali jechuu(shaxrah) jechuun gara yookaan gama jechuudha, Bakka jirtan cufaa, isini ormi Islaamaa hoggaa salaattan hunda gama ka'baadhaa, gara galaadhaa salaataa. Warri kitaabban towraatiifi Injiil irratti bu'e, yahuudaafi nasaaraan akka beytul maqdasirraa gara ka'baadhaa gara galuun haqa Rabbii isaanii taye ni beekan, wanni beekaniin Rabbiitu injiil keessatti nabi Muhammad dubbate, milikkata isarraa hanga baatii kudha torbaa gara beytil Maqdas gara galee salaateti, erga sanii gara makkaa deebi'aa yoo dhaqqabdan itti amanaa jedhee yahuuda'aafii nasaaraa dhaame, duuba odoo nabi Muhammad ajaja Rabbiitiin gara ka'aba'aa gara galuu beekanuu fudhatuu didan, Rabbiin waan yahuuda'aa fi nasaaraan dalaydu kana hin daganne quba qabaa isaan qixaaxuuf jiraata>>***

Mu'ujizaa Rabbiin nabi Muhammad(a.s.w) kenneef keessa takka gara Makkah Gara galanii sagaduu dha.

**Antanah;-** Qur'aanni isaawwan kitaaba kennamaniif ni beekan yommuu jedhu maal jechuu isaati?

**Arab;-** kan amma wangeela Yohaannisa boqonna 4 lakkofsa 19-24 jiruu

yoo sirritti dubbiste haalaan siif gala. Kiristaanonni tokko tokko yommuu gara ***<u>Ka'abaa gara gallee sagannu</u>***, Ka'abaa akka Xaa'otatti fudhatanii, waan nutin Ka'abaaf sagannu sehan, Sahaabonni Nabi Muhammad(a.s.w) yeroo duraanii, ka'abaa gubbarratti miilaan ol bahanii(dhaabbatanii) Azaanaa turan. Osoo akka Kirisitaanonni tokko tokko jedhan ka'abaan **<u>xaa'ota tahee</u>**. Eennutu Xaa'ota(Waaqa) ofii gabbaru ol koree miilaan irra dhaabbata?Wangeela Yohaannis boqonna 4 lakkofsa 23 "Gara gaara kanaa,yeroo isin hin sagannetu dhufaa jedheen" Yeroo sun hoo yeroo kami?

**Buruuk;-** kunin waan ifa jiru yeroo sun amma, Obboleessan kiyya Amanaa!

**Alamayyahu;-** atis ammuma Islaamtee qaataa nutti kaatee?

**Antanah;-**waan Alamaayyahun jedhu dhiisii itti nuufufi. Maal salaanni isin sagaddan hin dhumuu ree?

**Arab;-** warroonni achii jeeqaa jiratan sun callisaa. Namni gaaffii barbaade gaaffachuu mirga qaba. Dirqamni nurra jiru haqa ummataaf ibsuudha. Obboleessoo . suuraa Al Hijri boqonna 15 lakkofsa 99

وَٱعۡبُدۡ رَبَّكَ حَتَّىٰ يَأۡتِيَكَ ٱلۡيَقِينُ ٩٩

***<<hanga duuti sitti dhuftutti Rabbii kee gabbari (ibaadi)>>*** kanaafuu

**sa**laanni  sagadamu hin dhumatu.

**Alamaayyahu;-** salaanni sagadamu Akka kitaaba Qulqulluun jedhuttis hin dhumatu. Kitaabni bara 1980 hiikkame "Yeroo hundumaa fuula isaa barbaaddadhaa, ***osoo addaan hin kunnes isaaf qofa sagadaa***" jedha.

**Wandwasan;-** ummata keessa dhaabbatee, isin ummani Ortodoksii ammas yoo kan sagaddan taate. Bu'aan Yesus Kiristoos isinii jedhee fannifamuu maali?

**Arab**;- gara waltajjii maalif hin dhufne?

**Wandwasan**;- hin barbaadu!

**Arab;-** dilii keessan sagaddanii ofirraa Qulqulleessuuf hammi sagadamus Qeesotaa(abbootii) amantii teessaniitis akka ta'e kun shakkii hin qabu.

**Alamaayyahu**;- dhugaa keeti, saganni sagadamu akkuma atin jette kan qiyaasamuun Qeesota ykn abbooti amantiitiin, Kan sagannus guyyaa jimaataa, yeroo fannifama isaati.

**Arab;-** ummanni kiristaana Prootestaantii kitaabuma keessanitti amananii saganni sagadamu dhumate jechaa jiru, isin ammootinuu hin dhumannne jettan, kan biraas yoo dhufe waan biraa jechuun isaa hin oolu. Yoo amataan Islaamaa fudhattan mormii Kana hunda irraa nagaya baatan.Yoo isin dinqisiisuu baate,Yesus kan barsiisaa ture Masgida(Masjida)keessatti.

## 5.Mukraabni kitaaba  Qulqulluu bara 1949 Amaariffaan hiikkame keessatti Masgida.

**Alamaayyahu**;- masgidattii?

**Antanah;-** akkamitti masgidatti barsiise?

**Arab;-**ka isin argitan kun kitaaba bara 1949 Amaariffaan hiikkame.

**Antahan;-** dhugaa, anin kitaaba kana, kanaan dura takkummaayyuu hin argine.

**Alamaayyahu;-** kitaabni kun abbaa kiyya harkas nijira, mana Amantaa keenya keessas, abbootii Amantaa(Qeesota) harkattis ni argama.

**Ummanni;-** dinqisiifataa! kitaaba kana wal marroo dhufaani, wal tajjii irratti laaluu eegalan.

**Arab;-** kitaaba kana kan naaf kenne obboleessa keenya Jaalatamaa da'ii beekkama **Saadiq Muhammad**, Saadiq daa'ii keenya beekkamaa kan akkaan ittiin boonnu,saadiqiin namni hin beeku jedhu, as keessas ni jira jedhee hin qiyaasu.

**Alamaayyahu;-** duuba bakki kitaabni keenya Yesus Masgidatti barsiise jedhu meetu kaa?

**Arab;-** Wangeela Yohaannis boqonnaa 6 lakkofsa 58 dubbisi.

**Alamaayyahu;-"…**Buddeena kana kan nyaatu bara bara jiraata"jedhe. Yesus ***Qifiranaahomitti yeroo barsiisu Masgida*** keessatti kana hundumaa dubbate."

**Arab;-** maal fuulli kee ni jijjiramee?

**Alamaayyahu;-** waan kanatu haaraya natti ta'ee, bar kitaabni bara 1954 hiikkame ***Mukraaba*** jedhaa.

**Arab;-**Maal harki keessan yoom jijjiiruu irraa gadi taa'a? ammumayyuu mee keeyyatuma tokkicha kitaaba bara 1954 fi 1980 hiikkaman haalaalluu. Isaayas Raajicha boqonna 7 lakkofsa 21 hoodhuu dubbisi.

**Alamaayyahu;-**kitaaba bara 1954 "Bara san namni tokko goromsa tokkoofi ***Hoolota lama*** guddisa.

Kitaaba bara 1980 hiikkame " barri sun yommuu gaye gabareen tokko goromsa tokkoofi ***Re'oota lama*** argatuu osoo danda'eyyuu carraa guddaadha.

**Antanah;-** maalif wal hin fakkaanne ree?

**Arab;-** sun gaaffii kiyya, hoolota re'ootaan ummata jijjiire, Masgida(Masjida) Mukraabaan jijjiiruun maal isaan dhiba? Sila Re'eefi Hoolaan takkittii dhaa.

**Antanah;-** lakki takkaa miti.

**Alamaayyahu;-** cal!

**Arab;-** Qur'aana suuraa jinn boqonna 72 lakkofsa 18

**وَأَنَّ الْمَسَاجِدَ لِلَّهِ فَلَا تَدْعُوا مَعَ اللَّهِ أَحَدًا**

***<<Masjinni hundi bakka ibaadaa Rabbiiti(kan Rabbiiti)…..>>***

Dhuguma akka isin jettan osoo Islaamummaan Nabi Muhammadiin(a.s.w) dhuftee, masgidni maal dalaguu kitaaba keessan keessa seene? nabiyoonni hundinuu Muslimoota turan.

**Jarri lachuu**;- cal!

**Arab;-** Wangeela Maatewoos boqonna 13 lakkofsa 54 dubbisi.

**Alamaayyahu;-**Yesus "Gara ganda kutaa irraa dhalatee dhaqee ***Masgida*** keessatti isaan barsiise".

**Arab;**- wangeela Marqoos boqonnaa 5 lakkofsa 35 dubbisi.

**Alamaayyahu;-** "utuu Yesus kana dubbachaa jiru namoonni mana Yaayiros gaggeessistuu ***Masgidaa*** sanii dhufan…..yesus yeroo gara gaggeessitu ***Masgidaa*** dhufe, Ummata booyu fi iyyu arge…

**Arab;-** wangeela Yohaannis boqonna 6 lakkofsa 2 dubbisi.

**Alamaayyahu;-"** dilbanni Yommuu gayu ***Masgidatti*** barsiisuu eegale.

**Arab;-** wangeela Maatewoos boqonna 10 lakkofsa 17 . Namoota irraa of eeggadhaa. Yaa'itti dabarsanii isin kennu, ***Masgida keessattis*** Isin

reebu….” Jedha. wangeela Yohaannis boqonna 12 lakkofsa 42 dubbisi

**Alamaayyahu;- “**Haa ta’u malee Yiduudota warra aboo qaban keessaa baay’een itti amananiiru, gara ***<u>Masgida seenuu</u>*** irraa akka hin dhoorgine jedhe”.

**Arab;-** ardha akka namni Masgida hin seenne godhuuf, ifaajee guddaa akka gootan ni beekna, garuu Yesus Masgidaa seenuu irraa nama hin dhoorginaa jechaa ture.Jecha Yesus dhagayuu dhiisaatii, Jechuma Masgida Jedhuyyuu kitaabota ammaa keessa dhabamsiiftaniirtu. Kana maraayyuu kan gootan, haqa diduudhaaf. Nuti nama Masgida seenu tokkollee hin dhoorginu, Suuraa

Al baqaraa boqonna 2 lakkofsa 114

وَمَنْ أَظْلَمُ مِمَّن مَّنَعَ مَسَـٰجِدَ ٱللَّهِ أَن يُذْكَرَ فِيهَا ٱسْمُهُۥ وَسَعَىٰ فِى خَرَابِهَآ ۚ أُو۟لَـٰٓئِكَ مَا كَانَ لَهُمْ أَن يَدْخُلُوهَآ إِلَّا خَآئِفِينَ ۚ لَهُمْ فِى ٱلدُّنْيَا خِزْىٌ وَلَهُمْ فِى ٱلْـَٔاخِرَةِ عَذَابٌ عَظِيمٌ ﴿١١٤﴾

***<<nama masjida Rabbii keessatti maqaa Rabbii dhawuu, yookaa dubbatuu nama, dhoowwe, <u>salaatafii, ibaadaa biralleen</u>, kan masjida Rabbii onsee diigu’uu deemurra eenyutu badaa? Namni isarra badaa***

***hin jiru,…..>>***

Duuba warroonni haqa didan eennu? ardha Jecha ***Masgida*** jedhu hundayyuu, ***Mukraaba*** Jechuudhaan **Mukraabatti** Jijjiiraniiru, Mukraani hoo maali?

## 6.Mukraabni Mihraaba

**Arab;-**hiikka Qur'aana kan Amaariffaa irratti abbaan keenya **Haaji Muhammad Sani Habiib(Rahimahullah)** kan Hiikan irratti ***Mukraab*** jechuun ***Mihraaba*** akka ta'e Dur-dursoo tafsiira Amaariffaa irratti ibsanii jiru. Mee gaaffiin isin gaaffadhaa Mukraabni kutaa mana amantaa keessanii keessaa isa kami?

**Alamaayyahu;-** Mukraabni mana Amantaa keenyaa keessa hin jiru, garuu akka abbotiin amantaa keenyaa nutti himanitti Mukraaba jechuun, mana Amantaa Yihuudotaati.

**Arab;-** yoo akkas ka jettu taate, kitaabni Qulqulluun keessan kan Kiristaanaa osoo hin tahin, Kan Yihuudotaati jechuudha. Yihuudonni Yesusitti hin amanan, isaan kan Amanan Izraa'a(Uzeyri), Mukraaba jechuunis ***Mihraaba*** iddoo Imaamni Muslimootaa dhaabbatee Sagadchiisu

(Salaachisu).

Mukraaba gara mana amantaa Yihuudotaatti kan jijjiirtaniifis haqa diddaafi. Ykn Islamummaan haqaa, haqa waan jibbitaniifi. Kitaabonni Qulqulluun amantaa keessanii kan ***Afaan Kiswaahiliitiin hiikkaman*****,** kan biyya Keeniyaa(Naayiroobii) keessatti ummani kiristaanaa itti fayyadamu**.** Mattayo (Matthews 13;54, 10;17), Yohaanaa (John 6;58) Maark(Mark 5;38) irratti ***SINAGOGI (MSIKITIINI***) (Mosque) ***Masgida*** jedhu**.**

Hanga ammatti jecha Masgida jedhu kitaaba keessaa balleessuu hin dandeenye, kitaaba keessan kan Amaariffaan bara 1949 hiikkame keessa osoo dogongoraan seene jennellee, kanniin biroo keessa akkamitti seenuu danda'e? Qur'aana Suuraa Al Baqaraa boqonna 2 lakk.79

فَوَيۡلٞ لِّلَّذِينَ يَكۡتُبُونَ ٱلۡكِتَٰبَ بِأَيۡدِيهِمۡ ثُمَّ يَقُولُونَ هَٰذَا مِنۡ عِندِ ٱللَّهِ لِيَشۡتَرُواْ بِهِۦ ثَمَنٗا قَلِيلٗاۖ فَوَيۡلٞ لَّهُم مِّمَّا كَتَبَتۡ أَيۡدِيهِمۡ وَوَيۡلٞ لَّهُم مِّمَّا يَكۡسِبُونَ ٧٩

**<<laga ibiddatu jira, warra yookaan isaan towraat harka ofiitiin katabanii, waan Rabbiin jedhe irraa dhiisanii, waan fedhan itti ida'an ….>>** Rabbiin

Tawuraati fi Injiil Nabiraa bu’ani harka ummataatiin ummanni jijjiire kan jedhus kanaafi.

**Alamaayyahu;-**suuraa Al An’aam boqonna 6 lakkofsa 34 Jecha Rabbii kan jijjiiru hin jiruu jedhaa akkamitti jijjiirame?

**Arab;-** Suuraa Maa’idaa boqonna 5 lakkofsa 44

إِنَّآ أَنزَلۡنَا ٱلتَّوۡرَىٰةَ فِيهَا هُدٗى وَنُورٞۚ يَحۡكُمُ بِهَا ٱلنَّبِيُّونَ ٱلَّذِينَ أَسۡلَمُواْ لِلَّذِينَ
هَادُواْ وَٱلرَّبَّٰنِيُّونَ وَٱلۡأَحۡبَارُ بِمَا ٱسۡتُحۡفِظُواْ مِن كِتَٰبِ ٱللَّهِ وَكَانُواْ عَلَيۡهِ
شُهَدَآءَۚ فَلَا تَخۡشَوُاْ ٱلنَّاسَ وَٱخۡشَوۡنِ وَلَا تَشۡتَرُواْ بِـَٔايَٰتِي ثَمَنٗا قَلِيلٗاۚ وَمَن لَّمۡ
يَحۡكُم بِمَآ أَنزَلَ ٱللَّهُ فَأُوْلَٰٓئِكَ هُمُ ٱلۡكَٰفِرُونَ ٤٤

**<<Nabi Muusaa irraatti kitaaba Towuraat jedhamu buufnee jirra, kan qajeelumti isa keessa jirtu, kan ifaan karaa haqaa keessa jiru, kan Anbiyoonni ilmaan Israa’iil warri Rabbiif if kenne waan isa keessa jiruun murtii godhuu, yookaan hunkii godhu. Warra qajeeleef, ammallee kan warri Rabbiif if kenne,waan isa keessa jiruun murtii godhuu, (Rabbaniyyuun) jechuun warra Rabbiif if kenne, kan addunyaa dhiisee gara Rabbii cite jechuu, kan ammallee warri fiqhii beekhu isaan murtii godhu, waan Rabbiin *<u>kitaaba isaan qabsiise tiysisiisee, baduu dhowween</u>*, murtii godhu… , >>**

Rabbiin eegumsa Tawuraatifi Injiil kan kaayee, Raabii(barsiistota) fi Hoggantoota amantaatirra ture, bu'aa addunyyaa ykn bu'aa yeroo gabaabduutii jedhanii jijjiirani jiru. Aayanni(keeyyanni) suuraa Al An'aam boqonna 6 lakkofsa 34 kan hin jijjiiramu jedhame Qur'aana Rabbiiti, Rabbiin suuraa Al Hijri boqonnaa 15 lakk. 9

إِنَّا نَحْنُ نَزَّلْنَا الذِّكْرَ وَإِنَّا لَهُ لَحَافِظُونَ

**<<(Rabbiin) Nuutu Qur'aan buuse, nama biraatii miti, Ammallee numatu akka nuti itti buufnerra jijjiiramuufi, itti ida'amuufi, irraa ir'ifamu'uurra isa tiysa>>,**

Rabbiin Qur'aana tiysuu ofirra kaaye, kanaafuu namuu hin jijjiiru.

Kiristaanonni tokko tokko Qur'aanni Jechi Rabbii hin jijjiramu waan jedhuuf, "kitaabni Qulqulluun keenya hin jijjiramne" jedhu. Prootestaatonni kitaaba 66tti amanu, Ortodoksiin kitaaba 81 tti amantu, kaatolikiin 73tti amanu. Yoo

Ayaanni (keeyyani) Qur'aana boqonna 6 lakkofsa 34 Kitaaba isaaniitiif (Macaafa) Qulqulluudhaaf,ka jedhan taate. Yoo kitaabni keessan kan Amantaa Kiristaana hin jijjiramin, kitaabonni gara garaa kun marri eessaa dhufan kaa? Ummata prootestaantiitiin,kamtu sirriidha yoo jennuun "keenya jedhu", ummanni Ortodoksiis kamtu sirriidha yommuu jennuun "keenya jedhu". Ummanni Kaatolikiis kamtu sirriidha yommuu jennuun "keenya jedhu"..…Hundinuu bu'aa mataa isaaniitiif jedhanii jijjiranii jiru. Kanaafu hin jijjiiramu kan jedhame Qur'aana qofa.

**Alamaayyahu;-** atin jettus anin sirraa hin fudhadhu.

**Antanah;-** Muslimoonni Areeda isaa gadi lakkisu ykn ni guddisuu kana hoo ajajamtanii jirtuu?

## 7.Areeda guddisuu(dheeressuu)

**Arab;-** areeda guddisuun sunnaa ykn karaa Anbiyoota Rabbiiti.

Suuraa Al xaahaa boqonna 20 lakkofsa 94

قَالَ يَبْنَؤُمَّ لَا تَأْخُذْ بِلِحْيَتِى وَلَا بِرَأْسِىٓ ۖ إِنِّى خَشِيتُ أَن تَقُولَ فَرَّقْتَ بَيْنَ بَنِىٓ إِسْرَٰٓءِيلَ وَلَمْ تَرْقُبْ قَوْلِى

***<<(Haaruun) wanni Muusaan jedhe, yaa ilma Haadha tiyyaa, <u>Areeda kiyya nan</u> qabin. Mataa kiyyallee nan qabin ….>>***

Aayata(keeyyata) kana irratti nabi Muussaan(a.s) areeda oboleessa isaa kan Nabi haaruun (a.s) qabee ture. Wanni Nabiyyoonni Rabbii ittiin beekkaman keessa tokko Areeda guddisuu dha. Nabiyyiin keenyas (a.s.w) sahiha Bukhaarii Mujallada (saamsa) 7 boqonna 64 lakkofsa 780 fi 781 irratti nu ajajanii jiru.Yeroo heddu isin ummanni kiristaanaa nama Areeda dheeressuun shorokeessaa dha jettu. Garuu kitaabnumman

keessanuu areeda guddisuu isin ajajee jira. Kitaaba keessan kan bara 1980 Hiikkame Hiikka Amaariffa salphaa seera Lewoota boqonna 19 lakk. 26 hoodhu dubbisi.

**Alamaayahu;-"**waan dhiiga qabu hin nyaatinaa, raagduus hin hordofinaa, rifeensa keessanis Naannawa isaa, hin murinaa, **<u>Areeda keessanis (haaduudhiisaa) gabaabsitaniitu hin murinaa</u>** jedha.

**Arab;-** Yoo Waaqni jedhe ganaa waa heddu arguuf teessan amma hoo wanni isin Islaamummaa irraa jibbitan maali?

**Alamaayyu;-** Qur'aanni takka ol fuudhuu ni ajaja, kanaafuu mirga dubartii Ni dhiiba.

# <u>8.Jaartii Takkaa ol Fuudhuu</u>

**Arab;-** Qur'aanni takkaa ol fuudhuu ni heyyama malee, akka atin jette hin ajajne. Suuraa Al-nisaa' boqonna 4 lakkofsa 3

وَإِنۡ خِفۡتُمۡ أَلَّا تُقۡسِطُواْ فِي ٱلۡيَتَٰمَىٰ فَٱنكِحُواْ مَا طَابَ لَكُم مِّنَ ٱلنِّسَآءِ مَثۡنَىٰ وَثُلَٰثَ وَرُبَٰعَۖ
فَإِنۡ خِفۡتُمۡ أَلَّا تَعۡدِلُواْ فَوَٰحِدَةً أَوۡ مَا مَلَكَتۡ أَيۡمَٰنُكُمۡۚ ذَٰلِكَ أَدۡنَىٰٓ أَلَّا تَعُولُواْ ٣

**<<yoo ka horii hiyyeessaa nu harkatti bada'aaf sodaattanii irraa**

**if eeydan taatan, akkasuma haqa beera keessanii balleessu'urraa if eegaa, Tanaaf beerarraa waan isiniif karaa godhame fuudhaa, sun, Lama. Sadii. Afur, tokkoon keessan Afur fuudhuu qaba,ammoo afurirra ida'u hin qabu , yoonif yoo beera tokkaa ol fuune, haqa isaanii keessatti wal hin qixxeessinuu sodaattan, *Beera takka qofa fuudhaa*, ammoo gabroota waan harka keessan keessa jiru qabadhaa……>>**

Keyyata kana irratti Rabbiin ni Heyyame malee hin ajajne ykn dirqama hin goone.

Takkaa ol fuudhuu nama bulfatuu danda'u qofatu fuudha malee, nama hundaa miti. Kitaabni keessan takkaa ol fuudhuu ilaalchisee maal jedha?

**Alamaayyah;-** kitaabni Qulqulluun keenya namni takkaa ol fuudhe hundinuu zinaa(Qunnamtii saalaa, kan seeraan alaa) dalage jedha.

**Arab;-** kitaaba seera mootota 1ffaa boqonna 11 lakkofsa 3 "Solomon niitii dhibba 700 fi saajjatoota(dhalaa boojii'amte) dhibba 300 fuudhee ture" jedha. Hoodhu dubbisi.

**Antanah;-** jaartii kuma tokko moo?

**Arab;-** Eeyyee! Beera 1000 duuba inni zinaa (Qunnamti saalaa kan seeraan alaa) dalage jechuu dandeettaa?

**Alamaayyahu;-** eeyyee zinaa (Qunnamtii saalaa kan seeraan alaa) dalage!

**Antanah;-** Nabiyyiin Waaqaa akkamitti zinaa (Qunnamti saalaa kan seeraan alaa) dalaga?, seera keennameeftu jiraa malee Nabiyyoonni waaqni jaalatee ergate, zinaa (Qunnamti saalaa kan seeraan alaa) hin dalgan. Dubbii Alamaayyahu jedheefis Waaqni haa dhiisuuf.

**Arab;-** duuba inni zinaa (Qunnamtii saalaa kan seeraan alaa) dalagu yoo tahe, Nabiyyummaan isaa eessa jirti? Maaloo dubbachuun dura itti yaadi.

**Alamaayyahu;-** cal!

**Arab;-** Abraham jaartii meeqa Fuudhe?

**Alamaayyahu;-** ta Abrahaam seeraan fuudhe Saaraa qofa, ilmi Aggaar irraa dhalate ilma seeraan alaa ykn Diqaalaa dha.

**Ibrahim;-** abboo! yoo kan hin beekne taatan,Hibeeknu jedhaa malee akkanaan lafaa kaatanii Nabiyyoota hin arrabsinaa, Yoo amantiin

keessan akanattii Nabiyyoota Waaqaa ka arrabsu tahe, akkamitti amantii waaqaa tahuu danda'a?

**Arab;-** dhiisi waan garaa qaban hundaa haa baasanii! Kitaaba seera Uumamaa boqonnaa 16 lakkofsa 3 dubbisi.

**Alamaayyahu;-**"Saaraan haati mana Abrahaam, dalagduu mana Ishee kan Aggaara Jedhamtu ishee biyya Gibxii, san fiddee Abrahaamiif kennite.(itti heerumsisfe)"

**Arab;-** Duuba haadha manaati(jaartii) jechuun maal jechuudha? Sila Abraahaam Saarumaaf Aggaar qofa fuudhee? Mee Kitaaba seera Uumamaa boqonnaa 25 lakkofsa 1 dubbisi.

**Alamaayahu;-"**Abrahaam Haadha manaa kan biraa fuudhe, maqaan isheetis ***Qeexuraa*** jedhamti".

**Arab;-** waa'ee takkaa ol fuudhuu ilaalchisee ragaa heddu fiduun ni danda'ama.

"Amantaan Kiristaana takkaa ol fuudhuu hin heyyamu jettanii" Erga amantaan keessan takka ol fuudhuu kan hin heeyyamne tahe, Nabiyoonni amma kitaaba keessan keessatti argine kun, kan takkaa ol fuudhan, Amaantaa tam hordofaa turan? Kiristaana turan yoo kan jettu taate, kiristaanummaan takkaa ol fuudhuu hin eeyyamu, kanafuu

kiristaana ta'uu hindanda'an, Muslimoota turan yoo kan jettu taate ammoo hordofuu qabda.

**Alamaayyahu;-**cal!

**Antanah;-**Islaamummaan hanga Afurii qofa eeyyama, isaawwan kunniin ammoo Afurii ol fuudhanii jiru, akkamitti Muslimoota ta'uu danda'an?

**Arab;-**Nabiyyiin Keenna(a.s.w) akka Hadiisaa fi Kitaabota Seenaa isaanii keessatti Kaayametti 9-11 fuudhanii jiru, Nabi Muhammadis(a.s.w) Muslimaa miti jechuu keetii kaa? Kan Nabiyootaa fi kan Nuuf heyyamame tokkoo miti. Nabiyoonni nu caalaa walqixxeessufii haqa dalaguu waan danda'aniif Rabbiin isaaniif eeyyame Jira. Isaanif Afurii ol Eeyyamamee, nuuf hoo maalif hin eeyyamamin yoo kan jettu taate, gaaffiin keessan akka qubni kiyya kan harkaa shanii, Ijji tiyya ammoo maalif lama taate jechuuti. Addunyaa tana keessatti lakkofsi Dubartiidhaa kan dhiiraa irra haalaan caala.lakkofsi dubartii Niyoork keessatti 7,000,000 Ruusiyaa 4,000,000, Ingliz keessatti 4,000,000 Indiyaa 7,000,000,biyyuma teenna Etoophiyaa keessatti,akka kitaaba giddu galeessa istaatiksii kan bara 1997 bahetti fuula 24 yoo laalle, baay'inni dubartiidhaa kan dhiiraa irra harka hedduudhaan caala, otuu seerri namni hundinuu takka qofa haa

fuudhuu jechuudhaa kan bahee hojirra oolu taatee, Obboleeyyan keenya kan dubartii kan hafan silaa eessa deeman yookaan akkam ta'u?

**Alamaayyahu;-** cal!

**Arab;-** filaannoo afur qofa qabu.

1.akka Rabbiin Keenya Muslimtootaaf eeyyametti nama duraan fuudheef niitii lammaffaa taatee jiraatuu.

2. akka ameerikaafi Awurooppaa keessatti eegalamee dhalaafi dhalaan wal fuudhuu.

3.nama hundaafuu feedhii Qunnamtii saalaatiif deemuudhaan namuu itti taphatuu.

4.qabeenya (economy) biyyatti qofa taatee lakkaawamuu.

Filannoo afran kana keessaa kamtu irra gaarii sitti fakkaata?

**Alamaayyahu;-** lakkofsi dhiiraa yoo baay'ate hoo?

**Arab;-** yoom baay'ate?

**Alamaayyahu;-**akka dhiirri takkaa ol fuudhutti dubartiin takka hoo dhiira heddu wal bira heerumuu hin dandeessuu?

**Arab;-** kana Rabbi(Waaqni) wallaaleetii miti,osoo haa heerumtu jenneeyyuu, yoo isiin dhiira heddu wal bira ka heerumtu taate. Ilmi isiin dhaltu kan eenyuu taha? Ka jaarsa duraati moo, ka jaarsa lammataati moo, sadaffaati….?

**Antanah;-** haalan rakkisaadha.

**Ibraahim;-**Takbiir!

**Muslimoonni;-** Allahu akbar!

## 9. Firaan Wal Fuudhuu!

**Antanah;-** Islaamummaan firaan (Ilma Abbeeraa) keetii fuudhuu ni dirqa.

**Arab;-** hin dirqu! **<dubartiin dardarri takka Nabii keenya (a.s.w) bira dhuftee, atin Yaa Nabiyyii Rabbii! Abbaan kiyya darajaa(sadarkaa) isaa guddisuuf jecha *ilma obboleessa isaa (ilma Abbeeraa) kiyyaatiif* na kenne jennaan,Nabi Muhammad(a.s.w) filannoo lama kennaniif, yoo feete fuudhi, yoo hin fedhin ammoo hin fuudhin jechuudhaan, Isiin Anin filannoo Abbaa kiyyaa fudhadhee, ittis heerumee jiraa, garuu *Haadhaafi Abbaan Ilmaan isaanii dirqisiisanii heerumsiisuuf akka mirga hin qabne* haa beekaniif jedhe jette. (Abuu Daawud malee, jarri Afran odeessan).>**

Islaamummaa keessatti Ilma abbeeraa keetii fuudhuun ni heyyamama malee, gocha haalaan jaalatamee miti. Kitaaba keessan osoo beektani,gaaffii akkanaa kana Islaamummaa irratti hin kaaftan ture.

**Alamaayyahu;-** nutin Ummanni kiristaanaa abbaa 7 irraa hanga abbaa 10 fi 20 lakkofnee wal fuuna malee akka Keessan Ilma Abbeeraa keenyaa hin fuunu.

**Arab;-** akka Amantaa keessan keessa hin jirre ni beeka, kitaaba Qulqulluu Amantaa keessanii keessa garuu ni jira.

**Alamaayyahu;-** ni rifate, kiristaanummaafi Amantaa kiristaanaa maalif adda baafta?

**Arab;-** maaltu si rifachiise? Erga ajajamtee godhuu qofatu sirra jira.

**Alamaayyahu;-**kitaabni Qulqulluun keenya osoo yeroo kumallee na ajajee, hin godhu.

**Arab;-** seera Lakkofsaa boqonnaa 36 lakkofsa 10-11 dubbisi.

**Alamaayyahu;-** anin hin dubbisu, atin saahiree (falfalaa) dha.

**Antanah;-** waan inni jedhu dhiisi natu dubbisaa, seera Lakkofsaa boqonnaa 36 lakkofsa 10-11 "dubri Zelofehaad akkuma ***waaqayyo Musee abboome(ajaje)*** godhan. Dubri Zelofehaad, Maahilaa, tiirzaa, Hoglaa, Miilkaa fi No'an ***Ilmaan obboloota abbaa Isaani (ilmaan abbeerota) isaaniititti heeruman***.

**Arab;-** Museen kitaaba amantaa keessanii keessatti akka ilma abbeeraa isaa fuudhu ajajamee jira jechuun, isin warri kiristaanaas ajajamtaniirtu

jechuudha.Musee fi isaawwan firaan wal fuudhaa turan amantaa kam hordofan? “Amantii Kenya firaan wal fuudhuu hin eeyyamuu jettanii” yeroo ilmaan Aadam wal fuudhaa,ummanni firaan wal fuudhee baay’atutti amantiin keessan akka hin jirre argisiisa. Sabaabanis,amantiin keessan firaan walfuudhuu waan hin eeyyamneefi. Amantaan Islaamaa Amantaa yeroo sanillee jirtu jechuudha. Amantiin keessan kan dhufe, erga namni firumaa gadi dhiise jechuu dhaa, San akkasitti beekaa. Kitaabni keessan Obboleessi kee kan hangafaa Jaartii fuudhe Ilma osoo hin argatin yoo du’e, akka atin niitii isaa fuutu (dhaaltu) dirqama sirratti godha.

## 10.Niitii Obboleessa keetii, Erga Inni Fuudhee du’e, isii Fuudhuu (dhaaluu)

**Antanah;-** niitii obboleessaa erga inni fuudhee du’e dhaaluun Islaamumma keessa qofa. Kiristaanummaa keessa hin jiru.

**Yohaannis;-** anin maqaan koo Yohaannis jedhama. Magaalaa Hawaasaa Irraan dhufe. Waan isin irratti wal mari’attan kana dhugaa ta’uu isii Laaluu barbaada,kana duras Islaamumma jaaladhee wanni anin

islaamummaa irraa jibbe kana qofa turee, yoo akka atin jettu kitaabni Qulqulluun Amantaa keenyaa kan kiristaana,waan kana ka ajaju taate, amma ummata kana dura dhaabbadhee shahaadaa qabadhee (islamummaa) seena.

**Alamaayyahu;-** jiraachutu malaa taa'i lakkii akkas hin jedhinii!

**Yohaannis;-** Jiraachutu malaa? Duuba yoo kitaabni keenya ajaje maalif hin fudhanne Ajaja Waaqayyootii miti?

**Alamaayyahu;-** ta'us diiggame(shaaramee) jira.

**Ibraahim;-** Reefuun tana yommuu wandoosaniin walitti dubbatan, jechi Waaqayyo hin diigamu(hin shaaramu) jechaa turte, amma ofumaa keetii diigame(shaarame) jettaa? Arab! Obboleesso Akka anin argutti Ummanni kun beeka jallataa jiranii, Wal marii kana dhaabi.

**Arab;-** warroonni otuu hin beekin haqarraa jallatanis as keessa jiraachutu mala, kan beekaa jallataniif qajeelchaan Rabbii tokkicha qofaa, Rabbi isaan haa Qajeelchu. Seera keessa deebii boqonaa 25 lakkofsa 5 hoo Yohaannis atin dubbisi.

**Yohaannis;-** "Obboloota waliin jiraatan keessaa inni tokko utuu ilma hin Godhatin yoo du'e, haati mana isa du'ee sun maatii san keessaa baatee ormatti hin heeruminii! Obboleessi abbaa mana ishee, haa fuudhuu,

Ishees haadha mana ishee haa godhatuu".

**Arab;-** kitaabni bara 1980 kan hiikkaa Amaariffa salphaa ammoo inumaayyuu ishee fuudhuu(dhaaluu) dirqama qabaa jedha.

**Antahan;-**Yesus hoo waa'ee kanaa waan dubbate qabaa?

**Arab;-** akka gaariitti, kitaaba kakuu haaraa keessattis seerris kun ni jira. Wangeela Maatewoos boqonna 22 lakofsa 23 dubbisi.

**Antanah;-**"Gaaffasuma saaduqoonni warri du'aa ka'uun hin jiru jedhan, gara Yesus dhufanii, Yaa Barsiisaa! Muuseen ''Namni tokko fuudhee ilma otuu hin godhatin yoo du'e, obboleessi isaa niitii san fudhee sanyi obboleessaa haa dhaabuu nuun" jedhee.

Kunoo obboleeyyan Torbatu nu gidduu jiraachaa turanii, inni angafaa niitii fuudhee otuu Ilmaa hin argatin du'e, obboleessi lammataa dhaale, inni lammafaatis otuu ilma hin argatin du'ee, Inni sadaffaa fuudhe akkasumatti **haga torbattuu niitii tana fuudhanii du'an**,**torbanuu isii fuudhanii waan du'aniif** gaafa du'aan ka'u kamiif Niitii taatii? Jedhaniin.

**Yohaannis;-**nama torbaan intala takka moo? Tunin falfaltuu (tafaa'ulan qabne)

**Arab;-** akkasumas wangeela Maarqoos boqonna 12 lakkofsa 17…wangeela

Luqaas boqonna 20 lakkofsa 28 irrattis ajajamtaniirtu.

1.Isin ummaanni kiristaanaa namni akka Islaamummaa jibbuuf,waan xiqqoo islaamummaa keessa jiru hunda, guddiftanii haasoftan, akka Muslimoota obboleessi hangafaa tokko niiti fuudhee yoo du'e, obboleessi lammaffaa niitii obboleessaa san yoo fuudhe(dhaale) moo, akka amma kitaaba keessan keessatti arginu kana, **nama torbaan, niitii takkittii fuudhutu irra nama ajaa'ibsiisa**?

2.Yesusis waan kana dhagayee hin dhoorgine. Osoo waan dhoorgamu taate, silaa isatu dhoorga ture, waan inni hin dhoorgin eennutu dhoorguu danda'a?

3.Gaaffii sanis yeroo gaaffatan, amma nubiratti jedhanii gaaffatan, san jechuun, yeroo kakuu haarayaa keessatti jechuudha.

Nabiyyiin keenya (a.s.w) waan haaraya hin finne, karaan nuti irra deemnus karuma anbiyootaati, Amantiin Islaamaas amantii kalee fi dheengadda dhuftee miti. Duuba wanni isin Islaamumma irra arrabsitan maali? Yommuu arrabsitan hoo maal keessaniin arrabsitan?Amma hoo maal jettan?

**Yohaannis;-** kunoo anin Islaamummaa seenuu kiyyaa Allah malee haqaan gabbaramaan hin jiru, Nabi Muhammadis ergamaa waaqaa ta'uu nan amana.

**Arab;-** Alaammaayyahu isin hoo?

**Alamaayahu;-** anin osoo du'ellee hin Islaamu.

**Arab;-** sun mirga keeti! mee wanni isin gaafadhu, Kiristaanonni amma jirtan kun . osoo

- takkaa ol fuutanii
- niitii Obboleessa keessanii erga innu feedhe du'e dhaaltanii
- intala Abbeeraa keessanii fuutanii

- Rabbuma(Waaqumaaf) qofa sagaddanii(Salaattanii)
- Waaqumaaf qofa soomtani.
- Waaqumaaf qofa jettanii Zakaa baaftani.
- Areeda gadi lakkiftani(guddiftani).
- Ud hiyyaa (Wareega) Waaqaf qofa jettanii qaltanii.

Hanganuma qofayyuu osoo dalgadanii,kan dhuftaan gara amantii kamiiti?

**Ibrahim;-** Takbiir!

**Muslimoonni;-**Allahu Akbar!

**Antanah;-** kunin waan ifa jiru tokko, duuba abbootiin Amantaa ykn warroonni nuun deeman maalif nu dhoksan?

**Alamaayyahu;-** wal tajjii gadi dhiisee deeme.

# <u>Waaqa Sobaan(kijibaan) Gabbaruu</u>

**Arab;-** hoggantoota teessanis kan qilee (hallayyaa) seensise phaawuloosi.

Gara Warra Roomaa boqonna 3 lakkofsa 7 kitaaba bara 1954 hiikkameen hoodhuu dubbisi.

**Antanah;-"<u>garuu Soba kootiin yoo Dhugaan Waaqayyoo caalatti muldhatee</u>**,ulfinas kennisiiseef, Ana (Phawuloosiin) maalif akka cubbamatti (nama dilii qabutti) natti Murteessan"….

**Arab;-** akkamitti kabajaa fi Ulfinni Waaqaa Sobaan(kijibaan) guddataa?

**Antanah;-** Sobni(kijiboonni) sun hoo kama fa'a?

**Arab;-** keeyyattoota kana hoodhuu kitaaba bara 1980 hiikka Amaariffaa salphaa jedhuun dubbisi.

**Antanah;-** hayye

| | |
|---|---|
| Wangeela maatewoos boqo.5 lakk.17 "Yesus "Seeraa fi Raajota duraa diiguudhaaf waanan dhufe hin sehinaa, **Raawwachuu dhufe malee diiguudhaaf hin dhufne**. | Ibrootaa boqonna 7 lakkofsa 18" karaa tokko seerri ini duraa sun **dadhabii isaa tiif waan hin fayyadneef diigameera**". |
| Wangeela matewoos boqonna 19 lakk.17 Yesus "waa'ee hojii gaarii maalif na gaafatta?gaariin isa(Waaqa) tokkichaa, jireenya bara bara argachuu yoo feete **abboomota(Ajaja) waaqaa eegi jedheen**. | Gara warra Galaatiyaa boqonna 3 lakkofsa 10 "..**abboomota(Ajaja) waaqaa eegne jiruu bara baraa jiraanna waarri jettan" isin warra abaarame irraayi** |
| Wangeela Maarqoos boqonna 12 lakkofsa 29 Yesus akkana jedhee deebiseef, abbomiin(ajajni) isiin **duraa Israa'el na dhagayi Waaqni keenya waaqa tokkicha" jedheen** | Gara warra Efesoonitti ergame boqonna 6 lakk.2 "abboomii(ajajni) inni duraa abdii wajjiin kenname **Abbaa keetifii haadha kee kaabaji kan jettu**. |

**Arab;-** duuba kan Phaawuloos moo kan Yesus, kamtu sirriidha?

**Antanah;-** anin kana hundayyuu ardha argee, kana addaan baasuun haalaan rakkisaadha.

**Arab;-** wangeela maatewos boqonna 10 lakk.1-4 maarqoos boqonna 3 lakkofsa 13-19, Luqaas boqonna 6 lakkofsa 12-16 Haawaariyoon Yesus namota 12 qofa turan, Phaawuloos isaan keessa hin jiru. Garamirraa dhufee akka inni anin hawaariyadha ofin jedhes hin Beeknu, Raajis hin qabu,ni qaba yoo kan jettu taate ragaa kee fidi.

**Antanah;-** Raajii hin qabu wanni atin jette sirriidha.

**Arab;-** ergana waa heddu argitan InshaAllah, rakkina kana mara keessa kan seentaniif Nabi Muhammad(a.s.w) waan diddaniifi.

# Nabi Muhammad(a.s.w) Qur'aanafi kitaaba Qulqulluu kiristaanaatiin

**Antanah;-** Nabi Muhammad kitaaba keenya keessatti hin dubbatamne,

**Arab;-**dubbatamanii jiru, akka Rabbiin keenya nuun jedhutti, inumaayyuu maqaa isaanii wajjiin kitaaba keessan keessatti dubbatamanii jiru

**Antanah;-** ammallee kitaaba keenya keessa ni jiran jechuu keeti?

**Arab;-** harki keessan yoom gadi taa'a? Isaayas Raajicha boqonna 7 lakkofsa 21 hiikka bara 1954 **Hoolaa** kan jedhu, hiikkaa bara 1980 irratii **Re'een** jijjiirtanii,akkasuma seera Umamaa boqonaa 11 lakkoofsa 12 seenaan Qaayinaa kitaabaa bara 1954 hiikkame keessatti barrayee ture, kitaabni bara 1980 hiikkame ammoo seenaa ***Qaayinaa gutumaan guututti kitaaba keessan keessaa dhabamsiisee (haqee) jira***.

Ummata keessan waan kana maraa jijjiruufi dhabamsiisuun kan isaan hin dhibin. Maqaa nabi Muhammad(a.s.w) jedhu kitaaba keessan keessaa dhabamsiisuun maal isaan dhiba?

**Antanah;-**cal!

**Arab;-**mata duree kana kitaaba bara 1980 hiikkame irratti wal haamari'annuu.

Wangeela Yohaannis boqonna 1 lakkofsa 19 irraa kaasii dubbisi.

**Antanah;-"**Yeroo Yihuudonni Yerusaalemii luboota fi Lewwoota Yohaannisitti ergasii atin eenyu? jedhanii isa gaafachiisan, Yohaannis anin Kiristoosii miti jedheeni ragaa bahe", warri ergaman deebisanii

atin eenyu Eliyaasii?" jedhanii isa gaafatan, inni immoo, Waawuu anin isaa miti jedheen, warri ergaman deebisanii ati ***Nabiyyii ni dhufa jedhan sanii*** jedhaniin "……

**Arab;-** asirratti Yohaanis gaaffii sadi Gaaffatame.

1. Masiih yesusi
2. Eliyaas ammo Yohaannisi
3. Nabiyyiin ni dhufa jedhamee kun hoo ennuu?

**Alamaayyahu;-**ummata keessa dhaabatee; obboleessoo Mucaa dogongorsiisaa jirta, Eliyaasii fi Yohaannis tokkoo miti.

**Arab;-** maaloo koottu gara waltajjii as bahi, anis ragaa malee akkanaan dubbachaa hin jiru.

**Alamaayyahu;-** deebi'ee gara wal tajjii bahe; kitaaba seera mootota lammaffaa boqonnaa 2 lakkofsa 11 Eliyaas jechuun kan gara samii deeme sani, Kanaafuu Yohaannis ammoo kan biraati.

**Arab;-** Yeroo lammaffaa akka inni dhufu kitaaba Miilkiyaas Raajicha boqonna 4 lakkofsa 5 hoodhu dubbisi.

**Alamaayyahu;-"**kunoo guyyaan kiyya inni guddaanifi inni sodaachisaan

sun utuu hin dhufin dura ani ***Eliyaasiin isinii erga***."

**Arab;-** kitaabni Miilkiyaas Raajichaa kitaabota kakuu moofaa keessaa isa dhumaati, kanatti aanee kan jiru wangeela Maatewoosi. Duubaa yeroon inni dhufu yoom sitti faakkaata?

**Alamaayyahu;-** anin kana sirraa hin fudhadhu, Ragaa biraa yoo qabaatte fidi.

**Arab;-** hayye wangeela Maatewwos boqonna 11;13 dubbisi

**Alamaayyahu;-** Yesuus "Raajonni Hundinuu, seerris hamma Yohaannis cuuphaatti raajii dubbataniiru, yoo kan fudhattan taatan **Yohaanis Eliyaasii,isa ni dhufa jedhame sani**, Namni gurra qabu haa dhagayu."

**Arab;-** yesus afaan isaatiin ***Eliyaas jechuun Yohaannis cuuphaa*** akka ta'e ragaa bahee jira. Ammas wangeela Maatewoos boqonnaa 17 lakkofsa 11-13 dubbisi.

**Alamaayyahu;-** Yesuus immoo deebisee "Eliyaas waan hundaa iddootti deebisuudhaaf dhufuun isaa beekkamaa dha, Anin garuu Eliyaas kanuma duraayyuu akkuma dhefe isinitti hima, Namoonni waanuma Jaallatan

isarratti dalagan malee isa hin beekne,Ilmi namaa(Yesusis) akkanuma harka isaaniitin dhiphaachuuf jira, isaaniin jedhe", Yommuu san Hawaariyootaf akka Yesus ***Waa'ee Yohaannis cuuphaa isanitti dubbate galeef.***"

**Arab;-** Eliyaas jechuun Yohaannisiin akka tahe Barattootaf (Hawaariyoota) isaatii erga gale, isiinii hoo wanni isinii hin galleef maali?

Masiih jechuun Yesuus, Eliyaas immoo Yohaannis, **Nabiyyiin biraa ka isaan booda ni dhufa** jedhame kun hoo eennu **?**

**Ibraahim;-** Takbir!

**Muslimoonni;-** Allahu akbar!

**Alamaayyahu;-** anin kana ardhuma arge.

**Arab;-** Suuraa Al- saff boqonnaa 61 lakkkofsa 6

وَإِذْ قَالَ عِيسَى ٱبْنُ مَرْيَمَ يَـٰبَنِىٓ إِسْرَٰٓءِيلَ إِنِّى رَسُولُ ٱللَّهِ إِلَيْكُم مُّصَدِّقًا لِّمَا بَيْنَ يَدَىَّ مِنَ
ٱلتَّوْرَىٰةِ وَمُبَشِّرًۢا بِرَسُولٍ يَأْتِى مِنۢ بَعْدِى ٱسْمُهُۥٓ أَحْمَدُ ۖ فَلَمَّا جَآءَهُم بِٱلْبَيِّنَـٰتِ قَالُوا۟ هَـٰذَا
سِحْرٌ مُّبِينٌ ۝٦

**<<Ammas waan nabi Iisaan ilma Mariyam ummata isaatiin jedhe dubbadhu, wanni inni jedheen, Yaa Ilmaan Ya'aquub an nama**

**Rabbirraa isinitti ergame, Anaa Tawraat na dura buufame dhugu'oomsu itti Amanu. Ana ergamaa Rabbii kan na booda dhufu kan maqaan isaa Ahmad jeddhamuun isin gammachiisuun isinitti dhufee, nan kijibsiisinaa na dhugu'oomsa jedheen…>**

Ahmad jechuun Faarsaa, Muhaamad jechuun ammoo faarfamaa jechuudha.

Lachuu maqaa Nabiyyii keenyaati(a.s.w) Nabiyyiin keenya maqoota hedduudhaan yaammamaa turan. Suuraa al-Xaaha boqonna 20 lakk.1 irratti ***Xaahaa*** jedhaman, akkasuma suuraa Yaassiin boqonnaa 36 lakk.1 ***Yaassiin*** jedhaman, akkasumas Hadiisa keessattis ***Musxafaa*** jedhaman. Namoonni tokko tokko Nabi Muhammad(a.s.w) diduudhaaf wantoota gara garaa dhiheessu. Garuu ragaan isaanii amansiisaa dhaa miti. Esaayas Raajicha boqonna 42 lakkofsa 1 dubbisi.

**Alamaayyahu;-"**kunoo gabrichi kiyya kan anin ol qabu,inni anin filadhe, inni anin jaaladhu isa kanaa! Hafuurri kiyya akka isarra jiraatu godhee jira, inni ummata dachii tanarraa hundaafuu Murtii qajeelaa ni kenna." Kunin kan Jedhameef Yesuusiif.

**Arab;-** lakki tahuu hin danda'u, Yesuus akka gabrichaa waaqaa ta'e yoo amantan, bar isinuu Islaamaa jirtanii, hafuurri kiyya isa irratti ta'aa

jechuun, Suuraa al-Najm boqonnaa 53 lakkofsa 4

وَمَا يَنطِقُ عَنِ ٱلۡهَوَىٰٓ ﴿٣﴾ إِنۡ هُوَ إِلَّا وَحۡيٞ يُوحَىٰ ﴿٤﴾

***<<Inni waan dubbatu hunda lubbuu isarraa kaasee hin dubbatu Maluma isaatiin kaasee waan jedhu hin jedhu,Waan ergamaan keenya dubbatu hundi waan Rabbiin isa barsiise malee waan inni if biraa kaasee jedhuu miti, Qur'aanni inni itti nama yaamu waan inni baasee miti, waan Rabbiin buuse >>*** jechuudha

Keyyanni inni ummata dachii tana irraa hundaafuu Murtii qajeelaa ni kenna Jedha. San jechuun inni kan ergame addunyaa maraafi jechuu dha.

Yesus wangeela Yohaannis boqonna 15 lakkofsa 24 kan "ergameef ummata Israa'eel" qofaafi. Duuba nabiyyiin addunyaa hundaaf deemu kun eenyu?

**Alamaayyahu;-** abbuma fedhellee ta'u, anin Yesus malee sirraa hin fudhadhu.

**Arab;-**qajeelumti harka kiyya hin jirtu malee silaa si fudhachiisa. Anin si qajeelchuu dhiisii Nabiyyiin keenna(a.s.w) abbeera isaanii qajeelchuu

hin dandeenye.

Suuraa Al-qasas boqonna 28 lakkofsa 56

إِنَّكَ لَا تَهْدِي مَنْ أَحْبَبْتَ وَلَٰكِنَّ ٱللَّهَ يَهْدِي مَن يَشَآءُ ۚ وَهُوَ أَعْلَمُ بِٱلْمُهْتَدِينَ ﴿٥٦﴾

<< ***atin nama jaalatteef hin qajeelchitu, kan qajeeluma nama keessatti Uumee nama qajeelchu Rabbuma….***>>

atin fudhachuu baattus inshaAllah kan fudhatan ni jiru.

**Antanah;-** yoo Raajii qabaatan anuu nan fudhadha. Wantota hanga ammaa sirraa dhagaye kana, kanaan dura takkaa dhagayee hin beeku.

**Arab;-** suuraa Al-Anbiyaa'a boqonna 21 lakkofsa 107

وَمَا أَرْسَلْنَاكَ إِلَّا رَحْمَةً لِّلْعَالَمِينَ

**<<Yaa ergamaa kiyya Muhammad! Nuti wanni si ergineef waan biraatii mitii, <u>akka Rahgmata addunyaa tanaa hundaaf taatufi, akka Rahgmata waan Rabbiin uume maraa taatufi</u>….>>**

kanaafuu Raajiin sun kan ta'u Nabi Muhammadiif(a.s.w) suuraa Al-Ahazaab boqonna 33 lakkofsa 46

وَدَاعِيًا إِلَى اللَّهِ بِإِذْنِهِ وَسِرَاجًا مُّنِيرًا

suuraa Al-Ahazaab boqonna 33 lakkofsa 46 **<<kan karaa Rabbitti iznii**

**isaatiin nama hunda yaamtu, Ifaa qajeeloo (addunyaa) si goonee, ati akka aduutti muldhatta, namni siin hin mormu, ati ifaa kan dukkana kufri'ii** keessaa bayaniin,nageenyi Rabbii hoggaa mara isanirratti haajiraatuu,….>>

suuraa al- Nuur boqonnaa 24 lakkofsa 40

أَوۡ كَظُلُمَٰتٖ فِي بَحۡرٖ لُّجِّيّٖ يَغۡشَىٰهُ مَوۡجٞ مِّن فَوۡقِهِۦ مَوۡجٞ مِّن فَوۡقِهِۦ سَحَابٞۚ ظُلُمَٰتُۢ بَعۡضُهَا
فَوۡقَ بَعۡضٍ إِذَآ أَخۡرَجَ يَدَهُۥ لَمۡ يَكَدۡ يَرَىٰهَاۗ وَمَن لَّمۡ يَجۡعَلِ ٱللَّهُ لَهُۥ نُورٗا فَمَا لَهُۥ مِن نُّورٍ

***<<dalagaan kaafiraa hamtuun akka dukkana jebduu bahara akkaan gad fago'oo keessatti namatti dhuftee fakkaatti, kan bahara san danbaliin hogoydu, kan danbalii san gubba'aan danbaliin biraa jirtu, kan danbalii lammeysa'aa gubbaa duumessi jiru, kan ifaan urjiidhaa, isa dayu, Dukkana hedduu wal gubbaa jirtu, Namni waa laalu,hoggaa dukkana san keessatti harka isaa gad baase laaluuf jecha, harka isaa argutti hin dhiyaatu….>*** waarroonni Rabbitti hin amanin dukkana keessa jiru.

suuraa Al-Baqaraah boqonna 2 lakkofsa 18 , akka Rabbiin jedhuttis,

***<<isaan Rabbitti hin amanin sun ammoo ballaa ija hin qabne>>.***

Akka Esaayas Raajicha boqonna 42 lakkofsa 7 agarsiisutti “ija warra **jaamaas akka bantu**, **Warroota gabrummaa** jala jiranis ni bilisoomsita jedha.Nabi Muhammad(a.s.w) warroota gabrummaa jala turan Bilaalis (r.a) dabalatee namoota hedduu gabrummaa jalaa baasan.

Esaayas Raajicha boqonna 42 lakkofsa 11 “magaalonni gammoojii keessaas Waaqa haa faarsan jedha, ummanni ***Qedaaris*** haa faarsan jedha.Qedaar seeraa Uumamaa boqonna 25 lakkofsa 12 irratti Ilama Ismaa’el akka ta’e ibsamee jira, sanyiin Ismaa’el Ammoo Araboota, akkasuma, kitaaba Anbaaqom Raajichaa boqonna 3 lakkofsa 3 dubbisi.

**Alamaayyahu;-** Waaqayyo ***biyya Teemaanii***, ***Tulluu Phaaraan*** irraa dhufa…

**Arab;-** kitaaba keessan keessatti Waaqayyo nama giddudhaan muldhate ykn nama ta’ee dhalate keeyyata jedhu yeroo Baa’ee Yesus jettanii hiiktanii mitii?

**Alamaayyahu;-** Eeyyeti kaa! Waaqayyo nama giddudhaan muldhate ykn nama ta’ee dhalate, kan jedhame Yesusiif.

**Arab;-** sun Yesusiif yoo hiikame,Waaqni (Rabbiin) ***Teemaanirraa*** dhufa

jedhamee hoo eennu? Teemaan kitaaba seera umama boqonna 25 lakkofsa 12 irratti, ilma Ismaa'eeli , ilmaan Ismaa'el jechuun ammoo Araboota, akkasumas ***<u>tulluun Phaaraan</u>*** kan jirtu Saudi Arabia keessa. Kanaafuu Rabbiin ni dhufa jedhame Nabiyyii malee Waaqaa miti. Nabiyyiin Saudi Arabia irraa ergamee hoo kami?

**Alamaayyahu;-** yeroo biraa gaaffadhee deebisaa siif barbaada malee anin islaamummaa hin seenu.

**Arab;-** jecha kana irra deddeebitee maali, nama si dirqee islaamumma Fudhadhu siin jedhetu jiraa? Osoo islaamtellee akka amma godhattu kanaan Muslimoonni na dirqan waan jettu fakkaatta, kanneen reefun tana Islaamanis nutin Islaamaa isaaniin hin jenne, kan Islaaman fedhuma isaaniitiin.

**Alamaayyahu ;-** yeroo dhumaatiif wal tajjii gadi lakkisee tare.

**Antanah;-** anin nan fudhadhaa wanni biraa kan hafee yoo jiraate.Akka heegar  gaaffii natti hin taaneef naa dabali.

**Arab;-**Suuraa;Al-A'araafboqonna:-7:lakkofsa:-**157**

ٱلَّذِينَ يَتَّبِعُونَ ٱلرَّسُولَ ٱلنَّبِيَّ ٱلْأُمِّيَّ ٱلَّذِى يَجِدُونَهُۥ مَكْتُوبًا عِندَهُمْ فِى

ٱلتَّوۡرَىٰةِ وَٱلۡإِنجِيلِ يَأۡمُرُهُم بِٱلۡمَعۡرُوفِ وَيَنۡهَىٰهُمۡ عَنِ ٱلۡمُنكَرِ وَيُحِلُّ

لَهُمُ ٱلطَّيِّبَٰتِ وَيُحَرِّمُ عَلَيۡهِمُ ٱلۡخَبَٰٓئِثَ وَيَضَعُ عَنۡهُمۡ إِصۡرَهُمۡ

وَٱلۡأَغۡلَٰلَ ٱلَّتِي كَانَتۡ عَلَيۡهِمۡۚ فَٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ بِهِۦ وَعَزَّرُوهُ وَنَصَرُوهُ

وَٱتَّبَعُواْ ٱلنُّورَ ٱلَّذِيٓ أُنزِلَ مَعَهُۥٓ أُوْلَٰٓئِكَ هُمُ ٱلۡمُفۡلِحُونَ ١٥٧

***<<isaawwan ergamaa (nabi Muhammad) kitaaba isaani keessatti(biratti) (Tawraati fi injiil) keessatti, katabame Nabiyyii kan hin barreessineefi kan hin dubbisne hordofan… >>***

Esaayas Raajicha boqonna 29;12 " dubbisi

**Antanah;-** "ka kitaaba Dubbisuu hin beeknetti immoo "dubbisi", jettanii yeroo itti keennitan, inni immoo, "**anin dubbisuu hin danda'u**" isiniin jedha.

**Arab;-** Kitaaba keessan guutuu keessatti nabiyyiin kitaabni itti kennamee anin dubbisuu hin danda'u jedhe tokkolleen hin jiru.

Garuu nabi Muhammad(a.s.w) suuraa Al-Alaqq booqonna 96 lakkofsa 1

Jibril(a.s) gara nabiyyii dhufee Kitaaba itti kennee dubbisi yeroo jedheen, **maa'ana biqaari'in** ***(anin dubbisuu hin danda'u) jedheen.*** Akkasumas kitaaba bara 1954 hiikkameen, seera keessa deebii boqonna 18 lakkofsa 17 dubbisi.

**Antanah;-** "Gaafan waaqayyo ana (Muuse)tti dubbate, wanni isaan dubbatan kun gaariidha, **anin nabiyyii(Raajii) tokko Obboloota isaanii keessa nan kaasa,dubbii kiyya Afaan isaa keessa kaaya**, waan anin isa Abboome(ajaje) hundumaa isaanitti hima, **inni maqaa kootiin dubbata**, Namni isa dhagayuu (amanuu) dide gatii isaa ni argata.

**Arab;- Obboloota isaanii keessa** jedha, akka seera uumamaa boqonna 15; 16 ;17 fi 18 irraatti ibsametti obboloonni Israa'el,Araboota.Duuba nabiyyiin(raajiin) obboloota Israa'el, Araboota keessaa dhufe kun eennu? Barreessaan kiristaana tokko kan Kabbada Mollaa jedhamu. Waan jedhe kitaaba isaa kan "kitaabni qulqulluun waa'ee Nabi Muhammad maal jedha 2008 A.L.A Alem printing press kan maxxanfame" irratti, Abbaan keenya Ahmad Deedat (Rabbiin Rahmata haa godhuufi) "dogongoranii, Muusee fi Yesus malee,Musee fi Nabi Muhammad walin

fakkaatan" jedhee kitaaba tokko barreesse, kitaaba Kabbada Mollaa barreesseef, deebii kan Seera keessa deebii 18 lakkofsa 20 irra jiru qofti gahaadha.

Keeyyatichi akkana jedha

"Raajiin (Nabiyyiin) tokko otuu anin isa hin ajajin maqaa kiyyaan dubbatu,du'aan adabama ykn ajjeeffama" jedha. Akkuma nutin hundinuu beeknutti, ummanni kiristaana yesus ajjeeffamee jira jedhanii amanu.

1. Yesus waaqa erga jedhame waaqni akkamitti Nabiyyiidhaan wal fakkaata?
2. Yesus yoo ajjeefame jedhan, Yesus Nabiyyii kijibaa(sobaa) ti jechuudha.

Sababaanis Nabiyyiin kijibaa ***ni ajjeeffama*** jedha.

Yoo ammoo Yesus Nabiyyii kijibaatii miti jedhan"Yesus hin ajjeeffamne jechuudha.

Kanaafuu waan namichi sun barreesseef kun qofti gahaa dha.

**Anatanah;-** maal abboo kunin waan haalaan nama aja'ibsiisuu!

**Arab;-** obsi!  Nabiyyummaan Israa'eelota irraa fudhatamtee akka Arabootaaf kennamtus himamee jira.Wangeela Maatewoos boqonna 21 lakk. 43 dubbisi.

**Antanah;-"**Mootummaan Waaqaa(Nabiyyummaan) isin (ummata Israa'el) irraa ni fudhatamti, ummata ija (firii) isaaf godhuu kennamti. Jedha.

**Arab;-** kanaafuu Israa'elota irraa fudhatamtee, Arabootaaf kennamte jechuudha.

**Ibrahim;-** Tabkir!

**Muslimoonni;-** Allahu Akbar!

**Arab;-** kiristaanonni tokko tokko keeyyanni kun "Nabiyyummaa (Raajummaa)hin Ibsituu" jedhan,duuba yoo Nabiyyummaa(Raajumma) hin tahin,wanni Israa'elota Irraa fuudhatamee  Arabootaaf kenname maal?

**Antanah;-** cal!

**Arab;-** Suuraa Al-Imraan boqonna 3 lakkofsa 19

إِنَّ ٱلدِّينَ عِندَ ٱللَّهِ ٱلۡإِسۡلَٰمُۗ وَمَا ٱخۡتَلَفَ ٱلَّذِينَ أُوتُواْ ٱلۡكِتَٰبَ إِلَّا مِنۢ بَعۡدِ

مَا جَآءَهُمُ ٱلۡعِلۡمُ بَغۡيَۢا بَيۡنَهُمۡۗ وَمَن يَكۡفُرۡ بِـَٔايَٰتِ ٱللَّهِ فَإِنَّ ٱللَّهَ سَرِيعُ ٱلۡحِسَابِ ١٩

**<<Diinaan(amantiin) haqaa Rabbi biratti amantii Islaamaa qofa, warri kitaabni kennameef Yahuudaafi Nasaaraan, beekaniiti karaa Islaamaa irra maqan malee wallaalaniiti miti, eeguma Rabbiin kitaaba anbiyaa, isanirratti buuse keessatti karaa diinaa haqaa isaan barsiisanii wal dhabanii irraa maqan,wanni wal dhabaniif wal hassaduu'uf(wal waanyuuf) jecha…>>.**

Israa'eelonni Haasidummaa isaan jidduu jiruuf malee waan biraatiif Muhammaditti(a.s.w) amanuu hin dinne, Rabbiin Qur'aan keessatti bakka heddutti ummata israa'el ummata hundarra isaan caalchifne yommuu jedhu,hortee amma jirtu tanaa miti,asirratti akka namuu hin dogongorre, warroonni filataman sun ummata Nabiyoota fi kitaaba kanaan dura Nabiyoota irratti bu'anitti warra amanan Sani malee, Akka Hortee badduu Nabiyoota heddu ajjeeftee Yohaannis (Yahyas) (a.s) itti dabaltee,Yesuusis ajjeessuuf taattaafii goote sanii miti.

Nuti haqa jala deemna malee Nabiyoota Rabbi(a.s) gosaan wal caalchifnee hin laallu,Nabiyyiin gosa kamillee keessa yoo dhufe, jechuma Waaqaa haa

barsiisuu malee nutin Nabiyoota Addaan hin qoonnu.

Suuraa Al Baqaraah boqonna 2 lakkofsa 285 . irratti akka nutin Nabiyyiin addaan hin qoqqodamne Rabbiin nu ajajee jira.

**Antanah;-** duuba wanni ummanni Kenya hanga Amaa nu dhoksaniif maali?

**Arab;-**suuraa Al Baqaraah boqonna 2 lakkofsa 146

ٱلَّذِينَ ءَاتَيۡنَٰهُمُ ٱلۡكِتَٰبَ يَعۡرِفُونَهُۥ كَمَا يَعۡرِفُونَ أَبۡنَآءَهُمۡۖ وَإِنَّ فَرِيقٗا مِّنۡهُمۡ لَيَكۡتُمُونَ
ٱلۡحَقَّ وَهُمۡ يَعۡلَمُونَ ١٤٦

**<<Warri kitaaba kennineef ,yahuudafi nasaaraan, akka nabi Muhammad, ergamaa Rabbii tahe, akka karaan isaa karaa haqaa taye, ni beekan, akkuma ilmaan isaanii beekanitti Nabi Muhammadinis beekan…..>>**

**Antanah;-**kunin waan haalaan nama dinqisiisu.

**Arab;-** suuraa Al-Sajdaah boqonna 41 lakkofsa 53

سَنُرِيهِمۡ ءَايَٰتِنَا فِي ٱلۡأٓفَاقِ وَفِيٓ أَنفُسِهِمۡ حَتَّىٰ يَتَبَيَّنَ لَهُمۡ أَنَّهُ ٱلۡحَقُّۗ أَوَلَمۡ يَكۡفِ
بِرَبِّكَ أَنَّهُۥ عَلَىٰ كُلِّ شَيۡءٖ شَهِيدٌ ٥٣

***<<Alaamaa yookaa ragaa tokkumaa keenyaatiif dandeetti teenya, kuffaara agarsiifna, Naannoo samiitiifi, naannoo dachii'itti ragaan samii keessa  jiru,Ammallee lubbuu isaanii kessatti ragaa dandeetti, teenyaa isaanitti mul'ifna,hanga Qur'aanni kun haqaan Rabbirraa buufameen isanitti beekkamutti, si orma kuffaaraa saniif akka ati dhugaa dubbattu, Rabbiin kee ragaa, tayuun hin gayuu?, Rabbiin kan waa takkalleen irraa hin dhokanne, Rabbiin kan waa hunda argu atin dhugaa dubbattu quba qabaa. Duuba ragaa Rabbiitiin if  gayanii ati ergamaa isaa taate beekhanii hin amanii?>>***

Waldaan keessan kan Mahbara Quddusaan jedhamu Islaamumma irratti kitaabota Barreessuuf, ganaa amma damaqaa jira, Ummanni lafa dhihaa (Awurooppaa) kanaan duraa kitaabota kuma jahaatama (60,000) ol Islaamummaa irratti barreessaniiru, hundinuu barreessuu malee waan Islaamummaa irratti bareesse Ragaa isaa sanitti amane kan Muslimootaan mari'atu hin jiru.  Namni waa baarreesse sun guutumaan guututti waan barreessetti amanee yoo Islaamaan mari'atu sodaate, wanni inni barreesse sun kijiba(soba) ta'uu agarsiisa.

Suuraa Al Saff boqonna 61 lakkofsa 8

يُرِيدُونَ لِيُطْفِئُوا نُورَ اللَّهِ بِأَفْوَاهِهِمْ وَاللَّهُ مُتِمُّ نُورِهِ وَلَوْ كَرِهَ الْكَافِرُونَ

**<<Ormi kuffaaraa sun nuura(ifaa) Rabbii nabi Muhammad yookaan Qur'aana Diinaa Islaama, Afaan isaaniitiin dhaamsuu fedhan, "inni falfala, walaloo,Raage," jechu'uun, Rabbiin kan diin isaa diin Islaam, muldhisu kan biyya hunda waliin gayu, odoo diin Islaamaa faca'uu kuffaarrii jibbellee>>**

Suuraa al-ahzaab boqonnaa 33 lakkofsa 40

مَّا كَانَ مُحَمَّدٌ أَبَآ أَحَدٍ مِّن رِّجَالِكُمۡ وَلَٰكِن رَّسُولَ ٱللَّهِ وَخَاتَمَ ٱلنَّبِيِّـۧنَۗ وَكَانَ ٱللَّهُ بِكُلِّ شَيۡءٍ عَلِيمًا ﴿٤٠﴾

**<<Nabi Muhammad dhiira teessan keessaa, abbaa nama tokkollee miti, Ilmaan isaa ta dhiiraa sadeen(Qaasimii, Abdullahi, Ibraahim ijoollummaan du'an) Nabi Muhammad Egramaa Rabbiiti kan Ergaan Rabbii tan *<u>Aadamirraa kaatee isarratti dhumte</u>*,……>>**

**Antanah**;- bas nagayee jira Allah malee haqaan gabbaramaan hin jiru Nabi Muhammadis ergaamaa isaa ta'uu nan amana.

**Arab;-** Alhamdulillah; namni biraa kan wal marii dhaaf fedhii qaba jedhuu yoo jiraate Gara wal tajjii haa bahuu…

***DAQIIQAA SHANIIF NAMUU GARA WALTAJJII HIN BAANE***

***WAL MARIIN GUYYAA TOKKOO KANUMAAN DHUMATE. WABILLAHI TAWUFIQ… WAL MARII GUYYAA LAMMATAA KITAABA KIYYA KAN KUTAA LAMMAFFAA IRRATTI EEGGADHAA!***

**MY NEW ENGLISH BOOK.**

**1.WHO DENYED JESUS?**